# QAACCESSA RAAWWII DURDURII OROMOO GODIINA SHAWAA KIBBA LIXAA: AANAA DAAWOO

ALMAAZ XIBABUU

WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OG-BARRUU BARSIISUU GAMISAAN
GUUTTACHUUF QOPHAA’E

YUUNIVARSITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKLOORII

SADAASA 2014/2021

FINFINNEE

YUUNIVARSITII FINFINNEE KOOLLEEJJII NAMOOMAA,
JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN
OROMOO HOG-BARRUUFI FOOKLOORII

# QAACCESSA RAAWWII DURDURII OROMOO GODIINA SHAWAA KIBBA LIXAA AANAA DAAWOO

QORATTUUN: ALMAAZ XIBABUU

GORSAAN: TAADDASAA JAALLATAA(PHD)

SADAASA 2014/2021

FINIFINNEE

## Yuunivarsitii Addi Ababaa

## Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulagaa digrii (MA) Afaan Oromoofi og-barruun guuttachuuf Almaaz Xibabuu,mata-duree Qaaccessa Sirna Raawwii Durdurii Oromoo Godina Kibba Lixa Shawaa Aanaa Daawoo irratti xiyyeeffate qophaa'e sadarkaa ulagaa yuunivarisiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa____________________Mallattoo__________Guyyaa________________

Qoraakeessaa___________________Mallattoo___________Guyyaa______________

Gorsaa________________________ Mallattoo____________Guyyaa_____________

Ittigaafatamaa Muummee yookiin Qindeessaa sagantaa digrii Lammaffaa(MA)

______________________________________________________________________

# Axeeraraa

*Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Qaaccessa Raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo irratti xiyyeeffate. Qorannoo kana mataduree kanarratti gaggeessuuf kan nakakaase keessaa inni ijoon Raawwii Durdurii Ormooo irratti hojiin hojjatame waan na hinqunnameefi aanaa kana hojiin hamman turetti, dhaloonni ammaa kun karaa ammayawaatti duufuun, beekumsa Durdurii Oromoo irratti qaban quubsaa ta'ee waan natti hinmul'anneefi darbe darbeellee kan dhimma itti bahaa jiran maanguddota waan ta'aniifidha. Kaayyoo kana galmaan gahuudhaaf, akkasumas, gaaffilee bu'uuraa deebisuuf mala qorannoo akkamtaatti fayyadame. Mala iddatteessuu kaayyeeffataafi eerummaatiin maanguddoota 9fi barattoota12rraa Odeeffannoon: daawwannaa,af-gaaffifi marii garee xiyyeeffannootiin teeppidhaan, suursagaleen waraabamee, walitti qabamuun, gara barreeffamaatti jijjiirameera. Baay'inni Durduriiwwan funaanamanii 55 yoo ta'an, boqonna 4 jalatti durduriiwwan 24 yemmuu qaacceffaman, kanneen hafan immoo dabalee jala kaawamaniiru. Qorannoon kun yaaxina haalawaafi yaaxina tajaajilaa hordofe. Akka qorannoon kun biraga'etti:raawwiin Durdurii Oromoo, sirna jaarsummaa keessatti: ,jalqabarra araarri eebban baname, yeroo araarri taasifamu: maanguddoonni durdurii dhimma araarichaatiin walqabatu fayyadamanii, jalqabaa hanga xumuraatti durduriiwwan himaman hordofamuun akkataa yaadonni dhimmoota dubbii araaraaf ta'aniitiin itti fayyadamuun kan jiru ta'uu,Dhimma araaratiin walqabannaa qabaachuun kan hubatame ta'uu,xumurri sirna raawwii jaarsummaatis hangafni harka(barruu) quxusuutti tuttufuun araramanii, mijuun araaraa eebbifamee, warra waldhaban mijuu waliin unachiisuun araarri eebbaan xumurame. Raawwiin durduriin Oromoo sirna jaarsummaa kanaan haalli durduriin itti dubbatamu kan nama hawwatuufi yaadonni dubbataman, ergaa sirna araaraa cimsuun kan araarasan ta'uun bira ga'eera.Maanguddoonni maatiitti durdurii yemmuu himan: seerri raawwii durdurii Oromoo galgala galgala waarii ta'uufi sababa hojiirraan kan ka'e guyyaa himamuun akka hindanda'amne, dhaggeefataan gaaffii hingalleef gaaffachuu mirga kan qabu ta'uu, durdurii himaan deebii itti yaadee deebisu akka danda'u bira ga'eera. Akkataan himiinsa jalqabbii durdurii Oromoo maanguddootafi barattoota biratti walfakkeenyifi garaagarummaan akka jiruufi dhaloonni ammaa akkataa himiinsa durdurii irratti bifa ammayummaatti duufaa kan jiran ta'uu bira ga'eera. Fakkaattiiwwan yookaan taattonni durduricha keessatti seenaa durdurichaa tarkaanfachiisan; namoota, bineensota, beeyladoota, uumamaa adda addaa, allaattiiwwan akka ta'an bira ga'eera. Durduriiwwan Oromoo akkataa dinagdee hawaasaa itti hubachisan, akkataa aadaafi safuu hawaasaa itti calaqqisiisan,akkataa hawaasummaa yookiin tokkummaa hawaasaa itti ibsaniifi akkataa siyaasa biyyaa itti qeeqan biraga'eera.Yaboon eerame; Raawwii Durdurii Oromootiin ala kan jiruuf immoo qorattoonni biroon osoo irratti qoratanii, dhaloota haaraaf waan turuu qabu osoo tursiisanii, waajjirri Aadaafi Turizimii Aanaa Daawoo akka irratti hojjachuu qabu, bifa waraabbiifi barreeffamaatiin olkaa'uun gaarii ta'uu dhaamsa qorannoo kanaa ta'uun goolabameera.*

## Galata

Hundaa olitti qorannoo kana bifa kanaan hojjadhee akkan xumuruuf hanga dhumaatti kan nagargaare Waaqa Uumaa koo guddiseen galateeffadha!

Itti aansuudhaan haala gaariin natti dhiyaachuun beekumsa qaban osoo hinqusatiin kan nagorsaniifi sirreeffama hojii kootiif gargaasa guddaa taasisaa kan turan Dr.Taaddasaa Jaallataatiif galanni koo daangaa hinqabu.

Karaa biraatiin hojii koo irratti najajjabeessaa kan ture abbaa manaa koo Gizaawu Kabbadaatiif, funaansa ragaa irratti immoo suura kaasuun, sagalee waraabuun na gargaaraa kan turan Obboo Biranu Fiqireef, funaansa odeeffannootiif gandoota baadiyyaa iddoowwan adda addaa jiran keessatti haala naaf mijeessuunfi odeeffannoo kennitoota naaf beellamuun deeggarsa gochaa kan turan barsiisaa Tasfaayee Nagaraatiifi hojjattoota WAT Aaanaa Daawoo galateeffachuun barbaada.

Akkasumas, maanguddoota, barattoota, haawweeniifi jiraattota Aanaa Daawoo warra nuffii tokko malee beekumsaafi yeroo isaanii otuu hinqusatin odeeffannoo naaf kennan hundaafi yaada deeggarsaa naaf kennaa turan barsiisaa Bulchaa Admaasuutiif kabajin koo guddaadha. .

## Hiika Jechootaa Haarawaa(Jibsoo)

Jechoonni armaan gaditti dhiyaatan hiikni isaanii kan barbaachiseef, tarii dubbisistoonni muuxannoofi hubannoo adda addaa qaban yemmuu dubbisan gufuu akka itti hintaaneefi gama biraatiin qorannoo kana keessatti jechoota murteessoofi kanneen afaan naannoo itti gaggeeffame keessatti bal'inaan fayyadaman waan ta'eef namoonni looga naannoo kana hinbeekne akka hindanqqamneef, akkasumas,hiikni jechoota kanneenii hiika gara biraatti akka hinfudhatamneef yaadameeti.

Awwadaay -durdurii keessatti maqaa seexanaaf moggaafame

Baddalame -boqote, du'e

duufaa - kan isaa hintaanetti fayyadamaa,kan ammayyatti garagalaa

faarsa - haasaa, jajuu

galaa - nyaata, soorata

mooraa - dallaa loon itti galan

muroo - meeshaa dhadhaa uitti naqatanii cidhaaf warra intalaatii warra gurbaa itti dhaqu

nan abbala - nan hawwa, nafedha

qaqqamuu - abiddaa ho'ifachuu

qononosh - durdurii keessatti maqaa waraabessaaf moggaafame.

Sanyoo - abbaa manaa dubartiin jaalala dhoksaadhaan alatti qabatte

taatota - fakkaattii yookiin namfakkii durdurii keessatti argaman

tumaalessa - korpheessa re'ee

# Baafata

Qabiyyee Fuula

Axeeraraa ........ i
Galata ........ ii
Hiika Jechootaa Haarawaa(Jibsoo) ........ iii
Baafata ........ iv
Baafata Suuraa ........ viii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........ 1
1.1. Seenduubee Qorannichaa ........ 1
1.2. Ka’uumsa Qorannichaa ........ 3
1.2.1. Gaaffilee Qorannichaa. ........ 4
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ........ 4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ........ 4
1.3.2. Kaayyoo Gooree ........ 4
1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ........ 5
1.5. Daangaa Qorannichaa ........ 5
1.6. Hanqina Qorannichaa ........ 6
1.7. Qindoomina qorannichaa ........ 6
1.8. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa ........ 7
1.8.1. Moggaasa maqaa Aanaa Daawoo ........ 8
1.8.2. Tajaajila Lafa Aanichaa Ilaalchisee ........ 9
1.8.3. Manneen Baruumsaa Aanichi Qabu ........ 9
1.8.4. Aadaa Hawaasa Aanaa Daawoo ilaalchisee ........ 10
1.8.5. Duudhaaleefi Sirnoota ........ 10
1.8.6. Afoola Aanaa Daawoo ilaalchisee ........ 11
1.8.7. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo ........ 11
1.8.8. Qabeenyaa Uumamaa Aanaa Daawoo ........ 12
BOQONNAA LAMA: SAKATTA’A BARRUU ........ 14
2.1. Fookloorii ........ 14

2.1.1. Durdurii ........ 16
2.1.1.1. Firiiwwan Yookiin Caacculee Durduriiwwan keessatti argaman ........ 16
2.1.1.2. Gosoota Durdurii ........ 18
2.1.1.3. Amaloota Durdurii ........ 20
2.1.1.4. Faayidaa Durdurii ........ 21
2.1.2. Akkataa Raawwii  Durdurii Oromoo ........ 22
2.2. Yaaxxina Qorannoo Fookloorii ........ 22
2.2.1. Yaaxxina Haalawaa ........ 22
2.2.2. Yaaxxina Tajaajilaa (Functional Theory) ........ 23
2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 26
BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO ........ 28
3.1. Saxaxa Qorannicha ........ 28
3.2. Mala Iddattoo ........ 28
3.2.1. Iddattoo Kaayyeeffata ........ 29
3.2.2. Iddattoo Eerummaa ........ 29
3.3. Madda Odeeffannoo ........ 29
3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa ........ 31
3.4.1. Daawwannaa ........ 31
3.4.2. Af-gaaffii ........ 32
3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo ........ 32
3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee ........ 33
3.6. Naamusa Qorannoo ........ 33
3.7. Barreefamatti jijjiiruu(Transcption) ........ 33
BOQONNAA AFUR:  RAGAA DHIHEESSUUFI QAACCEESSUU ........ 34
4.1. Raawwiin Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo akkataafi sirna keessatti himamu  ibsuu ........ 34
4.1.1. Akkataa Raawwii  Durdurii  Oromoo Sirna Raawwii Jaarsummaa keessatti Maanguddootaan Yemmuu Himamu ........ 34
4.1.1.1. Sirna Raawwii Jaarsummaa Araaraan dura jalqaba Sirna Eebbaan yemmuu jalqabamu ........ 35

4.1.1.2. Akkataa Raawwii Durdurii  Oromoo Sirna Raawwii Jaarsummaa keessatti yeroo Araarri  taasifamaa jiru........................................................................................36

4.1.1.3. Sirna Raawwii Jaarsummaa xumuranii Mijuu Araaraa irratti ...............................41

4.1.2. Akkataa Raawwii Durdurii Oromoo Mana Maanguddootatti Galgala Durdurii Yemmuu himan Daawwannaa  taasifame. ................................................................ 41

4.1.2.1. Mana Aaddee Sobbooqee Galaalchatti Daawwannaa galgala Yemmuu Durdurii Maatiitti himan  akkataa raawwii durdurii  Oromoo hubatame. ..............................41

4.1.2.2. Mana Maanguddoo Aaddee Xiggee Abarraatti  Daawwannaa  Galgala Yemmuu Durdurii maatiitti himan  akkataa Raawwii Durdurii  Oromoo itti hubatame. ........43

4.2. Akkataa Seera Rawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti akkamiin akka raawwatame ibsuu ............................................................................................................ 45

4.2.1. Akkataa Seerri Raawwii  Durduriin ittiin Himamu .................................................. 46

4.3. Akkataa Himiinsa Jalqabbiifi Xumura Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo ........................ 47

4.3.1. Maanguddoota biratti ................................................................................................. 47

4.3.2. Barattoota biratti ........................................................................................................ 48

4.4. Fakkaattiiwwan yookaan Taatota Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti  mul'atan ................................................................................................................ 49

4.4.1. Durduriiwwan Fakkaattii Namootaa .......................................................................... 49

4.4.2. Durduriiwwan Fakkaattii  Bineensotaa ...................................................................... 51

4.4.3. Durduriiwwan Fakkaattii Namootaafi Bineensotaa .................................................. 52

4.4.4. Durduriiwwan Fakkaattii Beeyladotaa ...................................................................... 53

4.4.5. Durduriiwwan Fakkaattii Beeyladotafi Bineensotaa ................................................. 54

4.4.6. Durduriiwwan Fakkaattii Allaattiwwanifi Bineensotaa ............................................. 56

4.4.7. Durduriiwwan Fakkaattii  Uumamaafi  Nama ........................................................... 58

4.4.8. Durduriiwwan Fakkaattii Uumamaa, Bineensotaafi Nama ....................................... 59

4.4.9. Durduriiwwan Fakkaattii Uumamaa adda addaafi Bineensotaa ................................ 60

4.4.10. Durduriiwwan Fakkaattii Allattii, Namoota, Beeyladootaafi Bineensotaa .............. 61

4.5. Aanaa Daawoo keessatti Durduriiwwan Oromoo akkataa hawaasichi ittii fayyadamu ibsu ................................................................................................................................ 63

4.5.1. Durduriiwwan Akkataa  Dinagdee Hawaasaa hubachisuutiin Walqabatanii Himaman ................................................................................................................. 63

4.5.2. Durduriiwwan Akkataa Aadaafi Safuu Hawaasaa calaqqisiisuutiin Walqabatani Himaman ... 68
4.5.3. Durduriiwwan akkataa Hawwaasummaa hubachiisuutiin Walqabatan Himaman .. 72
4.5.4. Durduriiwwan akkataa Siyaasaa biyyaa qeequutiin Walqabatanii Himaman ...... 76
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 80
5.1. Cuunfaa ... 80
5.2. Argannoo ... 82
5.3. Yaboo ... 84
Wabilee ... 85
Dabalee A: Qabxiilee Daawwannaa ... 87
Dabalee B: Af-gaaffii ... 88
Dabalee C: Marii Garee Xiyyeeffannoo ... 89
Dabalee D Gabatee odeef kennitootaa Maanguddootaafi Barattootaa ... 91
Dabalee E Suuraa odeef kennitoota yerooDaawwannaa, af-gaaffiifi marii garee Xiyyeeffannoo muraasaan ... 93
Dabalee F Durduriiwwan ... 95

## Baafata Suuraa

Suuraa 1 Kaartaa Aanaa Daawoofi daangessitota ishii ibsu. Maddi:Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Daawooti. ........ 8

Suuraa 2 Yeroo saaqumsa araarraa eebba maanguddootaan taasifamu. ........ 36

Suuraa 3 Yemmuu Araarri Taasifamaa Jiru........ 40

Suuraa 4 Yemmuu Araara Xumuranii Eebbisuun Waldhungachiisan........ 40

Suura 5 Namoota araarsa jaarsummaa taa’an mijuu eebbaaf dhiyaate eebbifamaa jiru mul’isu.. 41

Suuraa 6 Mana Addee Sobbooqee Galaalchaatti yemmuu Durdurii maatii isaaniitti himan (02/05/2013)........ 43

Suuraa 7 Mana Aaddee Xiggee Abarraatti galgala maatii isaanitti yemmuu durdurii itti himan (11/05/2013)........ 45

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Boqonnaa kana jalatti wantootni dhiyaatan seenduubee qorannichaa, ka'uumsa qorannichaa gaaffilee qorannoo, kaayyoo qorannichaa, bu'aa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaalee qorannichaafi haala waliigala naannoo qorannichaafi jireenya uummataa naannoo qorannoon kun irratti raawwatameetu dhiyaate.

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Uummanni Oromoo uummata bal'aa afaan, seenaa, duudhaa, aadaa, safuu fi amantaa mataa isaatii qabudha. *"The Oromo, like any people are part of a larger world and partake in a wider experience"* Baxter (1996:100) yaadni kun Oromoon durirraa kaasee muuxannoofi ogummaa bal'aa akka qabu ibsa. Uummanni kun afaan, seenaafi aadaadhaan badhaadhaa haa ta'uyyuu malee, ogbarruu barreeffamaatiin, eenyummaafi qabeenyasaa kana ibsachuufi afaansaas guddifachuu baroota dheeraa carraan jiru dhiphaa ture. Kunis kan ta'uu danda'eef dhiibbaafi cunqursaa waggoota hedduu sabicharra tureerraan kan ka'edha. Yaada kana Asafaa (2009:12) akkas jechuun ibsee jira: *"Afaan Oromoon barreeffamuun seenaa isii fagoo ega taatee, akka jalqabbii duraa itti hinfuufiin hafuun isii, okkoolun isii afaan kattabbii, afaan hojii, afaan barnootaa, afaan qu'annoo ta'uu dadhabuun isii dhibbaa gita bittaa haabashaa irraan gate.*" jedha. Kanaafuu hawaaasichi guddina ogbarruu barreeffamaatiin dhiyoo haajiraatu malee, fookloorii isaatiin seenaa jaarraa dheeraa qaba. Haaluma Kanaan of ibsaa, walbarsiisaa, walgorsaa akka ture ni beekama. Yaada kana ilaalchisee Mangashaa (1992 11-12) *"The Oromo folklore, oral tradition, music, art and particularly proverbs and sayings has given this notion a sense of identity and common heritage. It becomes the way they see, understand and interpret the world and express their belief, and values about it"* jedhuun ibseera.

Fooklooriin hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, artii, amantaa, afaan, uffannaa, nyaataafi meeshaalee isaa dhalootaa gara dhalootaatti kan ittiin eegee dabarsuudha. Haalli inni ittiin dabarsus raawwiidhaan yookiin himimsaan ta'uu danda'a. Uummanni tokko ofisaafi afaansaa kan keessatti dubbachuufi guddifachuu danda'u keessaa tokko fooklooriidha. Fooklooriin humna ittiin hubannaa hawaasaa ifa baasu qaba. Akkasumas jireenya hawaasa tokkoo kallatti hedduun agarsiisa. Georges fi owen (1995: 170) yaada kana cimsuun, *"it is the case that in folklore implicit world views principles and themes are made explicit"* jedhu.

Alamituufi Alamaayyoo (2010). Elliot Oring, (1986:6) wabeeffachuun yemmuu ibsan*: "Jechi 'folklore' jedhu, meeshaalee durii jiraattota baadiyyaa biraa argamee jireenya durdurii uummata tokkoo mul'isuuf dandahuuf moggaaffame"* jechuun ibsu. Fooklooriin kun immoo gooroowwan adda addaatti qoodama. Gooroowwan kana keessaa ammo tokko afoola.

Afoolli saba tokkoo dhalli namaa naaf haa ta'u jedhee qooqasaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedha, amantaa, aadaa, duudhaa, mo'uufi mo'amuusaa, deggarsaaf diddaasaa kkf dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umrii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati. Yaada kana Eshete (2007:29) irratti yoo ibsu, *"Oral Literature may be conceived as a nation's historical and cultural document, which profusely describes nature, events, people's attitudes, behaviors and the metaphor of the being and becoming of Oromo society"* jedha. Afoolli dameelee garaagaraa qabu keessaa durduriin isa tokkoodha. Afoola keessatti waa'een durdurii dubbatamuu erga eegalee bara dheeraa tureera.

Yaaxxinni barataa Melville Herskovits kan ta'e nama William Bascom(1965: ) jedhamuun tajaajila afoolli garaa garaa qabu ibsameera. Qorannoo garaa garaa gama yaadxiina tajaalaatiin walqabatee akka yaada Bascamitti yaaxinni tajaajilaa akkataa ijaarsa afoola osoo hintaane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Isa kanarratti Boskam (1992:175), yemmuu ibsu *"as foklorists, we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it "jedha.* Akkaa yaada Boskamitti aartiin mallattoo *'verbal art'* jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, gorsuufi aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara jedha. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli garagaraa qabus akkasiin ilaala: mammaaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon dhugaa qara, durduriin amala sirreessa akkasumaas nigorsa. Kunis durduriin garaagaraa haala himootaan qindaa'anii ijaaramaniin ergaan keessaafi fuulduraa qaban jechoota irraa ka'ee xiinxalamuu qabu jechuun yaaxxinicha ibsaniiru. Alamaayyoofi Alamituu,(2010:10).Wanti yaada kana irraa hubannu Oduun durii yaaxxina tajaajilaatti yoo fayyadamu wanti afaaniin himamu, barsifamuufi maaliif akka tajaajilaniifi akkamitti akka tajaajilan kana hojiitti hiikuuf dhimma itti baahamuudha.

Kanarraa ka'uun qorannoo durdurii Oromoo yaaxxina tajaajilatti fayyadamuun faayidaa durduriin Oromoo hawaasa keessatti qabu hubachiisa. Haaluma kanaan qorattuun Qacceessa Sirna Raawwii Durdurii Oromoo kan Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Daawoo keessatti

dubbatamu, haala tajaajila Durduriiwwan Oromoo kanaa olitti kaayyamani qaaccessamanii qorachuudhaan Sirna Raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo ifatti baasuufi qorannoon kun gaggeeffameera.

### 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Ka'uumsi qorannoo tokkoo dhugaa hawaasa keessatti mul'atu, waa'ee hawaasichaa dhimma rakkoo jiru tokko duuchuuf, yaaxina tokko haaromsuu, ibsa bal'aa dhimmichatti kennuufi k.k.f. ta'u danda'a. Addunyaan (2011:54)Wiresmafi Rosewell, wabeeffachuun haala itti aanuun ka'eera. *"Statement of the problem describes the content for the study and it also identifies the general analysis approach"(wiresma, 1995:54). A problem might be defined as the issue that exists in the literature, theory or practice that leads to a need for the stud* " (Roswell, 1994:50). Akka yaada kanaatti ka'uumsi qorannoo tokkoo qabiyyee qorannichaa haalan ibsame tokkoo gaaffiiwwan qorannoon maaliif gaggeeffame? qaawwaa akkamii duucha jedhaniif deebii kennuun, qabiyyee qorannichaa sirritti ifa gochuun ibsa.Kanaafuu bakka qorattuun gaaffiiwwan qorannoo ishee keessatti deebiisuuf deemtu itti dhiyeessituudha.

Kana bu'uureffachuun,qorannoo tokko gaggeessuuf sababoonni nama kakaasan jiraachuu danda'u. Kanaafuu qorannoo kana gaggeessuuf kan na kakaase keessaa tokko: Raawwii Durdurii Oromoo irratti qorannoon hojjatame waan na hinmuudanneefi. Kana malees, Durduriin Oromoo gosoota afoolaa keessaa tokko ta'e kun dhalloonnii ammaa muuxannoofi hubannoo Durdurii Oromoo irratti qaban quubsaa ta'ee waan itti hinmul'anneefi darbe darbee kan dhimma itti bahaa jiranillee maanguddota waan ta'aniif, dhaloonni ammaa kun karaa ammayawaatti waan duufaniif, akkasumas, maanguddoonni durudrii ijoollee isaanii ittiin gorsuun tajaajila gara garaatiif dhimma itti bahuurrattis, faayidaa bal'aa afoollii kun kennuufi sadarkaa itti fayyadama isaa walbira qabamee yemmuu ilaalamu qubsaa ta'ee waan hinmul'anneefi maanguddoofi maatiin muxannoo hawaasaa kuufatanii qaban kana ijoollee isaaniitiif dabarsuu irraatti hubannoo dhabuun waan mul'atuuf, sababoota armaan olii bu'ureffachuun, rakkoowwan kana maksuuf raawwiin durdurii Oromoo haala akkamii keessatti akka raawwatamuufi akkataa hawaasni durdurii itti tajaajilamu maal akka ta'e qaaccessuun qorannoodhaan mul'isuun, sadarkaan itti fayyadamaa hawaasa keessatti akka dabalu gochuun barbaachisaa ta'ee waan natti mul'ateefidha.

Walumaagalatti ka’uumsi qorannoo kanaa Aanaa Daawoo keessatti qorattuun hojiidhaan yeroo dheeraa turtee waan argiterraa kan ka’eefi sakatta’a qorattuun qorannoowwan gara garaa irratti taasiisteen,Durduriin Oromoo Aanaa Daawoo keessatti kanaan dura qaratame waan hinjirreef, qorattuun Durdurii Oromoo irratti qorannoo akka adeemsiistuufi rakkoowwan mul’atan kana irratti qorannoon gaggeeffamee furmaanni kennamuun barbaachisaa waan ta’ee mul’ateefidha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee armaan gadii bu’uura godhachuun gaggeeffameera.

### 1.2.1. Gaaffilee Qorannichaa.

- Raawwiin Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo haalaafi sirnaa akkamii keessatti raawwata?
- Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti seera akkamiitiin raawwatama?
- Akkataan himiinsa jalqabbiifi xumura Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti maanguddootaafi barattoota biratti maal fakkaataa?
- Taattoonni yookaan Fakkattiiwwan Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti mul’atan maal maal faadha?
- Akkataa kamiin hawwaasichi Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti ittiin faayidama?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Qaaccessa Raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo irratti xiyyeeffate.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kanneen armaan gadiiti.

- Raawwiin Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo haalafi sirna akkamii keessatti akka raawwatamu addeessuu.
- Durduriin Oromoo Aanaa Daawoo seera akkamiitiin akka raawwatamu ibsuu.
- Akkataa himiinsa jalqabbiifi xumura Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo

maanguddootaafi barattoota biratti maal akka fakkatu ibsuu.

- Taatonni yookaan Fakkaattiiwwan adda addaa Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti baay'inaan mul'atan maal fa'a akka ta'an addeessuu.
- Akkataa haawasichi Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti itti fayyadamaa jiru addeessuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Afoola Oromoo irratti qorannoo gaggeessuun afaanicha dagaagsuuf hojii hojjataman irratti gahee ofii bahuudha. Akkasumas afoola akka cirracha galaanaa ta'e kana xinxaluun, adda baasanii barreeffamaan dhaloota dhufuuf kaa'un barbaachisaadha. Kanaafuu, Durduriin Oromoo bu'aa armaan gadii kenna. Kutaa kana jalattis bu'aa qorannoo kanaatti eenyutu fayyadama gaaffii jedhuutu deebi'a. Addunyaa,(2011:56). Bu'aan qorannoo faayidaa garaagaraa qabaachuu danda'a

- Dhaloonni ammaa raawwii Durdurii Oromoo akka hubatu taasisa.
- Dhaloonni haaraan afoola hawaasaa kana akka irraa baratu taasisa.
- Namoota kallattii kanaan qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ciicata ta'uufi danda'a.
- Firiin qorannoo kanaa beektonni yoo irratti hojjatan beekumsa durdurii Oromoo hawaasichaa dhalootaaf tursiisuu danda'a.
- Waajjirri Aadaafi Turiizimii Aanaa Daawoo qorannoo kana ka'uumsa gadhachuun afoola hawaasa Oromoo aanicha keessa jiru karaa saayinsawaa ta'een akka qoratuuf gargaaruu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Daangaan qorannoo dhimma qorannichi irratti xiyyeeffatte,bakka qorannichi itti gaggeeffamuufi, baay'ina namoota odeeffannoo qorannichi irraa fudhatamanii kan hammatu jedha. Yaalew,(2011:119). Haaluma kana irraa ka'uun daangaan qorannichaa wantoota itti aananii dhufan kanneen irratti daanga'eera.

Fooklooriin baay'ee bal'aafi wantoota hedduu of keessatti hammatuudha.Waan bal'aa ta'e tokko bakka tokkotti qorachuun daran walxaxaa waan taasisuuf qoranichi amanamummaa, iftoominafi

bu’a qabeessummaan isaa gadi bu’uu danda’a. waan kana ta’eef dhimmi qorannichi irratti xiyyeeffatte, gooroowwan fookloorii keessaa afoola yoo ta’u, afoola keessaa immoo qaaccessa Raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Aanaa kanarratti sababiin qorannichi daangeffameef qorattuun yeroo dheeraaf aanicha sana hojiin waan jiraatteef maanguddoota aanichaa waan beektuuf aanoolee biroo kan hinhammanne immoo aanoleen biroo fageenyafi bal’ina waan qabaniif kana ilaalcha keessaa galchuun barbaachisaa waan ta’eefidha. Maddi ragaa immoo maanguddoowwan Waajirri Aadaafi Turiizimii eereefi namoota Durdurii Oromoo beeku jedhaman qorattuun ofumaa isheetiin gaafachuun odeeffannoo yemmuu funaannattu, gama odeeffannoo barattootarraa argachuuf immoo, Barattoota Mana Barumsa Buusaa Sadarkaa 2ffaa gandoota fagoorra dhufan kan qorattuun bira hingeenye, kanneen durdurii himuu danda’an gaafachuun daangeffame.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Adeemsa qorannoon tokko gaggeeffamu keessatti rakkoolee hedduun nama mudachuu danda’u. Rakkoolee muudachuu danda’an keessaa: hojii idilee wajjin walfaana waan gaggeesiteef haala fageenya iddoo yookaan gandoota fageenya qaban irraa kan ka’e yeroofi hojii waliin deemuu dhiisuu,bakka hojiin itti gaggeeffametti qorattuun kitaabolee wabii gahaafi akka gaariitti argachuu dhabuufi qorannoo irratti hubannoo dhabuu faadha. Haata’u malee, qorattuun hanqinaalee ishee muudatan kana akka isheedhaaf danda’amutti keessa bahuuf, hanqina yeroo baay’ina hojiitiin muudatuuf, bulchiinsa mana barumsaafi barsiisaa jirutti rakkinicha ibsachuun,deeggarsa gaafachuun yeroo gahaa argachuu, adeemsa mala qorannoo irratti rakkina jiruuf, tajaajila gorsaa (advisor) irraa deeggarsa walirraa hincinnee yeroo yeroon argachuufi kitaabolee mala qorannoof gargaaran dubbisuudhaan qorannoo kana gaggeesiteetti.


### 1.7. Qindoomina qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaa shan of jalatti qabate. Boqonnaa tokkoffaa keessatti kan hammataman seenduubee qorannichaa, ka’uumsa qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree, qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, hanqinaa qorannichaa, qindoomina qorannichaafi haala waliigala naannoo qorannichaa ofkeessatti qabate. Boqonnaa Lammaffaan sakata’a barruu jalatti,yaada cuunfaa fookloorii, durdurii, caacculee yookiin firiiwwan durdurii, gosoota durdurii, faayidaa durdurii, akkataa raawwii durdurii, yaaxinaalee qorannoo, yaaxina

tajaajilaafi barruu walfakkiiti. Boqonnaa sadaffaan: Mala qorannoo jalatti saxaxa qorannichaa, mala Iddateessuu, madda odeeffannoo, meeshaa funaansa ragaa, adeemsa funaansa odeeffannoo, mala qaaccessa ragaaleefi naamusa qorannichaa kan jedhu qabateera. Boqonnoo arfaffaan: ragaa funaanuufi qaaccessuu jalatti: raawwiin durdurii Oromoo haalaafi sirna akkamiitiin akka raawwatamu, akkataa seera raawwii durdurii Oromoo, akkaataa himiinsa jalqabbiifi xumura durdurii Oromoo maanguddootaafi barattoota biratti jiru, fakkattiiwwan yookiin taatota durdurii Oromoo keessatti argamaniifi Durdurii Oromootiin hawaasichi: akkataa diinagdee ittiin hubachisu, akkataa aadaafi safuu itttiin calaqqisiisu, akkataa hawwaasummaa ittiin hubachisuufi akkataa siyaasa biyyaa ittiin qeequu yoo ta’an, boqonnaa shanaffaan: cuunfaa, argannoofi yaboo ofkeessatti qabateera.

### 1.8. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaafi Jireenya Uummataa

Qorannoon kun kan gaggeeffame Godina Shawaa Kibba Lixaa Aanaa Daawootti yoo ta’u, Qaaccessa Raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo irratti xiyyeeffate. Aanaan Daawoo kan argamu Naannoo Oromiyaa Godina Shawaa Kibba Lixaa keessatti. Aanaan kun karaa Bahaatiin Aanaa Iluu, Dhihaan Aanaa Walisoo, Kaabaan Aanaa Dandii, Kibbaan Aanaa Bachootiin daangeffame. Finfinnee irraa fageenya 96km irratti argama. Magaalaa Godinaa walisorraa 50km fagaate argama. Bali’nni waliigala Aanichaa Heektara 41,094ta’a. Baayyinni uummata Aanaa Daawoo dhiira 44,108 dubara 42,685 waliigalatti 86,703 akka ta’e ragaan waajjira Bulchiisa Aanaa ni ibsa (*Waajjira Bulchiinsa Aanaa Daawoo 2013 Obboo Tasfaayee Nagaraatiin).*




Suuraa 1 kaartaa Aanaa Daawoofi daangessitota ishii ibsu. Maddi:Waajjira Bulchiinsaa Aanaa Daawooti.

### 1.8.1. Moggaasa maqaa Aanaa Daawoo

Akka manguddoonni aanichaa ibsanitti dur qomoo lamatu aanaa kana keessa jiraata ture. Isaanis Abeebeefi Daawoo jedhamu. Bara tokko sababbii babal'ifannaa daangaatiin waraana walitti bananii qomoon warra Abeebee waraanaanii irra gannaan guyyaa biroo qomoon warra Daawoo humna isaa cimsatee irra gatuun mo'atanii farda boora booji'anii injifannoon xumuran. Sanaan booda maqaan Aanichaa "Daawoo" jedhamee moggaafame. (*Obboo Fayyeeraa galaalchhaafi Obboo Sarbeessaa Magarsaa irraa*).

Aanaa Daawoo aanaa ta'ee kan moggaafame bara, 1968 yoo ta'u, bifa haaraan beekamtii kan argate bara 1985 ture. Aanaa Daawoo gandoota baadiyyaa 22 fi ganda magaalaa 1 walitti gandoota 23 qaba. Magaalaan guddoo Aanaa Daawoo "Buusaa" jedhama. Magaalli Buusaa

bali'na lafa heek. 451.036 irratti diriiree argama. Baay'inni uummata Magaalaa Buusaa dhi. 651, dub. 3849 wal. 7500 of keessatti qabatee jira.(*Maddi raga bulchiisa magaalaarraa* Obboo Tasfaayee Nagaraatiin)

Jireenyi uummata aanaa kanaa kan irratti hundaa'e qonnaa, horsiisa looniin karaa aadaatiin, horsiisa lukkuu, horsiisa kanniisaafi hanga tokko daldalarratti. Haalli qilleensa baramaa Aanaa Daawoo baddaan dhibbeentaa 12% badda daree dhibbeentaa 88% yoo ta'u, midhaan naannoo kanatti bal'inaan oomishamu, qamadii, garbuu, xaafii, baaqelaa, atara, shumburaa, gaayyoo, boqqolloo, nuugii, talbaa naannoo baddaatti warqeefi kkf yoo ta'u, mishingaanis darbee darbee ni oomishama(Maddi Waajjira Qonnaa Aanichaa irra Obboo Girmaayee Tolaatiin).

Afaan aanaa kana keessatti bal'inaan dubbatamuufi beekamu Afaan Oromoo yoo ta'u,Afaan Amaaraas darbee darbee ni dubbatama. Amantiin aanaa kana keessatti bal'inaan hordofamus amantaa Ortoodoksiifi Pirootestaantiidha. Amantaan Waaqeffann aafi Amantaan Musliimaas darbee darbee nimul'ata.

### 1.8.2. Tajaajila Lafa Aanichaa Ilaalchisee

Ragaan waajjira qonnaa aanichaa akka ibsutti lafti qonnaaf oolu heektara 32,890(79.38%), lafti kaloof (tifkataa)heek.5,611(13.56%), lafti tajaajila ijaarsaatiif oolu heek.733.35(1.78%) fi lafti bosonaa heek.320(0.77%)akka ta'e ibsa.

Bu'uraa misoomaa kanneen akka bishaan dhugaatii akka aanatti 78%irra jiraatullee pirojektiiwwaan jalqabamanii hinxumuramne heddu akka jiran ibsame. Telekominikeeshin,akka aanaatti tajaajilli bilbila dijiitaalii tokko nijira. Tajaajila moobayilii aanaa keessatti bakka hundatti ni hojjata. Buufata fayyaa , akka anaatti 4tu jira kellaan fayyaa 20, kiliinkin loonii aanaa keessa 3tu jira. Kiliinikni nama dhuunfaa 6 jira.

### 1.8.3. Manneen Baruumsaa Aanichi Qabu

Manneen Barnootaa sadarkaa 2ffaa 1, Mana Barumsa Qopha'inaa 1, Manneen Barnoota Sadarkaa 1ffaa 28 , akkasumas Mana Barumsa Oolmaa Daa'immanii 1, dabalataniis Wiirtuu Leenjii Ogummaa 1 kan qabdu ta'uu ragaan Waajjira Bulchiisa Aanaa Daawoo irraa argame ni ibsa. Daandii bonaafi gannaa kan magaalaa Tullu Boolloo ka'ee Magaalaa Buusaa Keessaan qaxxaamuree magaalaa Giinciitti galu aanaa kanaaf tajaajila guddaa kennaa jira. Akkasumas,

daandiin magaalaa Buusaarraa ka'anii gandoota baadiyaa wajjiin walqunnamsiisaan hedduun hojjatamaa jiru.

### 1.8.4. Aadaa Hawaasa Aanaa Daawoo ilaalchisee

Aadaa hawaasa aanaa kanaa akkuma hawaasa Oromoo aanaa biroo aadaa gosa heddu kan qabuu dha . Isaan keessaa beekamoon : aadaa nyaataa, aadaa uffannaa, aadaa hojii,aadaa walgargaarsaafik.k.f yoo ta'an,isaanis akka armaan gaditti yoo ibsamaniiru.

#### I. Aadaa nyaataa

Aadaa nyaataa yoo ilaallee yeroo sirnaa fi ayyaana waggaa akkasumas yeroo keessummaan dhufe gosoonni nyaataa dhiyaatan ni jiru. Fakkeenyaa Caccabsaa, Cuukkoo, Qorii(marqaa), Qincee, Daabboo, Buddeena, Maxinoo(qixxaa), Ollataa(warqee), Qummusii, Unkuroo, Akaawwiifi kkf dha. Aadaa dhugaatii ilaalchisee kan qopha'uu Farsoo, Daadhii (Booka), Farsoo Oromoo(Bulbulaa Dikitaa), Qariboofi kkfdha.

#### II. Aadaa Uffannaa

Aadaan uffannaa uummata Aanaa Daawoo keessatti mul'atan: Wandaboo, Sabbata, Gaabii, Marxoo, Bullukkoo(dirriba), Kofoo, Kittaa, Waaroo, Kallee,daabeefi kkf dha.

#### III. Aadaa hojii ilaalchisee isaan beekamoon:

Daboo(jigii), Qaboo, Daadoo, Shanii , wanfalaafi kkfdha.

#### IV. Meeshaalee Aadaa Ulfoo

Meeshaaleen aadaa ulfoo Oromoo Aanaa Daawoo keessatti argaman: Caaccuu, Callee, Kallacha, Siiqqee(waddeessa), Alangee, Eeboo, Waanca fi kkf dha. (maddi WAT Aanaa Daawoo ti.)

### 1.8.5. Duudhaaleefi Sirnoota

Aanaa Daawoo keessatti sirnoonni hawaasni dhimma itti bahu hedduudha. Isaan keessaa: Guddifachaa, Gumaa, Ateetee, sirna jaarsummaa Booranticha, Sirna Gadaa, Sirna ayyaana Masqalaa (Irreecha), Sirna Qaammee, Sirna hammachiisaa, Gaafata, Sirna Haraara Waaqaa, Sirna Fuudhaafiheerumaafi k.k.f.dha. Kanneen keessaa akka fakkeenyatti yoo fudhanne:

**I. Sirna fuudhaafi heerumaa**

Sirni fuudhaafi heerumaa Aanaa Daawoo keessattii karaalee garagaratiin raawwata. Isaaniis: kadhannaa, irradhaaba(kallacha), wajjiin galuu fi kkf taniidha.

**II.Sirna jaarsumma**

Sirni jaarsummaa waldhabdee namoota haala adda addaa keessatti taasifamuun raawwachuu danda'a. Kunis namoonni waldhabdee rakkoo adda addatiin ka'e, namni nama harkatti du'ee, gumaa baasuun, dhirsaafi niitiin rakkina adda addaatiin waldhabuun, maatiin rakkina qabeenyaa irratti waldhabuuniifi k.k.f.niin waldhabee jiru walitti araarsuuf haala olitti eeranan kanneen irratti hundaa'ee sirni jaarsumma ni raawwata.

### 1.8.6. Afoola Aanaa Daawoo ilaalchisee

Aanaan Daawoo akkuma hawaasni aanoolee biroo afoola hedduutti fayyadaman aanaan Daawoos afoola hedduu itti fayyadamuun kan beekkamtuudha. Afoolli aanaa Daawwoo keessatti hawaasni aanichaa itti fayyadamuun beekkamanis: mammaaksa, hiibboo, durdurii, sirboota aadaa, sirboota hojiirraa,geerarsa,ciigoo, afwalaloo boo'ichaafi kk.f.taniidha.Afoola kanneeniis hawaasichi dhimmoota iddoo barbaachisummaa isaanitti yeroo barbaadan itti fayyadamuun dhimma kan itti bahaniidha.

### 1.8.7. Hidda Latiinsa Oromoo Aanaa Daawoo

Aanaa Daawoo keessaatti gosoonni Oromoo jiraatan damee latiinsa Oromoo Boorana Kaabaa kan ta'an gosoota gurguddoo lamatu jira. Gosoonni kunis Latiinsa Jahan Bachoo Tuulamaafi Latiinsa Arfan Walisoo Liiban Maccaa kan jedhamaniidha.

1/ Jahan Bachoo Tuulamaa jala kan jiran: Iluu, Keekuu, Garasuu, Uruu,Waajituufi Meettaadha.

2/ Arfan Walisoo Liibaan Maccaa kan ofjalatti qabate: Aabbuu, Maaruu, walee,muunyoofi Leemman Abbaadhoofa'aa akka ta'an ragaan Waajjira Aadaafi Tuurizimii Aanaa Daawoo irraa argame ni ibsa.Walumaagalatti sanyiin Oromoo Aanaa Daawoo keessatti argaman Ilmaan Raayyaa lamaan Maccaa fi Tuulama ykn, warra Bachoo fi warra Maccaa jedhameeti waamama.

### 1.8.8. Qabeenyaa Uumamaa Aanaa Daawoo

**I . Bosona uumamaa:**

Akka maanguddoonni aanaa kanaa ibsanitti aanaan kun bosona uumamaa baay'ee qaba ture jedhu.Yeroo amma kana garuu ,sababbii babal'ina lafa qonnaatiif jecha baay'ee ciramaa waan jiruuf xiqqachaa deemera. Haata'u malee ammas gandoota muraasa keessatti bosonni uumamaa ni argama. Fkn Ganda Daawoo Sadeenfi Xuxee Quncee keessaa Bosona Qaaqichaa ,Ganda Dheeraa Iaansoo keessa Bosona Yuubdoo, Gandoota Gombisaa kusaayyee,Seedaree Harbuufi Bashii Qilxuu keessa kan jiru akka fakkeenyaatti ibsuun ni danda'ama.

**II. Bineensota Bosonaa**

Bineensnni bosonoota armaan olitti eeraman keessaa jiraatan hedduuudha. Isaan keessaa muraasni: Bosonuu, Karkarroo, Booyyee, Qamalee, Weennii, Waraabessa, Awwaaldiigessa, Jaldeessa, Kuruphee, fi kkf yoota'an shimbirroonni muraasni: Simbira halkanii, Harraangessa, Joobira, Kurkuduu(bullaallaa), Urunguu(Jajjuu), Simbira Masqalaa fi kkf ni argamu.

**III. Lageen Aanaaa Daawoo keessatti argaman**

Laggeen Aanaa Daawoo keessatti argaman akka kanaa gadiitti yoo tarreeffaman: Laga Jalliwaan, Laga Kallachoo, Laga Callee, Laga Aliitoo, Laga Gafarsoo, Laga Hidda, Laga Xuxee, Laga Diimtuu,Laga Saddeeqaafi kkf yoota'an, Isaanis:gara laga gudda Hawaashiitti galu.

**IV. Albuudaota Aanichaa**

Albuudaonni Aanaa Daawoo keessatti argaman: Dhagaa Adii, Dhagaa Gurraacha, Saddeeqa, Cirrachifa'a akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

**V. Beelladoota yookiin horii manaa**

Beeylada yookiin horii manaa ilaalchisee akka Aanaa Daawootti qilleensa baddaas ta'ee baddadareetti loon, fardeen, ro'oota, hoolota, lukkuu, gaangeefi harrootadha.

## VI. Dirreewwaan yookiin Hurufa Aanaa Daawoo keessatti argaman

Dirreewwan yookaan hurufa Aanaa Daawoo keessatti argaman ilaalchisee: hurufa warxuu, hurufa Gafarsaa, hurufa dheeraa (Joogar) hurufa Jabduu,hurufa Ilaansoo,hurufa Kaarraafi hurufa Koltobbee kanneen ta'anitu jiru.

## VII. Bakkeewwaan Seena Qabeeyyii Aanaa Daawaa keessatti argaman

Bakkeewwan seenaa qabeeyyii ta'an Aanaa Daawoo keessatti argaman: Holqa Andoodee, Holqa Amaaraa, Fincaa'aa Qaalaa Allaattii, Fincaa'aa Laga Hiddaa, Iddoo kabaja Irreechaa yookiin Adaabinnaa Ganda Raccee Kushoo keessatti iddoo tulluu raccee jedhamutti argamu faadha..

## BOQONNAA  LAMA:  SAKATTA'A BARRUU

Sakatta'a barruu keessatti mata-duree qorannoo kanaan walqabatee barreeffamoota qorattootaafi barreesitoota adda addaatiin maxxanfaman funaanuun qorannoo qoratamuun deeggaruun qorannoo kana dhugoomsuuf bakka ragaa itti dhiyaatudha. Yaada kana hayyuun Berg(2001:19) yemmuu ibsu, "a literature review is an account of what has been pulished on a topic by accredited scholars and resereachers," jedha. Kanaaf, qorannoo tokko keessatti barreeffamoota maxxanfaman sakatta'uun barbaachisaadha. Boqonnaa kana keessatti maalummaa fookloorii, afoolaa, raagowwan, maalummaa Durdurii, caacculee Durdurii,gosoota Durdurii, Amaloota Durdurii, faayidaa Durdurii, akkataa sirna raawwii durdurii, yaaxxina qorannoofi sakatta'a barruu walfakkiitu ibsame.

### 2.1. Fookloorii

Jechi fookloorii jalqaba kan moggaafame bara 1846 nama William John Thoms jedhamuun, 'folk'fi 'lore' jedhamurraa kan ijaarame yoo ta'u, folk kan jedhu, gareen namoota lamaafi lamaa ol ta'anii gareedhaan jiraatan ta'anii, wanti isaan tokko taasisu, hojii, afaan, amantaa, ogummaafi kkf ta'uu danda'a. Lore kan jedhu, gareen namootaa kan waliin qooddatan (qabeenya gamtaa)ti. Warri folk jedhaman sun gamtaadhaan dhaloota dhufuuf dabarsu.Kanaafuu looriin, ogummaa namoonni gareedhaan jiran dhaloota dhufuuf dabarsuudha. AlanDundas, (1965:3).

Fookloorii ilaalchisee  hayyonni aadda aadaa hiika garaagaraa kannu. AlanDundas, (1965:3 .(Dorsan,1972). Melakneh (2006:8), steven (1976:552), Toelken, (2003), Oring (1986)wabeeffachuun, (Smiz,M.&stephen 2005:12), Dundes (1965:15), Georges and Jones (1995:214), Fileen (2016:44)Georges and Jones,(1995)wabeeffachuun,Encyclopedia America V.ll 1993:498. yaada hayyoota kanaa yoo fudhanne fookloorii irratti hiika gaaraagaraa kennu.

Kanaafuu hiika fookloorii kana jedhanii hiika hayyoota hunda waliigalchuu danda'u tokkoon ibsuun ulfaataadha. Kunis kan ta'eef, fooklooriin yaadrimee bal'aa waan of keessatti hammatee jiruufi. Yaada kana ilaalchisee Alamaayyoofi kaawwan(2010:14) akka armaan gaditti ibsu.*"Yaadrimeen fookloorii bal'aadha. Maal akka inni hammatuufi hinhammannellee adda baasuun nama rakkisa."* Fookloorii salphaatti ibsuuf rakkisaa taasiisan keessaa amala gosa barnootichaa(discipline)ti. Amalli isaa kunis dirreewwan barnootaa hunda waan tuttuquufi. Fooklooriin amala seenaa waliin walitti isa hidhu waan qabuuf, kallattii seenaatiin qo'atama;

karaa ogafaaniis afaan irratti waan hundaa'uuf, kalaqa waliin walqabatee ogbarruu jalatti qo'atama.Kana malees, fooklooriin amala namaa kan agarsiisuu waan ta'eef xiinsammuu keessattis ilaalamuu danda'a. Hunduma caala immoo fooklooriin jiruu fi jireenya namaa akka aadaatti kan agarsiisu waan ta'eef, bal'inaa fi gadi fageenyaan xinaadaa fi xinhawaasa keessatti qo'atama.Kanaafuu hayyoonni gosa ogummaa garagaraa keessa jiran kallatti xiyyeeffannaa ofiitiin waan ibsuu yaalaniif, ibsa hundagaleessa ta'e argachuun ulfaataa ta'a. (Alamaayyoofi kaawwan: 2010).

Akkasumas, fooklooriin uummata seenaa barreeffamaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, aartii, barnoota, diinagdeefi hawaasummaa keessatti ni tajaajila. Akkasumas, gita qabsoo qabsoo keessatti gahee olaanaa qaba.(Dorsan,1972). Fooklooriin goroowwan gurguddoo afur qaba. Isaanis, afoola (oral literature), meeshaalee aadaa (material culture), duudhaa hawaasaa (folk custom), artii sochii qaama (performing folk art), jechuudhaan afuritti qoqqooduun qorachuun ni danda'ama. (Dorson 1972:51).

Gooroowwan Fookloorii keessaa tokko afoola yoo ta'u, Afoolli, dhallii namaa naaf haa ta'u jedhee qooqasaatti fayyadamuun eenyummaasaa, yaada, fedhii, amantaa, aadaa, duudhaa, mo'uu fi mo'amuusaa, deggarsaaf diddaasaa kkf dhalootaa dhalootatti kan ittiin dabarsaa ture umrii dheeraa kan qabu qabeenya uummataati.Yaada kana Finnegan (1970:18) akka armaan gaditti ibsiti. *“The study and appreciation of oral literature is more important than ever for understanding the complexity of human cognition.”* Manni barumsaa fi barnoonni ammayyaa har'aa kun utuu hindhufiin dura hawaasni sammuu daa'immanii afoolaan qara. Hawaasa naannoo, safuu, seera, kkf waliin daa'imman kan walbarsiisu afoolatti fayyadameeti. Yaada kana Asafaa,(2009:20) yoo ibsu, *“ilmoon namaa barreeffamaan of ibsuu osoo hinjalqabiin dura afoolaan ofii isaa ibsaa ture”* jedha. Fedhasaan, ( 2013:28) yemmuu ibsuu, “Namoonni baay'een afoola gargaramanii jireenya keessa jiran qeequ, waan gadhees ni mormu, waan gaarii ni deeggaru ,dhaloota ittiin gorsu, ni akeekkachisuu.” jedha. Addunyaan (2016:70) faayidaa afoolaa ilaalchisee yoo ibsu, *“Afoolli tajaajila heddu qaba. Isaan keessaa muraasni haala yeroo ibsuufi ta'iinsota kuusuu, hir'inaafi cimina jiru qeequu, honnachiisuu, barsiisuu fi miliquudha”* jedha.Haaluma kanaan Afaan Oromoo og-barruu barreeffamaatiin mul'achuun isaa dhiyoo yoo ta'eyyuu, uummanni Oromoo jiruuf jireenya hedduu dabarse keessatti afoolasaatti fayyadamee, aadaa, eenyummaa, seenaa, falaasama, amantii isaa ibsachaa akka ture hubanna.

Afoolli ummata Oromoo keessa jirus, kan ummata Oromooti. Tokkoon tokkoon miseensa Oromoo hundi kiyyummaa qaba.(Fedhaa nagaasaa,2001:15).Afoola Oromoo keessaa gooroo inni guddaan tokko raagoodha. Raagoon (orally) raagamuun dhihaata. Faayidaan isaatis hawaasni mala barreeffamaa (writing system) hinqabne tokko eenyummaa,aadaa, falaasama, beekumsa, seenaa, jiruufi jireenya, muuxannoofi sona isaa dhalootarraa gara dhalootatti ittiin dabarsa. Jecha biraatiin hawaasni safuu, ilaalchaafi falaasama isaa dhaloota ittiin barsiifata; ittiin gorfata; quuqqaa qabus ittiin calaqqiisiisa. Raagoon firiiwwan addaddaa (different geners of oral narratives) of jalatti hammata. Isaan kanneen keessaa akka gooroo gurguddootti kan ilaalaman, raagamtaa, afseenaafi durdurii faadha.(Fennegan,1970:318).

### 2.1.1. Durdurii

Durduriin Oromoo gooroowwan ogafaanii keessaa kan bifa hololoo yookiin seennessuutiin muldhatudha. Ummatni Oromoo durdurii isaatti gargaaramee tokkummaa, jaalala, cimina, waliif yaaduu, hinjifachuu, milkaa’ina, mirgaan galuu, amantummaa, waadaa eeguu, bilchina, abshaalummaa, waltumsuu, walumaagalatti faayidaa kaayyoo tokkootiif waliin dhaabbachuu akka qabu uummata isaa kan barsiisuudha..

Durduriin akkuma gooroowwan afoola kaanii duudhaa, muuxannoo, ilaalchaafi falasama uummata tokko bara irraa baratti, labata tokko irraa labata biraatti kan dabarsu haala jireenya hawaasummaa kan calaqqisiisu firii hambaati jechuun ni danda’ama. Duudhaan, falaasamniifi ilaalchi ummata tokkoo bara tokko irraa bara itti aanutti dhaloota tokko irraa dhaloota biraatti yammuu darbu sadarkaa guddina ummatichaa wajjiin fooyya’ina agarsiisuu ni danda’a. Durduriinis jireenya namaa wajjin kan walqabate waan ta’eef jijjiirama akkasii ni agarsiisa.Bifa dur jiruun hindarbu. Afaaniin waan darbuuf fageenya yerootiin kan ka’e keessaa kan bahuufi kan itti dabalamu ni qabaata.Durduriin akkuma maqaan isaa ibsutti waan dur ta’e jechuudha. Qooddattoonni durdurii baay’inaan beeyladotaafi bineensotaan yoo ta’an, darbee darbees meeshaaleen kan keessatti argamaniidha.Beekaan,(2015:51-52).

#### 2.1.1.1. Firiiwwan Yookiin Caacculee Durduriiwwan keessatti argaman

Durduriwwan keessatti akkuma asoosamni tokko firiiwwan adda addaa of keessaa qabu, durduriiwwanis firiiwwan keessatti mul’achuun ergaa durdurichaa tarkaanfachisan mataa isaa ni qabu. Durdurii keessatti firiiwwan asoosamaaa keessaa durduriin qooddatu: fakkaatti(character),

sabseena(plot), gocha(action), waldhabbii(conflict)fi dhaamsi ni jiraatu. Haata'u malee akkaataa asoosama keessatti mul'atu jechu miti. Alamaayyoofi Alamituu,(2010:117).

### I. Fakkaattii yookiin Taatota (character)

Durduriin waantoota bakka tokkotti argaman fakkeenyaaf, horii, bineensa, muka wajjin walfakkeeffamee seeneffamuu ni danda'a. Seeneffamni isaa ka'umsaafi ta'umsa (cause and effect) waan qabuuf hanga dhumaatti qalbii namaa booj'ee kan namaan godaanu malee kan nuffisiisu miti.

Durdurii keessatti fakkaattiin jiran nama yookiin horii, bineensa, mukafi kkf ta'uu danda'u. Fakkaattoonni amalaan yookiin bifaan garmaleessa walirraa fagaatanii waliin hundeeffamu. Fakkeenyaaf, tokko garmaleessa gamna yoo ta'e sanaaf kan faallaa ta'e garmaleessa gowwaa ta'ee dhihaata. Tokko goota yoo ta'e kan biroo immoo dabeessa ta'a. Tokko dureessa yoo ta'e kan biroo immoo hiyyeessa ta'a.  Fakkaattiin durdurii kan asoosamaa irraa adda ta'uu isaa Alamaayyoofi Alamituun "Elliot Oring" wabeeffachuun yaada kanatti aanu kaa'aniiru. *"As representative of character in the folktale are flat and two dimentional, so are the interaction of the characters only two characters interact in any particular scene "(Oring, 1986:128).*Akka yaada kanaatti fakkaattiiwwan durdurii akkuma adeemsa farda gaariin itti fe'amee bitaafi mirgatti hinilaallatu. Garuma fuulduraatti suksuka. Garuu fakkaattiin asoosamaa bu'aa ba'ii hedduu keessa darba. Duubatti deebi'ee fuulduratti areeda; bitaafi mirgatti duubaafi fuuldura ilaallatee tarkaanfata jechuun ibasaniiru.

### II. Sabseena (plot)

Sabseenaan durdurii akka sabseena asoosamaa waldhabbii adda addaatiin micciiramee kan dhihatuu miti. Alamaayyoofi Alamituun, Oring Wabeeffachuun, akka ibsanitti *"The plot of a folktale proceeds as a logical sequence of exents. Each event in the tale logically coditions the events that follow."(Oring, 1986:333).*Yaada kana irraa kan hubatamu danda'u, ka'umsiifi ta'umsi (cause and effect) durdurii hangas kan jabaatu akka hintaane hubachiisa. Gochi tokko gara biraatti furii walharkaa darbaa soroorratte hanga dhumaatti kan deemu ta'uu isaa yaada kana irraa hubachuun ni danda'ama.

**III. Waldhabbii (conflict)**

Durdurii keessatti waldhabbiin akka kan asoosamaa hinjabaatu. Taatota yookaan fakkaattiiwwan gidduutti kan uumamuu waldiddaa cimina qabuu miti. Garuu walitti bu'iinsa xiqqoo irraa ka'uun fakkaattoonni dhumarratti addaan bahu.

**IV. Gochaa(action)**

Durdurii keessatti gochoonni dalagaman walfakkaatu. Yeroo baay'ees irra deddeebi'anii dubbatamu. Kunis asoosama irraa amaloota adda isa taasisu keessa isa tokko dha.

**V. Yoommessa(setting)**

Durdurii keessatti iddoofi yeroon itti dalagu addaan baafamee hinbeekamu.Iddoo akkanaatti jechuun maqaan dhayamee bara akkanaa keessa jedhamee beekamuu dhabuun isaa amala durduriiti(Alamaayyoofi Alamituu, 2010:118-119).

**2.1.1.2. Gosoota Durdurii**

Durduriin irra keessa karaa afuriin qoodnee ilaaluu danda'ama. Inni tokko qooddataa durduricha bu'ureeffata. Kunis durdurii beeyladootaa, durdurii namootaa, durdurii yaadaan jiru jedhamanii kaa'amuun baramaa ture. Qoqqooddiin durdurii inni lammaffaa akkaataa kaayyoo qabiyyee keessatti mul'ateen,kaayyichis kan sirritti ibsame yookiin hinibsamin ta'u. Qoqqooddiin inni sadaffaa, itti dhiheenyaan kan lammaffaa wajjin walqabata; bu'uurri isaatis amala qulqullina durdurichaati. Durdurii nama aja'ibsiisan (tirickester tale) kan qooda fudhatu waan dhugaa hintaane akka namni amanee fudhatu gochuun haqa cabsuun yookiin dabsuun gara hiriyyummaa adda baasuutti qajeelchuu yookiin geessuu danda'a. Durduriin inni arfaffaan immoo kan filannoo nama dhabsiisan (dialemma tales) durduriin kun kanneen gaaffiidhaan yookiin rakkoo falmiidhaan xumuramaniifi kan seenessaafi dhaggeeffataa gidduutti furmaata argatu.

Durduriin Oromoo immoo akka unka yookaan qabiyyee of keessatti hammataniitiin durdurii seenessaa, durdurii ibsaa, durdurii goototaafi durdurii bineensotaa jedhamuu danda'u (Beekaa,2015:52-53).

**I. Durdurii Seenessaa**

Waa’ee gochaafi namootaa beekkamoo ta’aniiti seenichiifi gochichis yeroon itti raawwate ganama har’aatii hamma duriitti ta’uu mala. Kan hundaa’ees seenaa waan tokkoo irratti hundaa’ee kan dubbatamuudha. Seenichis, waa’ee mootii biyyaa, gootummaa dirree waraanaafi kkf ta’uu danda’a. Oduun durii kunis bifa lamaan seeneffamuu danda’a. Memoraateefi faabulaateedha. Meemoratee keessatti namichi oduu himu yookiin seenessu sun wanta qooda keessatti fudhate yookiin ijaan arge sana seenessa. Faabulateen immoo wanta yeroo ta’e dhageenye tokko akka asoosamaatti seenessuudha. Kan seeneffamu akka waan agarreetti osoo hinta’in jette, jetteen seeneffama. Durduriin Oromoos baay’inaan kanaan seeneffamu. (Beekaa, 2015:52-53).

**II. Durdurii Bineensotaa**

Oduun durii bineensotaa kun hawaasni gaddaafi gammachuu, jaalalaafi jibba, shakkiifi amantaa, gaarummaafi hammeenyafi kkf ilaalchisee fuulletti waan dubbachuu hinbarbaanne horiifi bineensotatti qabachuun kan dubbatamuudha. durdurii kun irra caalaa hamilee namootaa kakaasuufi bashannansiisuuf (Beekaa,2015:51).

**III. Durdurii Gootummaa**

Gosti durdurii kun durdurii gootummaa of keessaa qaban irratti xiyyeeffata.Kan seenessu wanta dur ta’e sababii ta’eef, namni seenessu sun gaaffii ragaarratti hunda’e namni isa gaafatu hinjiru; yoo gaafatamellee wanti dur hafe jechuun amansiisuuf yaala. Durduriin gootummaa gochaalee tooftaan, ciminaan, gootummaan, waliigalteen akkasumas haalan hojjechuun bu’aa argamsiisan irraa akka muuxannoo argannuuf tajaajila (Beeka,2015:50)

**IV. Durdurii Ibsaa**

Oduun durii kun ka’umsa aadaa, amantii, haala jireenyaa uummata tokkoofi kkf ilaalchisee gaaffilee ka’aniif ibsuuf kan itti fayyadamnuudha. Haata’u malee ibsi eessaa dhuftee waantoota adda addaa ilaalchisee kennamu saayisawaa miti. Durduriiwwan akkasii hedduun kan jiran ta’uu ragaa baay’een lafa kaa’a(Misgaanuu,2011:44).

#### 2.1.1.3. Amaloota Durdurii

Durduriin amaloota gurguddoo fookloorii wajjin qooddatu qaba. Isaaniis hunda galeessummaa, umuriin isaa kan hinbeekamneefi barreessaa kan hinqabneedha. *"Folktales are characterized by major feature that are also common to other folkloric forms such as proverbs, songs, fables, and so on. They are universal, timeless , and authorless."*(Addisu Temesgen, 2012:33).Yaada kana irraa kan hubatamu hunda galeessummaa durdurii ibsuu keessatti yeroofi bakkaan durduriin kan hindangeeffamne ta'uu isaati.

**I . Hunda galeessummaa durdurii**

Namni durdurii seenessu eessattiifi yoomillee taanaan namoota miiraafi hawwiidhaan isa dhaggeeffatan barbaada. Dubartiinis taatee dhiirri, durduriin sun kan waan dhiyoos ta'ee, kan kanaan duraas, himtee yookaan asoosama gadifageenyaan ibsamu yaada isaanii faana rarraasuun kan isaan quubsu, odeeffannoo yookaan waan nama gammachiisu, kofalchiisu, gocha gadheefi kan nama kakaasu, amantiin nama beekkamaa kan nama taasisu, waan nama dadhabsiise yookiin ba'aa jireenyarraa kan mukuu baasu waan ta'eef dhaggeefatu.

**II. Barreessaa hinqabu**

Kana jechuun abbaa dhuunfaa hinqabu jechuudha. Qabeenya hawaasati. Hawaasan kan uumamee, hawaasumaan kan raawwatuufi abbaan abbeentaa hawaasa jechuudha. *"This means that it hasn't it is own authorship. In other word when we compare oral literature with written literature it is authorless. It is the source of the society that is colleceted from" (Addisu,2012:i3).* Akka yaada kana irraa immoo durduriin abbeentaan isaa kan hawaasaa ta'uu isaati.

**III . Umuriin isaa hinbeekkamu**

Afoolli umriifi yeroon isaa hinbeekamu.Hayyuuwwan durdurii akka ibsanitti afoolawwan garaa garaa kan akka raagamtaa, af-seenaafi kan biroo maddi isaanii hawaasa yaa ta'anii malee yeroon isaanii daangaa hinqabu. Gama biraatiin Dorson(1972) akka kaa'etti, seenessi durdurii umrii maleessa.Hammuma fedhellee daangaa maleessa haata'an malee hawaasa keessatti tajaajila kennu. "*Oral literature is ageless and timeless. Scholars of folktales belonging that various of society indefinite time. On the other hand Dorson (1972) said that folktale narraton is ageless. Eventhough they are timeless, they serve certain function in the society."* jedha. Akka yaada

kana irraa kan hubatamu durduriin umurii isaa daangaa kan hinqabneefi tajaajila murtaa'aa tokkoof kan tajaajilu ta'uu isaa yaada kana irraa hubachuun nidanda'ama.

#### 2.1.1.4. Faayidaa Durdurii

Faayidaa durdurii ilaalchisee beektonni yaada hedduu kennaniiru. Fakkeenyaaf: Green, (1997:312) akkas jechuun faayidaa durdurii ibsa. "*Oral literature used as for different functions. Folktales reflect a philosophy and values of a society that produces many societies. They are traditionally served many functions.*" Yaada kana irraa kan hubatamu durduriin damee fookiloorii kan ta'e hawaasa keessatti faayidaa kennu keessaa faalasamaafi dudhaa hawaasichaa tursiisuu keessatti akka gahee qabudha. Akka Mikaa'el Jaaksan ibsutti immoo " *oral naratives can be used to facilitate the resolution of different problem of ethnic groups that face conflicts. Those problems are specifically related to ethnic conflicts which arise in everyday life.*" Haala yaada ogeessa kanatiin immoo durduriin faayidaan isaa inni ijoon walittibu'iinsa hawaasa furuu keessatti gahee akka qabudha. Kanaafuu, gosa hawaasaa naannoo tokkoo irratti durduriin haala itti bifa jaarsummaafi mariin rakkoo garee walfakkaataa gidduutti uumame hiikuuf meeshaa gaarii ta'uun isaa ni hubatama.

Finnegan(1976) faayidaa durdurii haala kanaan ibsiti. Hawaasni tokko durdurii isaa irratti hundaa'uun ilaalcha hawaasichaafi maalummaa hawaasa sanaa ibsuun akka danda'amu yaada ishee keessatti kaasti. "… *in studying of oral literature of any particular peoples it suffices to know about the view point of the people themselves with respective to outlook and functions of their narration about local typology of the narration*" jetti. Yaaduma faayidaa durdurii kana kan cimsu Taaddasaa Jaallataa,(2004:39) akkas jechuun qorannoo isaa keessatti bifa kanaan kaa'uun faayidaa durdurii ibsa. *"A folktale is a reflection of the popular societal, cultural, political, economic and traditional practices. Therefore, folktales serve valuable functions in the society they belong to."*Yaanni kun immoo durduriin calaqqee aadaa, siyaasa, dinagdeefi dudhaa hawaasaa ta'uu isaa kan hubachiisuufi waliigalaan faayidaan durdurii ibsituu raawwii hawaasaa tahuu isaati.

### 2.1.2. Akkataa Raawwii  Durdurii Oromoo

Afoolli hawaasa tokkoo tooftaa ittiin dhiyaatu ni qaba. Gosa afoolaa keessaa tokko kan ta’e durduriin akkuma gosa kanneen biroo akkataa itti raawwatu yookiin itti dhiyaatu qaba. Haalli durduriin itti dhiyaatu yookiin itti raawwatu kun akkataa raawwii durdurii jedhama.Wirtuu Jilidii 7,(1995:195) aadaa Oromoo keessatti maatiiwwan galgala galgala abidda bira taa’anii ittiin mukuu bahuuf yookiin ittiin waariifatan keessaa tokko durdurriidha. Durdurii keessatti hirmaattonni dhiyaatan: durdurii himaafi dhaggeeffattoota yoo ta’an, dhaggeeffattoonni baay’ee ta’uu danda’u. Haalli durduriin itti dhiyaatu kunis akkataa raawwii Durdurii jedhama.Haalli  kun akkataa dubbii durdurii himuutiin itti fayyadamnutu raawwii durdurii ta’a. Durduriin  haala keessatti dhiyaatu kan akka jaarsummaafaa  yoo ta’u, Durduriitti fayyadamuun sirna raawwii jaarsummaa keessatti waldhabdee garaagaraa  namoota gidduu jiru, maanguddoonni rakkoo jiru furuuf jecha itti fayyadamanii araara taasisu. Haala kanaan durduriin akkuma gooreewwanan afoolaa biroo: kan akka mammaaksaafaa fayyadamani araaraa taasisan, durduriittis dhimma bahuun waldhabdee namootaa hiikuun ni danda’ama.

## 2.2. Yaaxxina Qorannoo Fookloorii

Qorannoo tokko gaggeessuuf wantoonni irratti xiyyeeffatamuu qaban keessaa inni ijoo yaaxxina qorannooti. Zaltan (2005:235) yaaxxina qorannoo yemmuu ibsu, sakatta’a barruu keessatti yookiin jalatti qabxiin dhiyaachuu qabu inni biraan yaaxxina qorannoon sun irratti bu’uuruu qabuudha. Dhimmi kun ammo kallaattii biraan qorannichaaf dallaa akka ijaaruti jedha. Kanaaf qorannoon kun yaaxxinaalee fookloorii keessaa yaaxxina tajaajilaafi yaaxina haaalawaa irratti hundaa’uun fooklooriin kallattii faayidaa hawaasaaf kennuufi yeroo inni itti raawwatu irratti hundaa’uun  bu’uureffate qoratame.

### 2.2.1. Yaaxxina Haalawaa

Yaaxxinni haalawaa gosoota yaaxxinaalee fookloorii keessaa tokkoodha. Maalummaa yaaxxina kanaa Richard Dorson (1972) akka jedhutti, “Yeroo ammaa yaaxxinni haalawaa mala qorannoo fookloorii ta’ee, addunyaarratti beekamee jira. Keessummayyuu, qorattoota baay’ee biraatti beekkamti waan argateef qorannoon akaakuuwwan fookloorii yaaxxina kanarratti hundaa’uun geggeeffamaa jira” jedha. Kana malee, Dorson (1972:45*), “The folklore concept apply not to a text but to event in time in which a tradition is performed or communicated.”* Akka yaada

kanatti, yaadrimeen fookloorii barreeffamarratti osoo hinta'iin taatee yeroo inni itti raawwatu yookaan geggeeffamuutti kan qoratamuudha. Hayyoonni kanneen akka Roger Abraham, Dan Ben Amos, Alan Dundes, Rober Georgefi Keneth Goldsteinfaan bara 1960moota keessa yeroo yunivarsitoota Indiyaanaafi Penislavaniyaa keessatti barattoota PhD turan qorannoo isaanii kan ittiin geggeessaa turaniidha. Kaayyoon yaaxxina kanaa inni guddaafi ijoon qorannoon fookloorii aadaa hawaasa tokkoo mul'isu yookaan ibsu yoomessa uumamaa keessatti qoratamuu qabaa, jedhu. Kunis bakka fooklooriin kun itti raawwatamutti wanti qoratamu sun maal akka fakkaatu, akkamitti akka raawwatamu yoomessa uumama keessatti qorachuudha.

Bu'uuruma kanaan qorattuun yaaxxina kanatti gargaaramtee adeemsa sirna raawwii Durdurii Oromoo(sirna raawwii durdurii jaarsummaa) keessatti araara taasifame irratti hirmaattee daawwaachuudhaan dhimmoota araara irratti raawwatameefi akkataa durdurii itti fayyadaman yoomessa uumamaa keessatti waan raawwatame, erga araaramanii boodas raawwii raawwatamu irratti araaramanii dhiifama walii godhanii harka walfuudhan boodarra mijuu barbaachisuufi qaamni miidhe irra caalatti gatii adabbii irraa fuudhamee mijuun eebbaa jaarsa araaratiif dhiyaatee booda, dhugaatii irratti gaggeeffamu haala qabatama araara irratti durduriin Oromoo irratti hundooftee adeemsota jiran qaaccessitee jirti.

### 2.2.2. Yaaxxina Tajaajilaa (Functional Theory)

Yaaxxinni tajaajilaa akaakuuwwan yaaxxina fookloorii keessaa tokko ta'ee, qorannoo mataduree fooklooriin walqabatan kallattii tajaajila hawaasaaf kennuun qorachuuf kan fayyaduudha. Fooklooriin yemmuu qoratamu faayidaa inni qabuun kan qaratamuudha.Sababni isaa faayidaan kun hinxiinxalamu taanaan faayidaan fooklooriin tokko qabu osoo hinbaramiin hafa jechuudha.

Akkasumas yaaxxinni kun kan bu`uure barataa Melville Herskovits, kan ta`e nama William Bascom jedhamuuni.Wiliam Bascom (1965:41) yaaxxina kanatti fayyadamuun firiiwwan fookloorii jireenya uummataa keessatti maal akka fayyadan gadi fageenyaan ittiin qorachaa ture. Akka hayyuu kanaatti fookloorii yemmuu qorannu tajaajilli inni kennu maal akka ta'e, qorachuun barbaachisaadha.Yaaxxinni kun akkataa ijaarsa afoola osoo hintaane tajaajila afoolli hawaasa keessatti qabu irratti xiyyeeffata. Isa kana irratti Bascom(1992:175), yemmuu ibsu "..*as folklorists, we examine the verbal customary way and how it is important to the people sharing it,"*jedha. Wanti yaada kana irraa hubannu , yaaxxina tajaajilaa fayyadamuun wanti afaaniin

himamu, barsifamuu, maaliif akka tajaajilani fi akkamitti akka tajaajilan kana hojiitti hiikuuf yaadni hayyoota dhimma itti baahamudha.

Yaaxxinni kun gooroowwan afoolaa biroon hojiirra ooluu ni danda`a. Akka namni Bogatyrev jedhutti.*"The functional method expands the subject matter of ethnography."* Warabbiin Kunis, malli faayidaa afoolli saba tokkoo akka gadi fageenyaan haala saayinsaawaa ta`een ibsamuuf kan tajaajiludha yaada jedhu of keessaa qaba.Yaaxxinni tajaajilaa aadaa uummataa keessatti faayidaan inni kennu maal akka ta'e, jiruufi jireenya keessatti ga'een inni taphatu, malli ittiin qoratamu yaaxxina tajaajilaa jedhama. Dorson(1972:29)Franz Boas wabeeffachuun fookloorii yemmuu ibsu, yaaxxinni tajaajilaa fooklooriin hawaasa tokkoof akkamitti akka tajaajila kennu kan qaratuudha.

Dabalataanis, hayyuun Bascom(1992:175), yoo ibsu, aartiin mallattoo 'verbal art' jechi isaa akka ijaarsa kalaqaatti hawaasa tajaajiluu, walitti fiduu, aadaan gidduu galeessummaan akka ijaaramuuf gargaara. Haaluma kanaan beekaan kun tajaajila afoolli gara garaa qabus akkasiin ilaala: mammaksi murtii seera qabeessa dabarsuu baruuf gargaara, hibboon dhugaa qara, durduriin amala sirreessa akkasumas safuu hawaasaa eeguun waan baramoo ta`an jechoota baramoon yookiin kanneen hawaasichi itti gargaaramuun ergaa dabarsaa nama bashannansiisa, sirbi onnee gootaa cimsa jedha.Akka yaaxina kanaatti fooklooriin hawaasa yaada isaa cimsuuf, barsiisuuf rakkoo qunname jalaa baasuuf akka gargaaruu nutti yoo mul'isu asiin gaditti ibsi dhiyaateera.

**I. Aadaafi Dhuudhaa Hawasaa cimsuuf**

Dhimma kanaan walqabsiisee Bascom (1954:344) yommuu ibsu *"folklore is that which is play in validating culture, in justifying its ritual and institution to those who perform & observes to strengthen & reinforce cultural tradition,"* jedha kanarraas wanti hubatamuu danda'u fooklooriin aadaa hawasaa cimsuuf, amantaasaa mul'isuuf barsiifata hawaasichaa jajjabeessuuf, heeraafi seera hawaasaa eegsiisuun duudhaafi aadaan hawaasichaa umurii dheeraa akka jiraatu taasisuu keessatti ga'ee bakka hinbu'amne kan qabudha.

**II . Barsiisuuf**

Amaloota yaraa ta'an hawaasa keessaa maqsuufi kenneen jajjabeeffamuu qaban hawaasa keessa tursiisuuf fooklooriitti dhimma ba'anii barsisuun meeshaa filannoo hinqabneedha.*"Folklore is an educational tools for the transmission of cultural tradtions, values, & histories from generation to next"*(Bonney 1985:285). Akka yaada barreeffama armaan olii kanaatti fooklooriin meeshaa barnootaa hawaasni aadaa, duudhaa sonaa fi seenaasaa dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsu mirkaneessa.

**III . Miliqqeef**

Hawaasni tokko jiruufi jireenyaasaa keessatti wanti sirri hinta'iin akka hindagaagneef, otuu beekuus ta'ee otuu hinbeekiin karaan miidhaan namarra gahu ni jira. Miidhaa qaqqabuu danda'u kana jalaa karaa ittiin milquu dand'amu hawaasni bifa fookloorii adda addaa gargaaramee jalaa baa'uu danda'u ittiin ijoollee barsiisa.

**IV. Amala sirrii ta'e ittiin dagaagsuuf**

Hawaasni tokko jiruufi jireenyaasaa keessatti wanti sirri hinta'iin akka hindagaagneef, kan sirrii ta'emmoo caalaatti akka dagaaguuf meeshaan inni dhimma itti ba'u fooklooriidha. Kana ilaalchisees hayyuun Wendy (1971:233) wayita ibsu, *"folklore helps to maintain conformity to accept patterns of behavior."*jedha. Akka ibsa kanaatti fooklooriin amala fudhatama qabuufi sirrii ta'e hawaasa keessatti uumuuf kan gargaarudha..

Walumaagalatti yaaxxinni fayyadamaa yookiin tajaajilaa fookilooriin yookiin durduriin hawaasa tokkof akkamitti akka tajaajila kennu kan qoratuudha. Kanaafuu, namoonni afoolatti gargaaraman hundi haala barbaachisummaa isaa hubatanii yookiin faayidaa isaa irratti hundaa`anii akka itti fayyadamaniif kan carraa kennudha.Akka daayeessa kanaatti afoolli tokko faayidaa isaatiin ala yoo ilaalame hiika qabaachuu hindanda`u. Qu`annoon afoolaa gama faayidaa isaatiin geggeeffamuu qaba.

Qarattuunis yaaxxina kana faayyadamuuf yaada hayyoota kanaa bu'uureffachuun faayidaa durduriin qabu qorachuuf mata duree qorannoo qaacceessa sirna raawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo gama faayidaa durduriin qabuun qaaccessuun akka kaayyoo tokkoottis qorannoo kana keessa waan jiruuf yaaxxina kanaan walqabsiisuun itti fayyadamtee jirti.

### 2.3. Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaan kun qorannoowwan kana dura mataduree qorannoo kanaan walitti dhihaatan irratti qorataman bakka itti dhihaatudha.Qorannoon kunis qorannoo sadarkaa digrii duraa, digrii lammaffaafi sadaffaa yeroo adda addaa gaggeeffaman hamma ta'e kan qabate ta'a. Kanumarraatti hundaa'uudhaan qorattuun hariiroofi walitti dhiheenya isaanii sakatta'uufi garaagarummaa qorannoo ishee wajjin qabu ibsuuf akka ragaatti itti fayyadamtee kanaa gaditti dhiyeesiteera.

1. Qorannoo digrii duraatiin gaggeeffaman irraa yemmuu ka'amu, Dahab (1972), Yaaqoob,(1974),Wandimmuu (2001),Xurunaa(1982)fiTsaggayyee(1993)qorannoo isaanii durdurii irratti gaggeessaniiru.Isaaniis durduriiwwan Itoophiyaa keessatti bakka adda addaa jiran walitti qabuun qoratan. Akkasumas durdurii Oromoo Addisuu fi Tsaggayeen durdurii Oromoo irratti afaan ingiliffaatti jijjiiranii hojjataniiru. Qorannoo qorattuu kanaatiin garaagarummaan isaan gidduu jiru Ingiliffatti hiikanii jijjiirraa hiikatiin yoo isaan hojjatan akka qorannoo kanaatti kaayyoo gooree qorannootiin garaagarumaa kan qabuufi akkataa sirna raawwiitiin durdurii Oromoo Aanaa Daawootti qaaccessameera. Qorattoota kanneen keessaa, qorannoon xurunaafi Wandimmuu durduriiwwan naannoo Oromiyaa keessaa kan Harargee Dhihaafi Shawaa Dhihaarratti duraa duubummaadhaan kan gaggeeffaman. Haaluma kanaan Wandimmuun caaseffama durdurii Oromoo irratti gaggeesseera.Qorannoon Xurunaan durdurii irratti gaggeesse haala hurrubbii akkataa uffannaafi gahee dhaggeeffattoota durdurii Oromoo irratti kan xiyyeeffatedha. Qaaccessa raawwii durdurii Oromoo irratti wanti tuqan waan hinjirreef, qorannoo kanaan garaagarummaa qaba.
2. Qorattoonni kan akka Abdulqaadir (1982), Tasfaayee (1990), Yiheenew (1996)fi Saahiluu (1996) xiyyeeffannaan qorannoo isaanii, qaacceessa ijoo durdurii (thematic analysis of folktales) kan jedhu irratti. Haaluma kanaan qorattoonni kunneen, durduriiwwan irratti xiyyeeffachuun hawaasa hubachuuf akka madda oddeeffannootti fudhatan; durduriiwwanis, akka meeshaa dheedhitti ilaalan.Qorannoo kana wajjin garuu Qaaccessa raawwii durduri Oromooitiin walhinqabatu..

3. Qorannoo Abrhaam, Saahiluufi Yiheenew, yoo ilaallamu, qaacceessa ergaa ijoo durdurii qorachuu irraa gara durdurii, Af-seenaafi seenaa maatiifi eessa-dhuftee maatii (genealogy)qorachuudha.. Haa ta’u malee isaanis Qaaccessa raawwii durdurii Oromoo waan hintaaneef qorannoo kanaa irraa adda ta’eera.

4. Qorannoon Yiheenew raagowwan Goojjam Dhihaa gosa gosaan qooduun, durdurii , af-seenaafi seenaa maatiifi eessa-dhuftee maatii (genealogy) jechuun yammuu ramadu, durdurii immoo, kan bineensotaa, dinqisiisaa, kan mammaaksawaa jechuun qoqqoodeera. Kana qoratee ramaduun isaa cimina ta’us akkataan sirna raawwii afoola tokkoo qo’annoo afoolaa keessatti xiyyeeffannaa guddaa argachuu qaba kan jedhu dagateera.Kanaaf, qorannoo kun immoo Qaaccessa raawwii durdurii Oromoo irratti xiyyeeffatee qaacceffameedha.

5. Qorannoowwan Abraam,Saahiluu, Tseggaayee, Waakkenneefi Dabalaa hamma ta’e wafakkaatu. Qorannoo isa kanaanis durdurii hawaasa Oromoo irratti qorachuu isaanitiin walitti dhiyaatu. Kanas kan qoratan,Oromoo Jimmaa,Oromoo Booranaa, Qeellam Wallaggaa, Durdurii Oromoo Karrayyuufi Godina Wallagga Bahaa Aanaa Eebantuu irratti. Warra kaawwan wajjin qorannoo Dabalaa wanti adda taasisu, qabiyyee durdurii akkuma jara kaawwaani ilaaluun alatti bifiyyee durduriitis xiinxalee jira. Qorannoon Dabalaafi kan qorannoo kanaa hamma ta’e, walfakkaata. Haata’u malee, bakki qorannoo itti qoratameefi kaayoon gooree qarannoo kanaa garaagarummaa qaba.

Kanaafuu, irra-jireessan kaayyoon qorannoo qorattoota kanaafi qorannoo kanaa Durdurii Oromoo irratti haaqoratamu malee, qorattuun bakka itti qorateefi qaaccessa raawwii durdurii Oromootiin wanta ilaaltuuf kan isaanitiin adda ta’eera.

# BOQONNAA SADII: MALA QORANNOO

Boqonnaa kana keessatti maalummaa saxaxa qorannoo, tooftaa qorqnnichaa, iddattoo, mala iddatteessu, madda ragaa, meeshaalee funaansa ragaalee, malleen qaacceessa odeeffannoo qorannichaafi naamusa qorannicha keessatti itti gargaaramuuf yaadameetu dhiyaate.

## 3.1. Saxaxa Qorannicha

Saxaxni qorannoo waliigala qorannicha kan to'atu ta'ee, qorannichi maal akka fakkaatufi maal irratti akka bu'uureffate agarsiisa. Yaada kana kan deeggaru, Addunyaan(2011) (cohen, manionfi morison, 2005:73), wabeeffachuun akka ibsetti, *"Research diesign is governed by the nition of fitness for purposes the purpose of research determine the methodology and design of the research "* jedhu, Haaluma kanaan qorannoon kun kan xiyyeeffate. Qaaccessa raawwii Durdurii Oromoo irratti yoo ta'u, Sababni qorannoo ibsaa kana fayyadamteef wantoonni durdurii irratti dubbataman maal akka ta'an jechootaan ibsuu waan danda'amuufiidha.

Malli qorannoo qulqulleeffataa kan of keessatti qabate, adeemsa ragaa duraa ta'ee kan gaaffii banaafi lakkoofsa hinqabne waan ta'eefi xiinxallii ragaa tokkoffaa immoo kan lakkoofsa hintaane ta'uu isaa ibsa (zooltan,2007:19). Kanaafuu, akaakuun qorannoo kanaa gaggeessuuf, akkataan odeeffannoo itti funaanamu gosti odeeffannoo, akkataan ittiin qaacceeffameefi itti ibsamu, qorattuun odeeffannoo maddoota garaa garaarraa argaman qaacceessuuf mala qorannoo akkamtaatti gargaaramteeti. Sababa malli kun filatameefis, qorannoon tokko haala ibsuu irratti xiyyeeffata yoo ta'e, tooftaan qorannichaas ibsa dha. Kun immoo ragaawwan af-gaaffiifi marii gareetiin funaanaman xinxaluuf mijataadha. Yaada kana Addunyaa (2011:63) yoo ibsu, *"Qorannoon tokko haala ibsu irratti xiyyeeffata yoo ta'e, saxaxni isaas ibsa akkamtaadha."* jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti qorannoon tokko jechaan ibsama yoo ta'e, malli qorannichaas ibsa ta'a.

## 3.2. Mala Iddattoo

Qorannoo tokko gaggeessuuf iddattoo qorannichaa murteessuun barbaachisaadha. Kunis namni qorannoo gaggeessu tokko hawaasa naannoo qorannicha itti gaggeessu hunda hirmaachisuuf humni, baajatniifi yeroon waan isaaf hineeyyamneef iddattoo filachuu qaba. Haaluma kanaan, Gandoota Aanaa Daawoo keessatti argaman 22 keessaa qorannoo kana geggeessuuf mijataafi

fagoo kan hintaane Gandoota 5 filachuudhaan maanguddoota 9fi barattoota 12 irraa odeeffannoon walitti qabameera. Adeemsi filannoos mala iddattoo kaayyeffataafi iddattoo eerummaatti dhimma bahuun filatama.

### 3.2.1. Iddattoo Kaayyeeffata

Malli iddaattoo kaayyoo odeeffannoo barbaachisaafi qabatamaa qaama waa'ee dhimmichaa hubannoo qabu irraa kallattumaan argachuuf gargaara. Yaada kana Dastaa (2013: 136) yoo ibsu, "Yemmuu mala kana fayyadamnee odeeffannoo funaannu odeef-kennitoota itti yaadneetuma filanna." jedha. Haaluma kanaan barattootni kudha lama (12) akka iddattootti filatamuun ragaan irraa funaanameera.

### 3.2.2. Iddattoo Eerummaa

Iddattoo eerummaan dhimma tokko irratti nama beeknu irraa ka'un nama kan biraa dhimmicha gad fageenyaan beeku iyyaaffachuudhaan bira ga'uun odeeffannoo irraa fudhachuudha. Sababni kun filatameef namoota (manguddoota) Aanaa Daawoo keessa jiraatanii durdurii bal'inaan beekan hunda isaanii beekuun ulfaataa waan ta'eefiidha.. Haaluma kanaan maangudoota sagal(9) irraa ragaa funaanameera.

## 3.3. Madda Odeeffannoo

Madda odeeffannoo  jechuun burqaa deebii gaaffilee qorannoo tokkooti.Qorannoo kana keessatti madda ragaa ta'anii kan odeeffannoon irraa funaaname hawaasa Aanaa Daawoo jiraatan keessaa maanguddootafi barattoota dhimma kana irratti ragaa keennu danda'u jedhamanii yaadamniidha. Maddi odeeffannoo qorannoo tokko iddoo lamatti yoo qoodamu, isaaniis madda ragaa duraafi madda ragaa lammataati, (Dastaa, 2013:44). Kanumarraa ka'uun , qorattuun haala qabatamaa jiru faana madda ragaa duraa kan ta'an maanguddoota dhiiraa 7 fi dubartii 2 walitti 9 irraa  af-gaaffiidhaan, barattoota bakka qorattuun bira hingeenye irraa dhufan dhiirota 8fi shammarran 4 irraa marii xiyyeeffannaa gareetiin walumaagalatti maanguddoota 9fi barattoota 12 irraa durduriiwwan 55 yammuu seenessan sagalee isaanii teeppidhaan waraabameera.

Maqaan namoota durduriiwwan irraa fudhatameefi baay’ina durduriiwwan himanii akka itti aanutti dhihaateera. Maanguddootarraa Obboo Lataa Xuruuraa  durduriiwwan 3 , Aaddee Tsiggee Abarraa durduriiwwan 5, Obboo Fayyeeraa Galaalchaa durduriiwwan 5, Obboo Dhugumaa Safaraa durduriiwwan 4, Obboo Tsaggayee Guutamaa durduriiwwan 3, Obboo Taaboree Dinqaa durduriiwwaan 3, Aaddee Sobbooqee Galaalchaa durduriiwwan  3, walumaagalatti maanguddoota  9 irraa durduriiwwan 34 ta’an yemmuu funaanaman, haalli odeeffannoo jalqaba ittiin argame qorattuun gara waajjira  aadaafi Tuuriizimii dhaquun wantoota jiru gaafatte. Waajirri Aadaafi Turiiziimi Aanaa Daawoo dhimma fookiloorii keessaa afoolafi kanneen biroo dabalatee gareedhaan hamma ta’e walitti qabee galmeessee teechiseera. Kanaafuu, yemmuu galmeessan kana namoota muraasa eeraniiru, kan  isaan walitti qaban garuu kan maxxanfamee miti; namoota isaan hineerin immoo qorattuun iddattoo eerummaafi kaayyeffata fayyadamuun, durduriiwwan funaanatte, kanas kan gargaaramte  hojiin  aanaa sana waan yeroo baay’ee turteef   haala isaa keessaa waan beektuuf namoonni gaafataman eeyyamamoo ta’aniiru. Odeeffannoo  namoota kana irraa funaanuu osoo hinjalqabin dura, namoota teessoo isaanitiin bira dhaqqabuun eeyyama isaanii gaafachuun sagantaa qabsiifateetti.

Gama biraatiin barattoota mana baruumsa Buusaa sadarkaa lammaffaa gandoota aanichaa fagoo irraa dhufan kanneen durdurii himuuf fedhii qaban iyyaafattee adda baafachuun dhiirota 8fi shamarran 4 yoo ta’an; Maqaan isaaniis: Barataa Kaasaahuun Tarreessaa  Ganda naannoo Gabri’eeli,  Barattuu Jirgifee Tolasaa Ganda Xuxee quncee, Barattuu Urgee Asaffaa Ganda Naannoo Gabri’eeli, Barattuu Obsee Isheetuu Ganda Naannoo Gabri’eeli, Barataa Naa’ol Dinqaa Ganda Ulmaa Buusaa, Barataa Guutuu Mirgiisaa Ganda Seedaree Girmii, Barataa Caalaa Badhasaa Ganda Waajituu Sunxaaree, Barattuu Tolashii Guutaa Ganda Xuxee Quncee, Barataa Taaboree Abbabaa Ganda Xuxee Quncee, Barattuu Siifan Waaqjiraa Ganda waajituu sunxaaree, Barataa Magarsaa Olaanii Ganda Ulmaa Buusaafi Barataa Gammachiis Soorii Ganda Naannoo Gabri;eeli  garee namoota jaha jahaan marsaa lamaan gaafa guyyaa 18/05/2013fi 19/05/2013 mana baruumsa Buusaa sadarkaa lammaffaatti waltajjii qopheessuun durdurii beekan marii xiyyeeffannaa garee fayyadamuun akka walitti himan gochuun durduriiwwan 21 ta’an yemmuu waliif seenessan sagalee isaanii teephidhaan  warabbatteera. Walumaagalatti gandoota baadiyyaa 5fi magaala 1 irraa duduriiwwan 55 namoota 21 irraa funaanameera.

### 3.4. Tooftaalee Funaansa Ragaa

Meeshaan funaansa ragaa qorannoo tokko gaggeessuuf barbaachisan hedduudha. Akka kaayyoo qorannichaatti kanneen adda adda fayyadamuun ni danda’ama. Akka kaayyoo qorattuu tanaatti meeshaaleen funaansa ragaa itti fayyadamte, af-gaaffiifi marii garee adeemsistee qaaccessa ragaa ishee ittiin fayyadamtetti.

#### 3.4.1. Daawwannaa

Dhimma mata duree kanaa irratti odeeffannoon daawwannaan funaanamuun murteessaa waanta’eef qorattuun meeshaa funaansa ragaa daawwannaa fayyadamteetti.Daawwannaan mala odeeffannoon akkamtaa (qualitative researcher) ittiin funaanamu keessaa tokkodha. Kunis durduriin sirna jaarsummaa keeessatti yemmuu himamu,bakka sanatti argamuun daawwannaa gaggeessuudha. Dastaa, (2002:90)“qorataan iddoo qoranicha gaggeessu sanatti yeroo yeroodhaan argamee qaama qoranicha irratti gaggeessu sana hordofa” jedha. Kana malee, Dastaan(2013) Yaalew (2006) wabeeffachuun yoo ibsu, qorataan tokko daawwannaadhaan waan hubate tokko irratti hundaa’uun waa’ee waan hubatee sanii murtii laachuu danda’a “ jedha. Haaluma kanaan yeroo durduriin himamu, akkamitti akka himamuufi yaadota durdurii keessatti dhiyaatan, jalqabaafii xumurarratti jechoota yookiin yaadota itti fayydaman, suur-sagaleen waraabamee suurri kaafamee, sagaleen immoo barreeffamatti jijjiirameera. Kunis yoomessa uumamaa bakka argamutti jaarsummaa waldhabdee obboolaa laman Dargaggoo Tashoomaa Kabbadaafi Dargaggoo yohaannis Kabbaadaa hirannaa qabeenyaa lafa warraa irratti waldhabdee obbolaa lamaan gidduutti uumame yemmuu jaarsummaan taa'amu, yoomessa uumama fayyadamuun daawwannaan taasifameera Akkaatuma kanaan maanguddoota jaarsumaa taa’an birattis argamuun, sirna jaarsummaa keessatti akkataa namootni waldhabdee qaban bifa araara buusan, durdurii fayyadamuu danda’amuun yeroo sanatti argamuun qorattuun yeroo jaarsummaan gaggeeffamu keessatti akkaataa raawwii durdurii jaarsummaa adeemsifame keessatti hubachuuf daawwannaa itti fayyadamtee jirti.

Akkasumas galgala mana maanguddootaa dhaquun durdurii yemmuu himan adeemsa isaanii hordofaa daawwachuun yoomessa uumamaa fayyadamtee jirti. Yoomessa namtolchee (induce setting) uumuun, mana barumsattis ragaan durduriiwwanii barattootarraas sassaabbameera. Walumaagalatti gandoota baadiyyaa 5fi magaalaa 1 mana barumsa sadarkaa 2ffaa Buusaatti

argamuun daawwannaadhaan dhimma durduriin walqabate yoomessa namtolcheefi yoomessa uumamaatiin barattootafi maanguddootarraa ragaan funaanameera. Haaluma kanaan qorattuun gandoota iddattoof filataman ganda  Naannoo Gabri'eelii mana Aaddee Tsiggee Abarraa galgala gaafa guyyaa 02/05/2014fi mana Aaddee Sobbooqee Galaalchaa galgala gaafa guyyaa 04/05/2014 dhaquun durdurii akkataafi seera  kamiin ijoollee isaanitti himan daawwachuudhaan boqonnaa 4 keessatti  qaaccessiteerti.

### 3.4.2. Af-gaaffii

Af-gaaffiin mala funaansa ragaa qorannoo tokkoof bu'uura. Sababni af-gaaffii fayyadamteef Meeshaan funaansa ragaa kun qorattuun odef-kennoota waliin fulleetti wal arguun ykn walitti dhiyyaachuun odeeffannoo argachuuf gargaara, yeroo barbaadame fooyya'uu danda'a. Odeeffannoo kennaan deebii gaaffii wajjin hindeemne , qorattuun gaaffii fooyyeessuun akka karaatti deebi'u gochuun danda'a. Gama biraatti namoota barreessuufi dubbiisuu hin dandeenyee irraa odeeffannoo fudhachuudhaaf mijataadha. Akasumas, gaaffiilee banaafi cufaa odef-kennitoota gaaffachuudhaan yaada bal'aa argachuu nama dandeesisa. Yaada kana Dastaa, (2013: 111) yoo ibsu: *"Af-gaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon itti funaanamu tokko ta'ee, kan qorataafi od-kennaan fulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennan. Odeeffaannoo af-gaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasiisu qorattuun gaaffii ishee sirriitti ifa gootee akka ibsuuf odeef-kennaa gaaffachuu danda'u isheeti."* Kana wajjin walqabatee qorattuun odeeffannoo kennitoota irraa eeyyama fudhachuun karaa ifa ta'een durdurii isaan itti himan teeppiidhaan waraabbatteera. Sababni teeppi rikardarii fayyadamteef yaadni dubbatame keessaa akka hinhafneef, ragaa bade irra deebi'ani sirreessuun waan danda'amuufi yeroo af-gaaffii qusachuufi odeeffannoo kenname irra deebi'anii dhaggeeffachuuf carraa waan kennuufi.

### 3.4.3. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Mala kana qorattuun kan itti fayyadamteef ka'umsa ishee jalatti gaaffilee bu'uuraa dhihaatan keessaa waan mirkaneeffachuu barbaadu waan jiruufi. Haaluma kanaan barattoota mana barumsaa Buusaa sadarkaa 2ffaa barachaa jiran keessaa 12 kanneen durdurii himuu danda'an erga iyyaafattee argattee booda, waltajjii qopheessuun garee lamatti qooddee guyyaa lamatti durdurii isaan walitti himan akka qooddattuutti keessa teessee akka waliif seenessan sagalee isaanii teeppidhaan akka warabdu tasiste. Daawit and Alemayuhu,(2002: 113 )*"using a tape*

*recorder in interview has the following advantage. There are avoiding omissions, distrotion and modification of data, saves information."*

### 3.5. Mala Qaacceessa Ragaalee

Mallii qorannoon kun itti qaacceeffame mala ibsaa yookaan akkamtaati. Odeeffannoon af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin walitti funaanaman gadifageenyaan qaacceffamanii ibsamu waan ta'aniif mala kanatti dhimma bahuun qaacceeffameera.Haalli adeemsa qaaceessuus dura, odeeffannoowwan maanguddootafi barattoota irraa funaanaman walitti gurmeeffame. Achii booda, ragaalee gurmaa'an kana mala qaacceessa qulqulleeffataatti fayyadamuun ibsamera.

### 3.6. Naamusa Qorannoo

Qorannoon yeroo gaggeeffamu adeemsaafi naamusa mataa isaa niqaba. Namni qorannoo gaggeessuus ofeeggannoo gochuun dhimma qoratu sana seeraan adeemsisuutu irra jiraata. Kunis hawaasa sanaan walfakkaatanii akka isaaniitti yaaduufi rawwachuun safuu hawaasichaa eegaa itti deemuudha. Qorattuunis hawaasa kana wajjin turtee waan gochuu qabduufi dhimma lagachuu qabduu akka itti himan gaafatte.Sana booda mana isaaniitti argamuun waan waraabamus fedhii isaanii gaafachuun sagalee isaanii haala amanameen waraabbattee qorannoo ishee itti fufte.

### 3.7. Barreefamatti jijjiiruu(Transcption)

Tooftaan kun adeemsa sagalee karaa barreeffamaatti ittiin jijjiraniidha.kana gochuuf sagalee waraabame sana irra deddeebi'anii dhaggeeffachuuniidha.Kuni sakkataa namootni sun yookiin dubbii abbaa ragaa saniitiin gara barreeffamaatti jijjiiruudha. Kana malees dhimmoota irra deddeebi'ee ka'an irraa gatuuf gargaara. Kunis sagalee, jecha, gaaleefi hima faa ta'uu danda'a. odef-kennitootaa afaan loogaa ta'uu danda'a. Afaan hojii afaan idilee waan ta'eef afaan odeef kennitootatiin afaan waltawaan walsimsiisuuf fayyada.

# BOQONNAA AFUR: RAGAA DHIHEESSUUFI QAACCEESSUU

Boqonnaa kana jalatti durduriiwwan akkaataa duraa duuba maanguddootaafi barattoota irraa fudhataman irratti hundaa'uun, tartiiba lakoofsa 1 hanga 55 jiraniif kennameefi carraa tasaatti fayyadamuun durduriiwwan 24 ta'an boqonnaa 4 jalatti carraa argatan irratti bu'uureffachuun yoo qaacceffaman, kanneen hafan immoo mirkaneeffannaa dhugummaa isaaniitiif jechas, durduriiwwan funaanaman hundi isaanii dabalee qorannichaa jalatti tartiiban walitti qabamanii kaawwamaniiru.

Durduriiwwan qaacceffamanis tartiibni lakkoofsaa dabalee jalatti kennameefiin yeroo carraaa argatan, filatamaniitiin yoo tarreeffamuun qaacceffaman; akkaataa tartiiba isaanitti durdurii 2ffaa, 5ffaa, 7ffaa, 11ffaa, 12ffaa, 14ffaa, 15ffaa, 18ffaa, 23ffaa, 28ffaa, 30ffaa, 34ffaa, 39ffaa, 40ffaa, 41ffaa, 42ffaa, 44ffaa, 46ffaa, 49ffaa, 50ffaa, 51ffaa, 52ffaa, 53ffaafi 55ffaa'n yoo ta'an; akkaataan qaaccessaa kaayyoo irratti hundaa'uudhaan tartiiba kaayyootiin armaan gaditti qaacceffameera.

### 4.1. Raawwiin Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo akkataafi sirna keessatti himamu ibsuu.

Akka odeeffannoon od-himtootarraa daawwaannaan fudhatametti akkataan raawwii durdurii Oromoo akkuma aadaafi safuu hawaasichatti sirna raawwii adda addaa keessa galuun ergaa dabarsuu danda'u ni qaba.Durduriin sirna keessatti mul'achuun raawwatamuu danda'u keessaa sirni jaarsummaa yookiin sirni araaraa isa tokkoodha. Akkasumas,mana maanguddootaatti galgalala durdurii maanguddoonni maatii yookiin ijoollee isaaniitti yemmuu himan akkataa raawwiin durdurii itti hubatame ni mul'ata Haaluma kanaan durduriin yemmuu himamu, akka kanaa gaditti akkataan raawwii durdurii dhiyaatera.

#### 4.1.1. Akkataa Raawwii Durdurii Oromoo Sirna Raawwii Jaarsummaa keessatti Maanguddootaan Yemmuu Himamu

Sirna raawwii jaarsummaa keessatti argamuun akkataa raawwii durdurii Oromoo hubachuuf daawwannaa gaafa guyyaa 01/05/2013 dallaa Obboo Wandasan Xilahuun keessatti taasifameera. Dhimmi jaarsummaa kunis obboleewwan lamaan qabeenya warraa irratti waldhaban Dargaggoo Yohaannis Kabbadaafi Tashoomaa Kabbadaa walitti araarsuuf yoo ta'u, maanguddoota sirna raawwii jaarsummaa keessatti araaraaf argaman wajjin argamuun daawwannaan yemmuu

taasifamu, Maanguddoonni kunneenis, Obboo Fayyeeraa galaalchaa umurii 69, Obboo Baalchaa Dassee umrii 70, Obboo Shibbiruu Bulbulaa umurii 67fi Obboo Gizaachoo Kabbadaa umurii 65 yemmuu ta'an maanguddoonni araara keessatti argaman kun yemmuu araaraa raawwatan haalli keessa darban akka kanaa gaditti akkataa raawwii durdurii Oromootiin qaacceffameera.

#### 4.1.1.1. Sirna Raawwii Jaarsummaa Araaraan dura jalqaba Sirna Eebbaan yemmuu jalqabamu

Sirna raawwii Jaarsummaa keessatti araaratti seenuun dursa eebbatu taasiffame. Sirni raawwii eebbaa kun, maanguddoonni raawwiin araaraa akka milkaa'uuf dursa eebbatti yoo seenan. Yeroo kana maanguddoonnifi warri waldhabdee qaban hundi isaanii harkaan lafa qabatanii warra walitti mufatan araarsuuf akkana jechuun jalqaban:

"Waaqni nagaan nu bulche, nagaan nu haa oolchu,......nuhaa bulchu,...,dogoggora nuhaa oolchu,…nuhaaoolchu,…irraagora nuhaaoolchu,.. ilaa,..akka lafa bal'oo kanaatti garaa waliif baladhaa! ilaa,.. akka dachee kanaatti biqilaa!...,ilaamee...dacheen tun waa hunda baattetti waldanda'aa! ..." jechuun saaqumsi araaraa eebban taasisameera.

Ergaan yaada eebbaa kanarraa hubatamus 'harkaan lafa qabachuun,' akka maanguddoo Obboo Fayyeeraa Galaalchaa jedhanitti "Oromoon harkaan lafa qabatee Waaqa Uumaa isaa kadhata. kunis uummata Oromoo biratti lafti akka haadha manaatti, samiin akka abbaa warraatti fakkeeffamee yookiin bakka bu'a waan ta'eef harkaan lafti qabatamee kadhatama. Lafti waa hunda baatti, haati manaatis waa hunda maatii irraa dhufu sassabdee qabdi, dandeessis, kanaaf haadha manaatiin lafti fakkeefamti. Oromoon seera qaba. Oromoof lafti kabaja. Egaa lafti hiika waa hedduu qaba. Lafti qabeenya, jiraannus, duunus, lafa keenyarra hindarbinu. Oromoon maatii isaas ni kabaja.Oromoon seera qaba.Seerris hiika qaba. kanaaf harkaan lafa qabannee Waaqni akka nuu araaramuuf, Waaqa uumaa keenya kadhanna."jedhu. Akka yaada maanguddoo kanaatti Oromoon durii kaasee sirna raawwii tokkoof seera kan qabu yoo ta'u, seerri kunis hiikaa kan qabu ta'uu namatti mul'isuu isaati.Uummata Oromoo biratti lafti qabeenyaa qofaan kan ilaalamu osoo hiintaane, jireenyaa hanga du'aatti wantota jiruufi jireenya keessatti barbaachisan maraaf lafaan adda bahuun akka hindanda'amnetu hubatama. Sirna eebbaa kana keessatti

"ilaamee,...,ilaa,..akka dachee waa hunda baattetti waldanda'aa!,.."

jechuun yemmuu eebbisan lafti waa hunda akka danda'uu kan waldhabanis waahunda obsuun waldanda'anii bira walii darbuun akka araaraman, akka walii dhiisan akeekkachisuu isaati. Haala sirna Eebbaa kanas suuraa armaan gadiirraa hubachuun ni danda'ama.



Suuraa 2 yeroo saaqumsa araarraa eebba maanguddootaan taasifamu.

#### 4.1.1.2. Akkataa Raawwii Durdurii Oromoo Sirna Raawwii Jaarsummaa keessatti yeroo Araarri taasifamaa jiru

Yeroo kana maanguddoonni araaraa rakkoo waldhabdee obbolaa, yaada isaan lamaan gidduu jiru fudhachuun rakkoo jiru yoo ilaalan, rakkoon kunis qabeenya warraa walqixa hirachuu dhabuu irratti yoo ta'u, dargaggoo Tashomaan, " inni lafa gara caalu jara nuuf hiraniin dursa walii galee fudhate,koo xiqqaadha " jechuun yaada isaa kennun himate. Dargaggoo Yohaannis immoo “ lafti isa lafa gabbattaa, kan midhaan gahaa ta'e kennuu waan ta'eef, dursumaa maanguddoonni anaaf irra caalchisanii kan naa kennan kana ilaalaniiti malee, hangafummaan miti kanan fudhadhe, koo hamma isaa oomishaa hintolchu" jechuun yaadasaa yoo kennu. Maanguddoonni, yaada kenname fudhatanii, yaada araaraa yemmuu kennan, Obboo Fayyeeraa Galaalchaa "... hirannaa warra keessanii hirachuu irratti waldhabdani, ....lafti nyaattee nama fixxi malee lafa nyaatanii hinfixani.,,"jechuun yaada bal'aa kennuun durduriitti yemmuu fayyadamanitu mul’ata:

Durdurii "Egaa akkana,..., namichatuu qabeenyaa qabaati obboleessi isaa homaa hinqabutii hiyyeessaatii, yoo obboleessi rakkatus homaa hingodhuufitii, warri ollaa "maal obboleessa kee rakkate kanas hingatinkaa waa godhiifii "jedhaniin. Innis didee "obboleessi koo qabeenya kooti" jedheen, warra ollaatin. Kan gaaf kaanii warra ollaa isaa tumaalessa qalee waamuuf jedhee yoo ilaalu, haalli warra ollaa isaa itti toluu dide. Itti toluu didee jennaan....."maaloo nadhaqabaa namni naharkatti baddalamee" jedheen warra ollaatiin. Warri ollaatis, "quufetoo nama ajjeese kunoo! nuufis boru kanuma hinqabsiisna malee" jedhanii foolisii, namoota itti wamani, yoo olitti seenan, tumaalessa qaleetoo kaa'e jiraati, nama du'e dhabanii tunaalessa qalee sana kenneefi nyaatanii galan. Ammas kaa'eetoo tumaaleessa qalee obboleessa isaa rakkataa sanaan "maaloo nadhaqabi namni naharkatti baddalamee" jedheen. Obboleessi warri ollaa isaa akka isa hindhageenye dhoksuuf jecha kaatee dhufee meerree! Meerree! akka namni nuharkatti hinagarree jedheenii isaaf dhoksuuf yoo jedhu tumaaleessa qalee sana itti agarsiise. Wajjumaan nyaatanii ergasii booda obboleessa isaati yaaduu qabe,...." jedhama kaa. Kanakaa,… yaajoollee koo…..

Akka maanguddoon durdurii armaan olii kana himanitti haalli raawwii durduriin kun itti dubbatame jalqabarra "egaa akkana,."jedhanii jalqabuun isaanii yaada waldhabdee obbolaa lamaanii sanaafi durdurii himan walitti fidanii akka araarsuuf tolutti,himuu jalqabuu isaanii waan ta'uu malu raawwii durdurii kanaan walqabsiisuun hubachiisuufiidha. Itti aansee durdurii himame keessattis "…yoo ilaalu, itti toluu dide. Itti toluu didee jennaan....... "maaloo nadhaqabaa namni naharkatti baddalamee "jedheen. Yaadni kunis kan jedhaniif immoo irraddeebi'uun itti toluu dide, itti toluu didee jechuun yaadni jaarsummaafi durduriin xiyyeeffannoo akka argatuuf kan raawwate ta'uufi ijoollittiin obbolummaa isaanii akka yaadatan, akka mararteen hidda dhiigummaatiin waliin jiraatan, yaadicha cimsee hubachiisuun, araarsuuf ta'uu isaati. Akkasumas, " jedhama kaa., … kanakaa,… yaajoollee koo….. " jedhanii durduricha xumuruun, immoo durdurii dhaggeeffatan kanaan, rakkina jiru sirritti hubachiisuuf qalbeeffannaan itti yaadanii akka araaramaniif durdurichi kanaan xumuramuu mul'isa.Kanaaf "akkanakaa jechuun maanguddoo, yaada jiru ijoollittiin rakkoo waliin akka walqabsan, ta'uu isaati. Wanti raawwii durdurii Oromoo kanarraa hubatamu,sirna jaarsummaa keessattis akkuma sirni raawwii jaarsummaafi sirni raawwii eebbaa walqabatanii dabaree walharkaa fuudhan,raawwiin durduriis haalli itti dubbatamu yaadni tokkorra tokkotti yoo darbu, sirna raawwii jaarsummaa waliin akkataan itti dubbatan ergaan dabaru raawwii mataa isaa kan qabu ta'uu isaatu hubatama. .

Akkatuma kanaan durduriin biroos dabalataan yemmuu sirna raawwii jaarsummaa kana keessatti itti fayyadamani yeroo himan ni mul’ata. Durduriin kunis jalqabarra yoo dhiyaatu, “ammas,.,...mee akkana,.....akkana ta'e,... namichatuu Ijoollee torba qaba jedhama,...  “ jechuun yoo jalqaban, jalqabbiin kun yoo ilaalamu,  durdurii kanaan  haalli ka’uumsa isaa wanta  dursa ta’aa jiru yookiin dhimma durusuma dubbatamaa, himama jiruu akkataan itti cimsuuf deemamtu ifatti mul’ata. Kanas, “ammas mee ,..akkana ta’e,” yaada jedhurraa ka’uun,waan dursa ta’eefi ta’aa jirutti ceessisuun yaadicha yookiin dhimmicha cimsuun hubachisuuf ta’uu isaati. Durdurii “namichatu ijoollee torba qaba ture,” kunis yoo itti fufu,

Durdurii, ".Egaa akkana ... namichatu ijoollee torba qaba ture ijoollittiin walii hingalan ture,.. ka'eetoo ulee jabaa tokko qopheessee, ijoollee isaa torbaniifu ulee(muka jabaa) qopheessee,... tokko tokkoo isaaniitiin cabsaa jedhee itti kenne. Isaan hunduu qofaa qofaa cabsuu dadhabanii amma ammoo torba ta'aatii qabaa  cabsaa mee jedheenii torba ta'anii cabsan."jedhama kaa.”

Isinis yoo tokkummaa qabaattan akkuma ijoolleen qofa, qofaa ta’anii ulee jabaa tokko cabsuu dadhabanii dhumarra waliin ta’uun tokkommaadhaan ulee tokko cabsan, isinis yoo waltaatanii tokkummooftanii walii galtanii jiraattan,  diinnillee isinitti hinroorrisu,.... yaada durdurii kanarraa kan hubannukaa waliigaltee qabaattanii yoo walii yaaduun, wajjin jiraattan qofadha. Yoo walitti haajeffattanii lafa irratti waldhabdanii kanumaan wallolaa baatan diinaf saaxilamtu.Mee  kana dhiisatii waliigalaa,waliigalaa kan biraatuu argachuu dandeessutii, suuqii nagadachaa jirtan kana illee waan biraatti jijjirtuti,..warri keessan lafa kana dhiisaniitu sokkan mitiiree,.. wayfudhanii deemanii, dhiisaniituma deeman. Yaa ijoolle, waliidhiisaa lafti nyaattee nama fixxi malee hindhumtuutii walii galaa, ” walii galan alaa galan” jedha Oromoon keenya,..jechuun yaada araaraa kennan (Obboo Fayyeeraa Galaalchaa, Ganda Naannoo Gabri'elirraa).

Akkataan raawwii durdurii kanaas akka armaan gaditti yoo ilaalamu, durdurii himuu jalqabuun dura, “ammas,.,...mee akkana,.....akkana ta'e,... namichatuu Ijoollee torba qaba jedhama,...” jedhanii durdurii himuu yoo jalqaban, …ammas mee akkana, akkana ta’e, kan jedhu kanaa olitti akkuma hubanne, yoo jedhanii  dubbatanii raawwii durduriin  yemmuu jalqabamuun himamu, yaadni hinxumuramne, araarri taasifame kan hinxumuramin ta’uufi yaadni dabalataa akka barbaachisu dubbii raawwii durdurii himaame kanarraa hubatamuun danda’ameera.

Maanguddoo Shibbiruu Bulbulaa immoo yaada kana akkasiin harkaa fuudhuun "mee na ofkalchaa!", "ofkali", ........,egaa akkana....., durduriin maanguddoon nutti himan yaadni isaani kun, garaa koo dhadhaa na obaase, jechuun abbala. maali jennaan, isinumtuu, lafa irratti waldhabdan isaatii, fulduratti akkamiin akka waliin jiraattan isinitti waa mul'sa. waa nama hubachiisa. Tokkummaafi jaajala yoo qabaattan waan hunda argachuus, raawwachuus dandeessu. Gidduu keessan diinni akka hingalle yaada durdurii kanarraa waa hubachuu dandeessu jenne abdanna.innuman isin ilaaluu, waa akka hubattan,natti mul'ata. Akkuma dursa ka'e lafti nyaattee nama fixxi malee, lafa nyaatanii hinfixanitii yaa ijoollee koo! walhindhabnaa! walii galaan isiniin jedha.jechuun yaada yoo kennan,

Obboo Baalchaa Dassee, yaada harkaa fuudhuun, maanguddoonni baay'ee dubbatanii mee ani baay'es hinjedhuutii, mee walii galaa, garaan keessan waliif haa hiikkatu, gidduu keessanii seexanni haabahu, isin ilmaan tokko, ekeraan warra keessanii hinrarraasinaa, ekeraan isni gaafata! dursa maalfan callisee, jaarsumaa duraani keessatti yemmuu hirattan keessa waanan jiruuf mee ammammoo maanguddoonni kun haa ilaalan jedheen, walii galaa "walii galan alaagalan" jenna mitiiree, ........

Maanguddoo Gizaachoo Kabbadaas, mee afachaa, yaa maanguddoo ijoolleen kun lamaan mee nurraa haaguddatan, mee nurraa guddadhaa, maanguddoonnis,.. "mee nurraa guddadhaa" jedhaniin...

yaanni "mee afachaa, mee nurraa nurraa guddadhaa" jedhu kunis obbolaa lamaan waldhaban biratti mariin waan itti hintolleef maanguddoonni qofaatti mar'atanii murtee kennuuf yemmuu yaada jechaa ibsuuf deemamutu mul’ata.Marii irrattis obboo shibbiruun "lafti ijoolleen kun irratti waldhaban kun lafa coomaa, karkarsa ta'uu isaati kanaafiyyuu osoo gara lamaanifu waa ilaallee booda obbolaa lamaan keessaa isa miidhame jedhe kanaaf waa ilaallee"jechuun yaada murtee yoo kennan, maanguddoommi,.... yaada waamuun ta'uufi maluu kennuun, dabareen ijoollee lamaan waamuun,... yaada irraa fudhatanii mar'achisanii booda atis ilma koo waa itti siqiif haa siquutii nuuf dhiisi jedhaniin. Isa hangafaas waamuun, atis waa siqiifi " jedhan. Obboo Baalchaa Dasseetiis yaada dabalataa yoo kennan; egaa maanguddoon gaarii jedhani jechuun rakkoo gama waldhabdee lamanii ilaaluun, qaama miidhameef adabbii kan midherraa fuudhanii haaloo tokko malee garaa guutuun gorsanii kakachisanii akka lammatuu walitti hindeebinee, keessa hindeebnu, hinmucucaannu, "yoo mucucaannee hincabna" jedhaa jechuun kakachsanii waltti

araarsaniiru. Sirna araaraa xumuuruufis eebbaan saaqumsa akkuma taasisan eebbaan xumuran. kanas maanguddoonni dhaabatanii, Isa hangafaa teessisanii quxusuu jilba dhungachiisuun, hangafni barruu quxusuutti tuttufee akka garaa itti hiikkatuuf bifa kanaan eebbisaniiru. Haala kanas suuraa armaan gadittiin hubatamuu danda'a.



Suuraa 3 Yemmuu Araarri Taasifamaa Jiru




Suuraa 4 Yemmuu Araara Xumuranii Eebbisuun Waldhungachiisan

#### 4.1.1.3. Sirna Raawwii Jaarsummaa xumuranii Mijuu Araaraa irratti

Erga araara xumuranii eebbisanii walii kaksiisanii booda jaarsolii araaratiif mijuu araaraa warra walitti araaramaniin dhugaatiin biqilaa(mijuun) guutuun dhiyaate afaan irraa saaqamee mijuun eebbisanii booda warra walitti araaraman garaan walitti mufate, akka sirritti walitti hiikkatuuf jecha biqila (mijuu guutuun) tokko gochuuf dursa mijuu obbolaa lamaan unachiisuun maanguddoonnis mijuu akka dhugan ta'eera. Haala jiru mirkaneeffachuuf suuraa armaan gadii ilaaluun nidanda'ama.



Suura 5 Namoota araarsa jaarsummaa taa'an mijuu eebbaaf dhiyaate eebbifamaa jiru mul'isu

### 4.1.2. Akkataa Raawwii Durdurii Oromoo Mana Maanguddootatti Galgala Durdurii Yemmuu himan Daawwannaa taasifame.

Mana Maanguddoowwan Aaddee Sobbooqee Galaalchaafi Aaddee Xiggee Abarraatti galgala maatii manaa waliin durduriin yeroo himamu raawwii Durdurii irratti Daawwannaa adeemsifame akka kanaa gaditti dhiyaateera.

#### 4.1.2.1. Mana Aaddee Sobbooqee Galaalchatti Daawwannaa galgala Yemmuu Durdurii Maatiitti himan akkataa raawwii durdurii Oromoo hubatame.

Mana maanguddoo Aaddee Sobboqee Galaalchaatti galgala maatii manaa hunda waliin taa'anii durdurii yeroo himan Daawwannaa adeemsifame yemmuu ilaalamu Aaddee Sobbooqee Galaalchaa umurii 55 ta'an akkataa raawwii durduriifi maatiin akkamiin akka isaan hordofan ilaalchisee, Durduriiwwan himaman keessaa "Durdurii Harreefi Saree." jedhu yoo himan,

yemmuu jalqaban, Bara durii,..jechuun jalqabu.

"Bara durii harreefi sareen ajaja gooftaa isaanii jibbanii ni banna jedhanii.....jedhama. Harreen..... “baa’aan natti baay’atee ka’een badaa” jetteen.sareenis ... “ anis nan badaa yeroo hundaa lafatti nyaata naaf kennu,...” jetteeni. Walii galanii baduuf deeman. harreen beeloftee marga lalisaa argattee nyaattee quuftee daaraa argattee irraa gangalattee,.....“nan iyya” jetteeni. Sareenis “lakkii hin iyyini” jetteen. Harreen diddee iyyitee ammas saree deebitee “yoo iyyite tokkoffaarratti sagalee kee adda baafata ,lammaffaarratti similikkeeffata, sadaffaarraatti dhufeetoo si nyaata jetteeni. harreen diddee iyyite. Waraabessis dhufee harree nyaatee sareedhaan”maal asii goota?” jedheeni. Sareenis “gooftaa koo beeluun na qabnanan adamoo adamsuu bahe.” jetteeni.warabessis “Beenu amma foon harree kana naa qalii rogaa rogaan adda baasii olka’i” jedheeni. Sareenis foon qaltee hunda olkeessee onnee keessaa laqam gootee eegde. Waraabessi dhufee “onneen ishii eessa?” jedheeni.”hinqabdu odoo onnee qabaattee iyyitee of nyaachisti” jetteen jedhama.(Aaddee Sabbooqee Galaalchaa)

Raawwiin Durdurii kanaa yoo jalqabamu 'bara durii' ....jechuun, yoo jalqaban, akkataa itti jalqabame kun ”bara durii,.. ,“ jechuun jalqabamuun isaa kan dursa ta’e, kan ture ta’uu hubachisa. Yemmuu xumuran ",..jedhama." jechuun xumuran. Kunis xumura durdurichaa yoo argisiisuu, durduriin xumura qabaachuu isaatu hubatama. Akkasumas raawwii durdurii kana keessatti wanti hubatamu, inni biraa maatiin naamusaan taa'ee haala gaariin kolfaa bashannanaa dhaggeeffachuun ni mul'ata. Dhumarra ijoolleen bakka isaaniif hingalletti gaaffii gaafataniiru. Gaaffii 'harreen akkamitti onnee dhabdee dhuguma onnee hinqabduu'ii?' jechuun gaaffii ijoollee gaafatanii deebiin, deebisanis, 'harreen dhuguma onnee qaama ishee keessaa jiru dhabdee osoo hintaane, osoo yaaddee manaa baatee, qalbii yaadduun qabaattee, yaada ta'ee maaf iyyitee nyaatamti ture, oduundurii kun nutis akka waatokko qalbeeffannee fuulduraaf, duuba keenya aggaammannee hubannee waa raawwannu nutti himuufi malee, dhuguma harrittiin qaama ishee keessaa onnee dhabde miti.' jechuun deebii kennuun haala kanaan ijoollee isaanii bashannansiisaa galgala barsiisuu akka danda'an maanguddoo kanarra raawwii yaadafi durdurii isaan itti himan irra haalli dubbii isaanii kan nama bohaarsaa barsiisu ta’uun hubatameera.

Dabalataaniis, yemmuu durduriin kun himamu, harreefi sareen kan waliin mar’atanii ka’an yaada gaarii kan hintaane ta’uudha. Kunis sareefi harreen keessa darbuun karaa hinmallee deemuun harree balaaf saaxile. Raawwii durdurii kana keessatti akkuma gaaffii xiyyeeffannootiin

ijoolleerraa maanguddoof gaaffiin ka’ettis,“Sareen foon qaltee hunda olkeessee onnee keessaa “laqam” gootee,..yaadni durduricha keessatti jedhu yemmuu raawwii dubbatameetiin ilaalamu, sareenis kan raawwadhu jedhamte seeran osoo hinraawwatiin dhiistee harree qaltee onnee ishee keessaa nyaattee eeguun isheefis dubbichi du’uma kan ture ta’uudha.. Sareen malaan harreen onnee hinqabdu jechuun jalaa baate malee kan ishees sanumature. Jechi”laqam goote” jedhu haala dubbii himiinsa durduriichaa kan miidhagseefi ijoollee kofalchisuun kan barsiisu ta’uufi sareen abshaalummaan akka du’a jala baate kan hubachiisuudha..



Suuraa 6 Mana Addee Sobbooqee Galaalchaatti yemmuu Durdurii maatii isaaniitti himan (02/05/2013)

#### 4.1.2.2. Mana Maanguddoo Aaddee Xiggee Abarraatti Daawwannaa Galgala Yemmuu Durdurii maatiitti himan akkataa Raawwii Durdurii Oromoo itti hubatame.

Mana Aaddee Xiggee Abarraatti galgala maatii manaa hunda waliin durdurii yeroo himan Daawwannaan adeemsifamee yemmuu ilaalamu, Aaddee Xiggee Abarraa umurii 94 ta'an maatiitti durdurii yoo himan akkataa raawwiifi maatiin akkamiin akka isaan hordofan ilaalchisee, Durdurii himan keessaa, durdurii".. Abbaa Awwadaayfi Qononosh" jedhu yoo himan yoo daawwatamu,

"Ka'aniiti kaa....bara duriiti kaa... duratti, tureyyu, Namichatu halkaniin ka'ee qotiyyoo tika deemee,... niitiin kaatee daaktii, ...... haati Awwadaay seexana niitiiti jedhamti, midhaan niitii daaktu jala, wafcii (daakaa) jala teessee muroo qabattee salabaa murootti naqatti,.... waraabessi

Qononoshi  maqaan isaa jedhamaatii seexana dhiraa Abbaa Awwaday jedhamaati,..  namichi qotiyyoo ooffate dhufee niitiin  isaa maal maaf deebite jetteeni, Qononosh Abbaa Awwadaay laga keessa nyaate jedheen,.. haati Awwaday rifattee ixaan harkaa bu'ee ijaan mul'atte,.. muroo midhaan wajjin gattee deemte,..." jedhamakaa..

Raawwiin Durdurii kana yemmuu ilaalamu, maanguddoon yeroo durdurii kana himan, jalqabarraa "ka'anitikaa, bara duriitikaa,. tureeyyu,." jechuun jalqaban, kunis akkataa itti jalqaban yoo hubatamu waan durii ta'uu, kan ture ta’uu isaatu dubbatame. Adeemsa kana keessatti duratti waan ta'aa jiru, "..niitiin wafciin(daakaan) midhaan  harkaan daaktee bukeessitee tolchuu ishee, bara durii ta'uu isaa jalqabumarratti “durattikaa’ kan jedhuun hubachisaa dubbachuun ni jira. Dabalataanis, namichi halkan ka'ee addeessa qotiyyoo tiksuun yeoo durii, baruma durii hubachisa. Yeroo ammaa halkan ka'anii kaloo tiksuun hinjiru, kaloonumtuu hinjiru. Darbee darbee yoo argame malee loon luka hidhanii bakka hidhametti nyaata itti kennu akkasumas, midhaan harkaan daakuun hinjiru, maanguddoon kun umuriinis waan siqaniif ergaan dubbii isaanitirraa hubatamullee kana qofa miti. jechoonni akka "haati Awwadaay muroo qabattee daakaa jala teessee niitii daakuu daakaa jirtu jalaa murootti naqatti,"  'muroon'  meeshaa aadaatiin kan ibsaman ta'uu kanarraa “aadaa“ ijoollee, ijoollee,ijoollee isaanii barsiisaa jiraachuu dhalootaa, dhalootaaf dabarsaa jiraachuu kan  hubatamuudha. Haala kanaan jalqabarra bara durtikaa kan jedhu kun dur waanta raawwachaa jiru, waan ta'aa jirutu mul'ata.Akkaatuma kanaan hanga xumura durduriitti deemuun xumurarra "jedhamakaa" jechuun xumuruun wanti ta'ee jiru, wanti himama jiru kun waan durii ta'uun xumuramuu isaa hubachiisa.

Raawwii Durdurii kanaa keessatti dhaggeeffattoonni maatii maanguddoo Aaddee Xiggee Abarraa, yeroo dhaggeeffatan wantoota haaraa itti ta'an gaafachuun, maqaalee maqaa birootiin bakka bu'anii durdurii keessatti gaaffii itti ta'an naamusaan gaafachuun akka mul'atuufi fakkeenyyaaf maqaa seexanaa 'Awwadaay' maqaa waraabessaa 'Qononoshi', gaaffachuun yaada durduricha miidhaksuufii hawwataa taasisuun qalbii dhaggeeffataa akka harkisan ta'uun, durduricha keessatti deebii maanguddoon deebisanitu mul'ata.

Gaaffii ilmoo, ilmoo,isaanirraa dhiyaate yoo hubatamu, gaaffii "Namichi qotiyyoo maaf deebisee galchee? eeguu maaf dhisee?" jedhu kaaseen deebiin kennameef, Qonoshi Abbaa Awwadaay laga keessaa ari'ee nyaachuuf jedhe namichas nyaachuu danda'a. kanaaf of eeggannoofiwaraabessi (qononosh) akka isa, qotiyyoo isaa hin nyaanneefi jechuun deebiin

maanguddoon deebi’eefiira.  Ergaan durdurii kanarraa hubatamus yeroo malee deemuun rakkoof akka nama saaxilu. Qotee bulaan qotiyyoo tiksuu yeroo malee ka’ee halkan deemuun gaarii akka hintaane, haati Awwadaay yookaan seexanni niitii daakuu daakaa keessaa osoo hinmul’atin haadha manaa yookaan niitii daakuu daaktu jalaa hattee muroo naqattee gattee deemuun carraan hatuu  harkaa bu’ee seexanni ijaan hinmul’anne rifaatuun ijaan mul’atte. Kuni immoo hatuun akka carraa nama harkaa buusu namatti akeekkachiisa.  Akkasumas, dhokatanii hatan karaa biraan waa biraa dhabuun akka jiru nama  hubachiisa. Walumaagalatti haalli raawwii durdurii kanaa, jalqabarra yaada hubannoof  ta’u, Ka'aniiti kaa....bara duriiti kaa... duratti, tureyyu, Namichatu halkaniin ka'ee…., “ jechuun xiyyeefannoon akka raawwii durdurichaa hodofan taasiseera. Durdurii yeroo himanis, maqaaleen maqaa biroo bakka bu’uun yaada namaa harkisan fayyadamuun jiraachuufi xumura durduriichaa irrattis,” jedhamakaa “ yoo jedhanii dubbatan, kunis, akkas ta’e , raawwatameera, yaada jedhu hubachiisuuf  yaada durdurichaa sammuu namaa keessa ka’uun bifa durdurichi itti xumurametu mul’ata. Suuraarmaan gadiitiin raawwii kana hubachuun ni danda'ama.



Suuraa  7 Mana Aaddee Xiggee Abarraatti galgala maatii isaanitti yemmuu durdurii itti himan (11/05/2013)

**4.2. Akkataa Seera Rawwii Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti akkamiin akka raawwatame ibsuu**

Akkaataan seera  raawwii  Durdurii  Oromoo  Aanaa  Daawoo  keessatti itti gaggeeffamu, akka af-gaaffiin odeeffannoo odeefkennitoota maanguddoo Fayyeeraa Galaalchaa  irraa fudhatametti durduriin, yeroo  duratti galagala galgala yeroo waarii mana keessatti naannoo abiddaatti abidda

qaqqaammachaa kan taphatamuu, bifa himamsaan, haasawaan kan raawwatamuufi durdurii himaafi dhaggeeffattoonni nama tokkoofi tokkoo ol ta’aniin kan himamuudha.Yeroon galgalaa kan filatamuuf jirudhaan walqabateeti. Guyyaa ijoolleen loon tiksu. Loon eegatuu durdurii dhaggeeffachuun waan cimuufi durduriin yemmuu himamu dandeettii dhaggeeffanna waan barbaaduuf durdurii dhaggeeffachuutti ijoolleen loon midhaan dheechisu, ro’ootaafi hoolota sardiiddoon jalaa nyaachuu danda’u waan ta’eefidha kanaaf durdurii galgala walitti himuun barbaachise jechuudha.jedhu.

Akkasumas yemmuu durdurii himamu, durdurii himaan dhaggeeffataan isa faanaa jiraachuu isaa mirkaneessuuf immoo, namni durdurii himuu jalqabu “Oduu durii….” yoo jedhee eegalu , dhaggeeffataan durdurii himaa faana jiraachuu isaa hubachiisuuf immoo, “mee gadi guuri…” jechuun jalaa qabuun isa hordofaa kan jiruu ta'uudha. Hirmaachisaan oduudurii sun akkataa galmaan gahuu danda’uun dhiheessa. Hirmaattonni oduudurii sana irratti gaaffii yoo qabaataniifi wanti hinhubatamin yoo jiraate ni gaafatu, gaaffii isaanii deebisuufillee hirmaachisaan dirqama qaba jechuudha.

### 4.2.1. Akkataa Seerri Raawwii Durduriin ittiin Himamu

Durduriin yemmuu himamu Seera mataa isaa kan qabuudha. Durdurii himuu keessatti hordofamuu kan qabu akkataa odeefkennitoonni itti dhiyeessaniitti yemmuu addeeffamu. Galgala galgala yeroo waarii taphatamuun, kan filatameef yeroon kunis namni guyyaa jiruudhaan qabamee hojii qonnaas ta’u kan biroo hojjataa oolee galgalli yeroo boqonnaa itti argatuufi sammuun guyyaa hojii qonnaa, midhaan sassaabuus haa ta’u, tika looniifi kan kana fakkaatan irratti dadhabaa oole bashannansiisuudha.

Sababni guyyaa hinhimamneef durduriin dandeettii dhaggeeffachuu waan barbaaduuf ijoolleen yaadsammuu isaanitiin durduriitti goranii hojii isaanii akka hindaganneef jechadha. Haaluma kanaan ijoolleen qotee bulaa loon tiksuun maatii kan gargaraniifi guyyaa yemmuu loon tiksan osoo durdurii walitti himan yaadaan durdurii dhaggeeffachuutti goranii loon midhaan akka hindheechifneef jecha hawwaasni immoo ijoolleedhaan hojii dhiiftanii durdurii walitti hinhiminaa jechuurra, oduun durii guyyaa hinhimamu, yoo walitti himtan mulgu nama nyaata jechuun ijoollee isaan mala kanaan gowwomsuun gahee hojii isaanii seeraan akka bahaniif loon tikisanii akka galanii gochuun seera baasee kan itti fayyadamuu ta'uudha. .

Akkasumas durdurii himuufi dhaggeeffachuutti goranii sardiiddoon yookaan jeedoon ro'ootafi hoolota akka jalaa hinnyaanneef sirriitti loon to'atanii akka tiksaniif jecha mala kana fayyadamuun uummanni ijoollee isaanii loon eegsisifatu.

Ijoollee isaanii bohaarsuufis immoo galgala yeroo waarii durdurii itti himuun sammuun ijoollee isaanii akka dandeetti waadhaggeeffachuu yookiin waaqalbeeffachuu akka gabbifatuu taasisuuf ittiin ijoollee ni barsiifatu, ni gorsu, rakkoo tokko jalaa akka ittiin miliquu danda'an itti himuun, bifa kanaan durdurii isaaniitti fayyadamanii seerota adda addaallee barsiifatu.Walumaagalatti durduriin yemmuu taphatamu: Seera mataa isaa kan qabuufi hirmaattotaafi hirmaachisaa yookaan durdurii himaafi dhaggeeffataa kan qabu, hirmaattonni tokkoofi tokkoo ol ta'uun kan dhaggeeffatan ta'uun hubatameera.

## 4.3. Akkataa Himiinsa Jalqabbiifi Xumura Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo Maanguddootaafi Barattoota biratti

Hawaasni Oromoo Aanaa Daawoo Durdurii yemmuu himan akkuma Oromoota aanaa biroo jiran himaniitti haala jalqabbii mataa isaanii qabu. Akka odeeffannoo odeef-kennitootarraa qorattuun funaannattee qorattetti akkaataan himiinsa jalqabbii hawaasa Aanaa Daawoo keessatti maanguddotafi barattoota irra fudhatamannin haalli isaan ittiin jalqabanii kanaa gaditti qaacceffamee dhiyaateera.

### 4.3.1. Maanguddoota biratti

Qorattuun durduriiwwan af-gaaffiifi daawwannaadhaan maanguddootarraa odeeffannoo funaannattee qaaccessituufi yemmuu durduriiwwan qorannoo kana keessatti qaacceffaman irraa kaa'amee ilaalamuun haala itti aanuun yoo himuu jalqabaniifi xumurri durdurii akka kanaa gadiitti yoo dhiyaatu,, fakkeenyaaf kan maanguddoo Aaddee Xiggee Abarraa umurii 94fi Obboo Tsaggayee Guutamaa umurii 78 durdurii lakkoofsa 11ffaa ,28ffaafi 51ffaa irratti himan yemmuu qaacceffaman, "Ka'eet jedhan…,ka'aniitikaa,... bara duriiti kaa,.." jedhanii yemmuu himan, xurarratti immoo "jedhan jedhama,..jedhama mitiiree,..jechuun xumuru. Obboo Taaboree Dinqaa Umurii 67fi Obboo Lammeessaa Hordofaa 72 "Ka'aniitoo…, " jechuun durdurii lakkoofsa 7ffaa,41ffaafi 52ffaa yemmuu himuu calqaban, xurarra immoo "jedhama " jechuun baay'inaan jechuun xumuru. Haaluma walitti dhihaatuun, maanguddoo Obboo Fayyeeraa Galaalchaa Umurii

69 "ka'eet,jedhan,.Egaa akkana,..Akkana kaa,.. jechuun yoo himuu jalqaban,xumurarras " egaa akkana jedhama" jechuu xumuru, Addee Sobbooqee Galaalchaa umurii 55  ta'an " ijoollee koo egaa durduriin himaa..”jechuun, "Bara durii…,” jedhaanii durdurii lakkoofsa 15ffaafi 34ffaa fa'a keessatti jalqabuun durdurii seenessu. Obboo Dhugumaa Safaraa  umurii 79“Duratti kaa…, “jechuun, Obboo Atoomsaa Gurmuu umurii 60 “Durkaa…, “jechuu, Bifuma walfakkatuun kanneen hafanis obboo Lataa Xururaafaa durdurii himuuf jalqabbiin isaanii  ni ibsa.

Xumurarra durdurii jedhanii yoo xumuran "jedhan,..jedhan jedhan,...jedhama,.." kanneen jechuun durdurii yemmuu xumura ni mul'ata. Kun immoo durduriin akkataa ittiin himamuufi itti xumuramu,jalqabaafi xumura kan qabu ta'uu mul'isa.

Akkasumas, durduriiwwan maanguddootarraa funaanaman yoo hubatamu bifa duratti jiruun, "durattikaa,... ka'aniitikaa,... aadaa durjiruun himuu isaanii namatti  kan mul'atu ta'uu isaati. .

### 4.3.2. Barattoota biratti

Barattootni yemmuu durdurii himuu jalqaban, akkataa ittin jalqaban qabu. Kunis, inni himu, durdurii baay'inaan “ Oduudurii..,” jedhee yoo jalqabu, isaan jalaa qaban immoo, “mee gadi guuri.., “jedhanii yemmuu harkaa fuudhantu mul'ata. Fakkeenyaaf, durduriiwwan  lakkoofsa 2ffaa irratti Barataa Gammachiis Sooriitiin, lakkoofsa 5ffaa Barattuu Urgee Asaffaatiin, lakkoofsa 12ffaa Barataa Kaasaahuun Tarreessaatiin, 14ffaa Barataa Guutuu Mirgiisaatiin, lakkoofsa 39ffaafi  Barattuu Obsee Isheetuutiin kanneen barattootarraa funaaname yemmuu ilaalamu, jalqabbiin isaanii haala walfakkaatuun jalqabbiin ni mul'ata. Akkasumas, jalqabbii durdurii “ Bara durii…, “ jechuun kanneen jalqaban immoo Barataa Naa'ool Dinqaa  durdurii lakkoofsa 44ffaa, Barataa Caalaa Badhaasaa durdurii lakkoofsa 53ffaa fi Barattuu Jirgifee Tolasaa durdurii lakkoofsa 18ffaa irratti argaman jalqabbiin himiinsa durdurii walfakkataadha.Akkasumas, xurmurarra "jedhama,.."jechuun xumuramuu agarsiisu.  Kunis kan hubachiisu barattoonni bifuma durjiruun osoo hintaane, bifa ammayyummaa qabattee kan deeme ta'uutu namatti mul'ata.

Waliigalatti yemmuu maanguddoonni himaniifi barattoonni himan garaagarummaa kan qabu yoo ta'u, Maanguddoonni bifa dur jiruun yoo himuu jalqaban, barattoota biratti immoo bifa walfakkataa ta'een himuu jalqabuun hammayyaleessa deemuun nimul'ata. Kunis “odoodurii,.. gadi guuri,.. akka jaarsa durii,..” oduudurii,.. gadiguurii akka jaartii durii “ jechuun yoo himaniifi

yemmuu jalaa qaban ni mul’ata.kunis “akka jaarsa durii “jechuun kan itti fayyadaman durdurii himaan yemmuu dhiira ta’eefi “akka jaartii durii” jechuun kan jalaa qaban durdurii himtuun dubartii yemmuu taateedha. Walumaagalatti durdurii yemmuu himaniifi yemmuu jalaaqaban bifa walfakkataafi hammayyawaa taasisuutti kan adeemamu ta’uutu haala himiinsa jalqabbiifi xumura durdurii barattoota kana irraa kan hubatamuudha.

## 4.4. Fakkaattiiwwan yookaan Taatota Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti mul’atan

Kutaan kun Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti odeeffannooDaawwaannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin maanguddootaafi barattootarraa funaanaman erga irra deddeebi’amee dubbifamee booda, durduriiwwan qaacceffaman keessatti fakkaattiiwwan yookiin taatonni mul’atan maalfaa akka ta’an bakka itti dhiyaatedha. Fakkaattiiwwan durduriiwwaan keessatti kanneen seenaa durduricha tarkanfachisan ta’uun isaanii barruu firoominaa keessatti eerameeera. Haaluma kanaan durduriiwwan qaacceffaman keessatti fakkaattiiwwan seenaa durdurichaa galmaan gahan adda addaatu mul’ata. Kanumarratti hundaa’uun durduriiwwan fakkattii yookiin taatota of keessaa qabaniin akka kanaa gadiitti dhihaataru.

### 4.4.1. Durduriiwwan Fakkaattii Namootaa

Fakkaattiwwan seenaa durdurii tarkaanfachisan keessaa namoonni kan jiran ta’uu isaanii barruu firoominaa keessatti tuqamee jira.Haaluma kanaan durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo maanguddootafi dargaggoota irraa funaanaman keessatti fakkaattiwwan seenaan durdurichaa itti qabatamanii himaman, keessaa namoonni kan jiran ta’uu agarsiisa. Durduriiwwan fakkaattiiwwan kunneen keessatti mul’atan tartiiba lakkoofsa dursa kennameefiin qaacceffamaniin: lakkoofsa 7 ,18, 28, 40, 42, 44, 49fi 50 irratti durduriiwwan argaman yoo ta’an, isaan kunis duraa duubaa isaanitiin fakkaattiwwan of keessatti qabaniin yemmuu tarreeffaman durdurii 7ffaa Abbaa warraafi haadha warraa, 18ffaa warra olla lamaan,28ffaa Dhirsa, Niitiifi Amaatii, 40ffaa Niitii qabeettifi Niitii dhabeettii, 42ffaa Jaarsa Loon tiksuufi Intala (haadha warraa) baduuf deemtu, 44ffaa Namicha beella’e, 49ffaa Mootii Hamaafi 50ffaan Namoota sadan(Tollaanoo, Hamofi fi Gaarofi) kanneen ta’anidha.

Durduriiwwan armaan olitti eeraman keessaa Durdurii Niitii Qabeettiifi Niitii dhabeetti kan jedhu akka fakkeenyatti dhiyaatee durdurii namoota ibsu ta'uu isaatiin kanaa gaditti qaacceffameera.

**Durdurii Niitii Qabeettifi Niitii Dhabeettii**

Duratti kaa…, namoonni yeroo manaa bahanii irgi deeman balbala isaanii furtuun cufatanii hindeeman funyoofaadhaan xaxanii cufatanii bahu ture.Egaa guyyaa tokko niitiin beelofte takka beeluun qoonqoo baasa itti baatee waan gootu dhabnaan kan warri biroo balbala funyoon xaxatanii, cufanii bahan banattee mana seentee midhaan qicattee daakkattee marqitee qodaatti naqixee dhadhaa baksitee itti naqxee qoonqoo isheetiin "situ mana namaa na saaqsise qodaa namaa na bansiisee amma kaa balbala namaa si bane, si qicee, sii daakee, si marqe si qopheessee ani harka kiyyaan si fuudhee sii hinkennuu akka mana namaa na saaqsisteetti ofii keetii fudhuutii nyaaadhu ani siif hinkennukaa" jetteeni.....Namichi ilmaan waaggaarraa taa'ee ilaalaa. Niitii qabduun ganama balbala cufattee baate sun yoo dhuftu manni ni urgaa'a. niitittiin " awwayeen koo har'a moo maal natti urgeesa" jettee fiigdee yoo qodaa saaqxu marqaan marqamee qadaadame ta'a. .... (Obboo Dhugumaa Safaraa)

Qaaccessa Durdurii niitii qabeettifi niitii dhabeettii jedhu kana keessatti taatonni seenaa durdurichaa tarkaanfachisan yookiin qooda fudhatan: abbaa manaa qooxirra taa'ee gochaa raawwatame ilaalu, haadha manaa balbala xaxattee manaa baatee deemaa ooltee deebite, niitii beeloftee mana namaa saaqqattee seentee mana keessaa waan nyaattu dhabnaan daaktee marqitee qoonqoo isheetiin fudhuu nyaadhu siif daakee, marqee, sihingursuu gurfadhuutii nyaadhu jette yoo ta'an, waliigalatti namoota sadaniitu seenaa durdurii kanaa tarkaanfachiise. Taatonni kunis, durdurii kana keessatti gaheen isaan yoo hubatamu harkaa dhabuun namaa gadi nama taasisuu akka danda'uu jalqaba ergaa durdurichaarratti yemmuu hubannu haata'u malee qabaataniifis yoo itti wallalan, ulfinna akka hinargane kan ibsuu niitiin qabeenya qabdu nama mana ishee seenee hojjateefi waan hojjatame tokko callistee fudhattee nyaachuun osoo adda hinbaasiin nyaanni manatti qophaahee ishee eegee qofaaf nyaata sana nyaachuun siirri akka hintaanefi waan tokko akkataa raawwii isaa osoo hinhubatni argame qofaaf raawwachuun sirrii akka hintaaneedha.

Niitii dhabduun immoo rakkattee mana namaa bantee seentu fedhii qoonqoo ishee guutummaan hinbitamneefi hinajajamneefi kanaafuu dhabuu isheetiin mana namaa saaqxee seentus waan

fedha qoonqoo isheetiif barbaadde tokko guutummaan hinguunneef namicha biratti kabaja guddaa argachuun sun niitittiin tuni osoo qabaatee dhaba isheetii malee hatuu hindeemtu ta'a jechuudhaan abbaan manaa niitii dhabduun niitii qabduu caala gorsa gaarii kennuu dandeessi jechuun akka qooddataa tokkootti gahee durdurii kanaa hundi isaanitu qooda fudhataniiru.

### 4.4.2. Durduriiwwan Fakkaattii  Bineensotaa

Durduriiwwan carraa tasaatiin filatamanii qaaccessaaf dhiyaatan  keessaa kanneen seenaan isaanii bineensota qofaan tarkanfatan lakkoofa 12ffaa, 23ffaafi 30ffaa yoo ta'an fakkattiwwan isaan keessatti duraa duubaan mul'atan durdurii 12ffaa Nachafi qamalee, 23ffaa qamaleefi waraabessafi 30ffaa Leencafi qamalee keessatti kanneen mul'atanidha. Durdurii kanneen keessaa durdurii 23ffaa Addee Qamuufi Obboo Waruu kan jedhu fakkaattii Bineensotaan fakkeeffamuun kanaa gaditti dhiyaataniiru.

**Durdurii  Addee Qamuufi Obboo Waruu**

Bara durii Qamaleefi Waraabessatu michoomee wajjin jiraata ture. Mana walii dhaqanii osoo daawwatanuu manni qamalee jijjigduufii uraan kan itti baay'ate yoo ta'u; manni waraabessaa mana citaa  bareeda ture. Aaddee qamuun yaawaruu “manni kee osoo diinni tokko sitti dhufee balbala takkittidhaan maal gootee baataa? ani osoo diinni natti dhufeeti manni koo “asiin luf! Achiin lufi! jedheen bahaa” jetteen.Waraabuunis “kiyya fudhadhuuti kan kee naaf kenni yoo didde immoo sinliqimsa?” jedheen. Aaddee qamuun durumaanuu manni waraabuu itti bareednaan mala kana fayyadamtee gamnummaa isheetiif akkana jetteeti; qamuunis waraabuudhaan “ Obboo waruu erga jettanii tole kaa!” jettee mana bareeda waraabuu fudhattee, kan ishee jijjigduudhaan geedaratte kokkolfaa teesse. Waraabessis diinni natti dhufee jedhee osoo sodaatuu asiifi achi jechaa bulee oolee kan gaaf kaanii waraabessi aaddee qamuu bira dhaqee mana kootii naaf bahi jechuu yoo dhufu aaddee qamuun mala qopheeffattee eegdee,...., waraabessaan  foon nyaadhu ani eegee keetirraan qoree siif baasaa ... eegee duuba teessee eegee waraabessaatti eegee leencaa hodhitee....  xumurtee,” oobboo waruu of duuba ilaali! Leenci  sitti dhufee “ jetteenii ,waraabessi of duuba garagalee.........  qoreen qoree hinjedhu, tabbaan tabba hinjedhu fiigee hallayyaatti kufee caccabee du'ee..... qamaleen malaan  mana argatte jedhama. (Barataa Taboree Abbabaa)

Qaaccessa Durdurii Addee Qamuufi Obboo Waruu kana keessatti fakkaattiiwwam seenaa durdurichaa tarkaanfachiisan waraabessaafi qamaaleedha. Qooddattoonni kunneen waraabessiifi qamaleen gowwummaafi gamnummaa barsiisuuf mana jijjigduufi mana bareedaan waljijjjiiruudhaan durdurii kana keessatti qooda yoo fudhatan, faayidaa durdurii kanaarraa ummanni Oromoo irraa baratu tokko malaan diinagdee ofii qabachuufii keessumattuu ijoolleen bifa taphaa fakkeessuun gamnummaaniifigowwummaan walbira qabuun waan tokko gamnummaan akkataa itti fayyadamnufi akkasumas jireenya keessatti salphaan akka gowwomuu hinqabne hubachiisuu danda'a. Qamaleen gamnummaan kan beekkamteefi humnaan bineensota biroo kan akka waraabessaa hincaalle taatus gamnummaan waan tokko moo'achuun akka danda'amu barsiisuufi gorsuun durdurii kana keessatti qooddattoonni lamaan waraabessi gowwummaa ml'isuun, qamaleen gamnummaa hubachisuun qooda fudhataniiru.

### 4.4.3. Durduriiwwan Fakkaattii Namootaafi Bineensotaa

Durdurii qacceffaman keessatti tartiiba lakkoofsa 2ffaa, 11ffaa, 55ffaa irratti kan argaman keessatti seenaa isaanii kan tarkaanfachisan fakkaattiwwan namootaafi bineensota durdurii 2ffaa Qeerransa, Abbaa gaaguraafi qamalee, 11ffaa Abbaa manaafi mulgu,Dhirsaafi Niitii, 55ffaa Niitiifi Bulguu yoo ta'an kanneen keessatti mul'atan, bineensota keessaafi namoota keessaa Durduriin lakkoofa 55ffaa akka kanaa gadiitti qaacceffameera.

**Durdurii Niitiifi Bulguu**

Akkana jedhan…, bara durii Bulguun namatti hammaatee jennaan namni qofaa isaa mana keessa jiraachuu ni sodaata ture,......, gaafa tokko dubartiin takka qofaa ishee mana keessa teessee abiddaa qaqqammachaa osoo jirtuu bulguu manatti itti ol seene sodaattee...........,abidda qaqqammachaa qullaa ishee abiddarra bargaafattee dhaabattee " yaa waaq kanoo situ natti uumee kana immoo maaltu natti fuudhe" jette.Bulguun immoo afoo yaabbatee ta'ee dhaggeeffata. Yommuu isheen raftu achitti nyaachuudhaaf jedhee; dubartiittiin immoo sanyoon ishee yemmuu dhufee balbala rurrukutee " jimee bookaa"…., Jimee bookaa…, mana naaf bani" jedhu.Isheenis "Jaarsi Bulguu tokko afoorra jira gara borootti jedhii gimgimi naaf godhi" jettee sana booda namichi mana seenee bulguu waliin reebanii ajjeesan jedhama.(Obboo Lataa Xuruura)

Durdurii kana keessatti qooddattootni yookaan fakkaattiiwwan seenaa durdurichaa keessatti qooda fudhatan niitii qofaa jiraattu, Bulguufi sanyoo niitiiti. Bulguun nama rakkisee kan jiraatu

ta’uu isaa niitiin qophaa jiraattu malaan bulguu moo’attee sanyoo ishee wajjin rukuttee ofi irraa ittisuun jagnummaafi cimina niititti nutti mul’isa. Haaluma kanaan ofi eeggannoo gochuu akka qabnu fakkaattiwwan durdurii qooddattuu niititti cimtuufi gamnummaa akka qabdu nama hubachiisa. Walumaagalatti Bulgu humnan qaba jedhee osoo mana seenee taa’u,niitiin sanyoo ishee faana isa dhahanii ajjeesani. Dubartiittiin kan ishee gargaaru argattee rakkoo ishee qunnamu jalaa baate. Kun immoo humnan qaba jedhee kan namatti dhaadatuuf kan isaa olii akka jiruufi rakkina irraa cee’uun akka danda’amuu hubachiisa.

### 4.4.4. Durduriiwwan Fakkaattii Beeyladotaa

Durduriiwwan tartiiba lakkoofsa qaacceffaman keessatti argamaniin durduriin lakkoofsa 34ffaa irratti argamu Durdurii Harreefi Sareen fakkaaffamuun seenaa durduricha kan tarkaanfachiisan yoo ta’u, Durduriin kunis fakkaattiiwwan isaa waliin qaaccefamee dhihaateera.

**Durdurii Harreefi Saree**

"Bara durii harreefi sareen ajaja gooftaa isaanii jibbanii ni banna jedhanii.....jedhama. Harreen.... “baa’aan natti baay’atee ka’een badaa” jetteen.sareenis...“anis nan badaa yeroo hundaa lafatti nyaata naaf kennu,...” jetteeni. Walii galanii baduuf deeman. harreen beeloftee marga lalisaa argattee nyaattee quuftee daaraa argattee irraa gangalattee,.....“nan iyya” jetteeni. Sareenis “lakkii hin iyyini” jetteen. Harreen diddee iyyitee ammas saree deebitee “yoo iyyite tokkoffaarratti sagalee kee adda baafata ,lammaffaarratti similikkeeffata, sadaffaarraatti dhufeetoo si nyaata jetteeni. harreen diddee iyyite. Waraabessis dhufee harree nyaatee sareedhaan”maal asii goota?” jedheeni. Sareenis “gooftaa koo beeluun na qabnanan adamoo adamsuu bahe.” jetteeni.warabessis “Beenu amma foon harree kana naa qalii rogaa rogaan adda baasii olka’i” jedheeni. Sareenis foon qaltee hunda olkeessee onnee keessaa laqam gootee eegde. Waraabessi dhufee “onneen ishii eessa?” jedheeni.”hinqabdu odoo onnee qabaattee iyyitee of nyaachisti” jetteen jedhama.(Aaddee Sabbooqee Galaalchaa)

Durdurii Harreefi Saree keessatti fakkaattiiwwan seenaa durdurii kanaa tarkaanfachiisan;saree, harreefi waraabessadha. Qooddattoonni kunneen Durdurii kana keessatti sareefi harreen quufanii manaa bahanii rakkoo irratti of gatuun isaanii namni quufa akka hindandeenyefi keessumattuu harreen kan manaa baate badderra marga dheeddee iyyitee waraabessa ofitti waamuun ishee quufa guddaa ta’uu kan nama hubachisuufi sareen rakkoo jiru hubattee akka hiniyyine yoo itti

himtu harreen diddee du'aaf ofi saaxiluu ishee kanarraa wanti hawaasni hubatu seera malee waan tokko quufe jedhanii yoo ta'an rakkoo muudatuuf gaabbin isaa kan nama hinbaafnefi waan tokko murteeffachuun barbaachisaa akka ta'e kan nama barsiisuufi gorsu ta'uu qooddattoonni kunneeb gahee durdurii kana keessatti bahaniiru.

Walumaagalatti ergaan durdurii kana keessatti sareefi harreen quufanii manaa badanii deemuun harreen bosona seentee marga nyaattee quuftee iyyitee waraabessa ofiitti waamtee of nyaachisuun waraabessi harritti ajjeesee sareen foon ishee qalii na eegi jedhee deemnaan sareen immoo onnee harree qalatee keessaa nyaachuun waraabessi yemmuu deebi'ee dhufu sareen onnee fidi jedhee yoo gaafatu sareen deebii qopheeffattee durumaanuu harreen onnee osoo qabaattee maaf iyyitee ofnyaachifti turte lakkii onnee hinqabdu jettee deebii kenniteefi haala kanaan durduriichi ergaa gahaa ta'e uummataaf akka dabarsu gochuun fakkaattiiwwan saree,harreefi waraabessi gahee isaanii bahaniiru.

### 4.4.5. Durduriiwwan Fakkaattii Beeyladotafi Bineensotaa

Durduriiwwan tartii lakkoofsa qaaccefaman keessatti qabaniin kanneen seenaan isaanii beeladootafi bineensotaan tarkaanfate, durduriiwwan lakkoofsa 5ffaa,39ffaa, 46ffaafi 53ffaa irra kan jiranidha. Akkatuma duraaduuba jiraniitiin fakkaattiwwan mul'atan,durduriiwwan 5ffaa kormaa lukkuufi jeedoo, 39ffaa waraabessaafi Harree, 46ffaa Harreefi Waraabessafi 53ffaa marii Booyyeefi Sa'aa yoo ta'an,durduriiwwan kunneen keessaa durduriiwwan Harreefi Waraabessaafi Sa'aafi Booyyee fakkaattiiwwan beeyladootaafi bineensotaan qooddatoota ta'anii seenaa durduricha tarkaanfachisuun kana gaditti dhihaataniiru.

### Durdurii Harreefi Waraabessa

Bara durii harreefi waraabessi walhinbeekaniiti gaafa tokko waraabessi sagalee isaa samii keessaa gadi lakkiseetoo harreen sagalee isaa dhageessee "maal sagaleen akkanatti bareedu jettee. "Maaloo yaa Rabbii koo kan sagalee akkana bareedu kana samii keessaa gadi naa buusi!.." jetteeni kadhatte.Waaqnis waraabessifi harreen akka walii hingalle waan beekuuf waaqni dide. Ammas deebitee cimsitee kadhatte Waaqnis waraabessa samii keessaa gadi buusee ilmoo isaa jalaa ajjeese.Harreen du'aa gahii ilmoo waraabessaa dhaquuf ijoollee ishee qabattee deemte. Ijoollee ishee wajjin booyicha deemtee boossee:

Yeroo fagoo yuustani asuma sagaleen keessani

Halkan yoo deemtan qoreen hinwaraanuu miilla keessani

Gurrachas, diimaas nyaattani adiidha udaan keessani

Kaleessa hoo nagaadhaa har'a maaltu argate ilmoo keessani?... jettee boossee, ... harreen nagaa dhaamuuf, ...waraabessi morma ishee silliqsee qabe. Ijoolleen harrees kana yoo argan fiigicha yoo keessaa kutan, waraabessi "osoo nagaa natti hindhaamni deemtuu" jedhee duuba fiigee dadhabee ijoolleen harree daa'imman waan ta'aniif fiigichaan waraabessi qabuu hindandeenyeetii "beenaa isinis boru kiyyumaa jedhee gaggeesse" jedhama.(Obboo Atoomsaa Gurmuu)

Taatonni seenaa durdurii kanaa tarkaanfachisuudhaan mul'atan: harree, ijoollee harreefi waraabessaadha.Durdurii kana keessatti harreen waraabessaaf du'aa gahii dhaquun ishee ijoollee ishee qabattee ni mul'atu. Harreen du'a ishee barbaada deemuu yoo agarsiistu, bakka oolan beekuun barbaachisaa akka ta'e namfakkii harree bakka buutee raawwatte kanarraa hubachuun ni danda'ama.Waaqa harreen irra deddeebitee yemmuu kadhattu Waaqni harreedhaaf waraabessa kan sanii keessaa buusuu dideef waraabessi akka harree nyaatu waan beekuuf durduriin kunis yeroo Waaqa kadhanu, waan kadhannu beekuu akka qabnu nu hubachisa.Waraabessis harree qabatee ilmaan ishee fiigee qabuu dadhabnaan ilmaan harreetiin boru kiyyuma jedhee biraa deebi'uun isaa akkuma haadha isaanii isaanis diina isaanii hinbeekani jedhee itti himuun qooddataa ta'ee seenaa durduriichaa bifa kanaan mul'iseera. Walumaagalatti durdurii fakkaattiwwan harree,ilmaan harreefi waraabessaa ta'uun gaheen qooddatani ergaa karaa adda addaatiin mul'isuun danda'ameera.

**Durdurii Marii Booyyeefi Sa'aa**

Bara durii,... booyyeefi sa'attiin daanditti walitti dhufani. Achumaan booyyeen sa'a gaaffiin qabdee ......"siifoo waaqatu siitole warri kee dallaatti sii galchanii bakka ciisichaa kee siif qopheessuu ana maaliifin gadi na ari'atuu?"jettee gaafatte. Sa'attiinis, "akka faayidaa kootti kunuu natti xiqqaata: maaliif yoo jette aannan koo ganamaa galgala na elmatu, ilmoon dhale naduraa fudhaniiti gurguru, guddifatu, foon koo ni nyaatu, gaafa kootiin ni dhugu , kan kiyya maalan himee maalan dhiisa kan anarraa argamu bakka hinlixne hinjiru." jetteen booyyeedhaan.

Booyyeenis deebisee “maali kan koos foon koo ni nyaatu mitii “jennaaniin “lakkii ati foon kee gaafa duutu kennitaafi“ jetteen sa’attiin jedhama.(Barataa Caalaa Badhaasaa)

Durdurii kana keessatti fakkaattiiwwan seenaa durdurii kanaa akka qooddaataatti mul’isan sa’aafi booyyee yemmuu ta’an; marii sa’aafii booyyee keessattis booyyeen sa’atti itti inaaftee gaaffiin qabdee akkuma namni nama waa argate irratti inaaffaa calaqisiisutti booyyeen durdurii kana keessatti nama barsiiste. Gamnummaan booyyeellee sa’attii malaan hammeenya warra ishee akka itti himtu taasiste.Booyyee ofii waan rakkatte fakkattee miidhama ishees sa’attiin waliin qabdee akka ibsattu goote. Qooddattoonni durdurii lamaanuu seenaa garaa isaanii waliif ibsuun ergaa durduriichaa gamnummaafi inaaffaa booyyee mul’isuun qoddattoonni gahee isaanii bahaniiru.

### 4.4.6. Durduriiwwan Fakkaattii Allaattiwwanifi Bineensotaa

Durduriiwwan qaaccessa carraan filatamanii qaacceffaman keessaa durduriin tartiiba lakkoofsa 14ffaa jalatti seenaan isaanii allattiiwwanifi bineensotaan tarkaanfate durdurii simbirrootafi qocaa fakkaattii durduricha keessatti durduriin kun kanaa gaditti dhiyaachuun akka armaan gadiitti qaacceffameera.

**Durdurii Simbirrootaafi Qocaa**

Oduu durii .., gadi guuri..,Gaaf tokko qocaan baay’ee beela’ee tirachaa jiru, simbirroonni waamicha waamamani adeemuuf qopha’anii jiran itti dhufan. Yeroo kana qocaan simbirrootaan akkanatti mimmidhagdanii eessa deemaa jirtuu jedheen. Simbirroonnis “waamicha deemna jedhaniin. Qocaanis “maal ta’aree yoo anas nafudhattanii deemtan? jennaan simbirroonis "maal kochoo hinqabduu maaliin balalitaree"jennaanin “innis “maal qaba kochoo keessan irraa tokko tokko yoo naaf kennitan?” jedheen. Simibirroonnis kennaniifi waajjin deemanii karaa gahan simbirroonni “maqaan kee eenyuu” jedhaniin gaafatan. Innis gamnaati ”maqaan koo hunduma keessaniifiin jedhama” jedheen. Osuma deemanu mana waamicha gahani ol seenanii “ani waanan dubbii beekuuf isiniifan dubbadha” jedheeni taa’anii dhaangaan dhiyaateefi ”dhaangaan kuni kan eenyuuti” jedheeni warra qopheesaniin isaaniis “hunduma keessaniifi” jedhaniin.

Qocaaniis” kunoo dhageessanii miti maqaan koo hunduma keessaniifi, dhaangaan kunis kan qophaa’e anaafi” jedheenii dhaangicha sinbirroota dhoowwatee nyaatee fixee “ka’a kaa ni

gallaa maalan isiniif godharee dhaangichi dhiyaate kan koo waan ta’eef agabuugaltan” jedheeni. Isaaniis gocha qocaa ilaalanii kochoo duraan kennaniif dhoowwatan,qocaan haadha isaatiin waan lallafaa dhafii irrattan kufaa jedhaniitti ergate .....Haati manaa qocaas akka sinbirroonni jedhan sibiila qara qabu balbala dura dhadhaabdee akka hattuun waraanamtee duutu jettee, mana eegaa jirtuu qocaan , haati manaa koo waan nama hinquuqne qopheestee na eegde jedhee samiirraa of gadhiisu wanti qara qabu garaa isaatti naqamee isa ajjeessee. Sinbirroonnis qocaa nyaata hunda nyaatee fixee san eeboodhaan akka waranamuu gochuun quuqqaa garaa isaanii garaa waraananii bahuun hubachiisa jedhama. (Barataa Guutuu Mirgiisaa)

Qaaccessaa Durdurii Simbirrootafi Qocaa keessatti fakkaattiiwwan seenaa durdurichaa tarkaanfachiisuun keessatti argaman qocaa, simbirrootaafi waraabessa yoo ta’an, qocaa beela’e jiruufi simbirroota waamicha deemaa jiran walitti dhufanii qocaaf marartee godhanii kochoo ergisanii fudhatanii waamicha waliin deemanii qocaan daba simbirroota irratti yaadee dhaangaa simbirrotaa ofiiisaaf dhuunfate nyaatee galuuf jedhu, simbirroonni kochoo isaan ergisaniif irraa fudhachuun qocaan nan nyaadhatti ofiifuu kochoo ittiin galu dhabee nyatamuun ergaan fakkaattiwwan kanaan fakkeeffamee dabarsu uummata Oromoo biratti kan gaarii namaa oleef daba yaadanii daba ooluunifi ofii qofa jechuun enyuufuu akka gaarii hintaane fakkattiwwaniin fakkeefamuun ergaa cimaa ta’e kan dabarsuudha.

Akkaataa odeefkennitootarraa ragaan fudhatametti ergaan durdurii kanaa hawaasummaa mul’suun qocaan kochoo ergifatee deemee achi yoo gahu dhaangaa qophaa’eef jalaa fudhatee simbirroota harka duwwaatti hambisee kochoo ittiin deebi’u dhabee booddees sinbirroota kadhatee nan gala yoo jedhu kochoon irraa bu’ee kufee caccabee du’uun isaa gaarii yoo yaadan gaariin akka nama qunnamu, simbirroota wajjin tokkummaan yookiin waliigalteen osoo jiraate rakkoof kan hinsaaxilamne ta’uu, gadhee yoo yaadan gadheen akka nama qunnamuufi hawaasummaan jiraachuun barbaachisaa akka ta’e nama hubachiisa. Akkasumas qocaan hawaasummaan simbirroota faana waan jiraatu fakkaatee waan isaan ganeef miidhaa cimaan isaarra gaheera. Jireenyi qocaa akkataa kanaan mul'ate kun haawasa keessatti fudhatama akka hinqabne ta'uunisaati. Walumaagalatti tokkummaan yookiin hawaasummaan jiraachuun qooddattoota kanaan hubatamuun akka dana'amu, qacaafi simbbirroonni qooddattoota durdurichaa ta’uun ergaa hawaasa hubachiisaniiru.

### 4.4.7. Durduriiwwan Fakkaattii Uumamaafi Nama

Durdurii carraan filataman keessaa durdurii lakkoofsa 41ffaa fakkaattiiwwan uumamaafi namaa bakka bu’anii seenaa durdurichaa tarkaanfachiisun akka kanaa gadiitti durdurri qaaccessa isaa waliin dhiyaateera.

**Durdurii Bubbeefi Namatu Wallole**

Ka’aniitoo bubbee karaa deemuufi namni walitti dhufan,.....Bubbeen “namaan waloleen biyya bahuu deema jedheeni itti lixinaan mee na bulchimee”jedheeni.namnis sihinbulchu,.......ati manaa namarratti diigdee aduu rukuchiftee, rooba itti roobsitee, lolaadhaan mana balleesitee, bishaan nama nyaachifta, si hinbulchu" jedheen. Bubbeen ammas nama biraatiinis,....namni biroos akkasuma jedhee ari’ate,.....akkanaan bubbeen namaan walolee hafe jedhama.(Obboo Taaboree Dhinqaa)

Durdurii Bubbeefi Namatu Wallole, keessatti fakkaattiiwwan mul’atan, namaafi bubbeedha. Bubbeen uumama bakka bu’uun seenaa durduriichaa yoo tarkaanfachisu, namaan kan walloleef miidhaa namarran gaheerra ka’eeti waan ta’eef faallaa isaas bubbeen waan gaariis hojjachuu akka danda'u, namnis akka bubbee kanatti waan gaarii hojjachuu osoo danda’uu miidhaa namarran kan gahus namuma waan ta’eef namoomsuun,bubbeen hiika nama hamaa argateera. Kanaafuu durduriin kun bubbeen akkuma nama miidhu bifa namoomsuutiin manmi nama miidhu jiraachuun isaaillee hubatamee akkuma bubbee bulchuun didame namallee waan gadhee namarraan geessisuu waan danda’uuf ofii eeggannoo gochuun barbaachisaadha.

Fakkaattiiwwan kanaan fakkeeffamuun ergaa ummaticha biratti dabarsanis "bubbeen namaan wallolee biyyan bada jedhee deemaa jiruu itti lixee namaan na bulchi" jennaan namnis gocha inni irratti raawwate ilaaluun isa bulchuu diduun bubbeen bakka bulu dhabuun dararamuun isaa uummata Oromoo biratti ergaan inni dabarsu gaarii yoo raawwatan malee wanti gariin argamuu akka hindandeenye ergaa dabarsaaf jechuudha.Fakkaattonni namaafi bubbee ta'uun, bifa kanaan qooddattoota ta’anii ergaa durdurichaa tarkaanfachisaniiru.

### 4.4.8. Durduriiwwan Fakkaattii Uumamaa, Bineensotaafi Nama

Durduriiwwan carraa tasaatti fayyadamuun qaaccessaa filataman keessaa durduriin fakkaattiiwwan uumamaa, Bineenstaafi nama bakka bu'uun seenaa durduriichaa tarkaanfachiisan keessaa durdurii lakkoosfa 51ffaa irratti argamu fakkaattiwwan uumamaa, bineensotaafi namaan fakkeefamuun Qononashiifii Abbaa Awwadaay ta'un kanaa gaditti dhiyaatanii qaacceffamaniiru.

**Durdurii Qononashiifi Abbaa Awwadaay**

Ka'aniit jedhan.., Bara durii abbaa manaafi haadha manaatu qoteebulaa turan jedhama. Abbaan manaa halkan sa'aatii kudhanitti ka'ee qotiyyoo kaloo dheechisuu addeessaan yaasee tikse. Haati manaa isaatis halkanuma san kaatee xaafii daakti durkaa… manni baaburaa hinjiruuti, jiraatullee baay'ee fagoodhaa harkaan daakanii namoonni durii, maabarallee baasuti… egaa,.. Abbaa Awwadaay kan jedhamu seexana dhirsaati ,Haati Awwadaay seexana niititi isaanis irsaafi niitiidhati,…Qononash immoo maqaa waraabuti,… egaa akkanakaa…. Haati Awwadaay haadha manaa midhaan daaktu daakaa jala teessee, muroo qabattee, ijaan hinmul'atu, daakuu jalaa sallabaa jirti, akkanumaan, Qononashis laga keessaa yuusee, Abbaan Awwadaay laga keessa ari'ee jiraati, abbaan manaa sodaatee qotiyyoo isaa ooffatee ol deebi'ee haadha manaa isaatti hime. Haati Awwadaay daakaa jala teessee midhaan salabaa jirtu,..rifatteetoo ixaan ishee harkaa bu'ee muroo daakuu wajjin achumatti gattee kaatee deemtee yeroo kana seexanni bifaanis, qaamanis mul'atte jedhama (Aaddee Xiggee Abarraa).

Fakkaattiiwwan durdurii kana keessatti seenaa durdurii kanaa tarkaanfachiisan qooddattootni jiran fakkaattiiwwan uumamaa kan bakka bu'an, Abbaan Awwadaay seexana dhirsaa fi haati Awwaadaay, haadha manaa seexana yookiin niitii yoo ta'an, fakkaattiin waraabessatti fakkeeffame qononash yoo ta'u hiikni qononash waraabessaan ta'ee bakka bu'uun fakkeeffamuun yoo seenaa durdurichaa tarkaanfachiisan, namaan immoo kan fakkeeffame immoo qotee bulaa abbaa manaafi haadha manaa niitii midhaan daaktudha. Maqaalee bakka seexanaafi waraabessa bu'an kan nama dinqisiisaniifi qalbii nama hawwatan ta'anii mul'ataniidha.

Durdurii kun yeroo malee deemuun rakkoof akka nama saaxilu. Qotee bulaan qotiyyoo tiksuu yeroo malee ka'ee halkan deemuun gaarii akka hintaane, haati Awwadaay yookaan seexanni niitii daakuu daakaa keessaa osoo hinmul'atin haadha manaa yookaan niitii daakuu daaktu jalaa

hattee murootti naqattee gattee deemuun carraan hatuu harkaa bu’ee seexanni ijaan hinmul’anne rifaatuun ijaan mul’atte. Kuni immoo hatuun akka carraa nama harkaa buusu namatti akeekkachiisa. Akkasumas karaa aadaatiin yoo ilaalamu dhokatanii hatan karaa biraan waa biraa dhabuun akka jiru nama hubachiisa.

### 4.4.9. Durduriiwwan Fakkaattii Uumamaa adda addaafi Bineensotaa

Durduriiwwan carraa tasaatti fayyadamuun qaacceffaamuuf filataman keessaa durdurii lakkoofsa 52ffaa irratti argamu;Durdurii Ilma Hantuutaa yoo ta’u, durdurii keessatti fakkaattiiwwan seenaan durdurichaa tarkaanfachiisan; fakkaattiiwwan uumama adda addaafi Bineensotaan fakkeeffaman ta’anii kanaa gaditti qaacceffamanii dhiyaataniiru.

**Durdurii Ilma Hantuutaa**

Dur.. kaa ka’aniitoo abbaan manaafi haati manaa hantuutaa ilma isaanii fuusiisuuf yaadan,...Ilmoo baay’ee qabu turaniiti isaan keessaa hantuuta adii tokko sanyii aduutti fuusisuu barbaadanii ka’anii intala aduu kadhaatani. ilma keenyaaf nuu kennaa jedhanii gaafatan.Aduun “Ani hamma Urjii hin gahuutii Urjiin nacaalaatii dhaqaa intala urjii gaafadhaa jettee urjiitti ergite. Urjii bira dhaqan, urjii gaafatan, Urjiin “Ani akka duumessaa cimaa mitii“ duumessatti ergite.Duumessis”Ani hamma qilleensaa hingahuu intala qilleensaa fuudaa“ jedheeni. Qilleensisi “Ani danda’ee tulluu hindhiibuu, isatu na caala dhaqaa intala isaa fuudhaa “ jedhee tulluutti erge. Mana tulluu dhaqanii gaafatani tulluunis “Ani hamma tuqaa hin gahuu kan mana koo na jalaa diigu isaa isa bira dhaqaa intala tuqaa fuudhaa “ jedheetoo garuma mana ishee durii ganamaatti deebise jedhama.(Oobboo Lammeessaa Hordofaa)

Fakkaattiiwwan Durdurii kana keessatti argaman; fakkaattiiwwan uumama adda addaafi Bineensotaa yoo ta’an, fakkaattiin bineensotaan fakkeeffamuun seenaa durdurichaa tarkaanfachiisan abbaa hantuuta, haadha hantuutaafi ilma hantuutaati. Fakkaattiiwwan yookaan taatonni uumama adda addaatiin fakkeeffamuun seenaa durdurichaa tarkaanfachisa turan immoo aduu, urjii,duumessa,qilleensa,tulluufi tuqaadha. Durduriin kun fakkaattiiwwan uumama adda addaatiin fakkeeffamuun gaheen isaan durdurii kana keessatti qaban yemmuu ilaalaman aduun warra hantuutatiin ani hamma urjii hingahuutii dhaqaa intala urjii gaafadhaa jechuun yoo urjiitti ergitu,urjiinis mana duumessatti ergitee ofirraa dabarsite,duumessis akkasuma mana qilleensatti erguun ofiirra dabarse,akkasumas qilleensis mana tulluutti erguun ofirra dabarse, tulluuns

akkasuma mana tuqaatti erguun ofirraa dabarsuun hantuutni boolla ishee isa duraatti deebite qooddattonni kenneen seenaa durdurii kanaa tarkaanfichisaniiru. .

Haala kanaan taatonni uumamaa durdurii kana keessa jiran immoo: aduun, urjiin, duumessi, qilleensi, tulluunfi tuqaan dabaree dabareen walitti daddabarsaa hantuuta gara mana isheetti deebisuun uumamaan fakkeeffamuun seenaa durdurichaa keessatti qooda fudhataniiru.Kana keessatti wanti hubatamu hantuutni humna ishee malee mana aduu dhaqxee intala aduu fudhuuf yaaddee dabaree dabareen iddoo meeqa geessee boodarra garuma mana ishee ganamaa yookiin dursaatti boolla isheetti deebii'uun akka bakka ishee beektuu ta'e. Bakka ofii beekuun barbaachisaa akka ta'e, bakkaafi humna ofii wallalanii iddoo hinmalletti yoo argaman boodarra rokkoof akka nama saaxilu ta'uu hubachuun barbaachisaa akka ta'e, qooddattoonni durdurii kanaa gahee isaan taphatan irraa hubachuun durduriichi bifa kanaan qaacceffameera. .

### 4.4.10. Durduriiwwan Fakkaattii Allattii, Namoota, Beeyladootaafi Bineensotaa

Fakkaattiwwan durdurii kana keessatti seenaa durdurii tarkaanfachiisan keessaa Allaattii, namoota, Beeyladootafi Bineensota kan jiran ta'uu isaanii barruu firoominaa keessatti tuqamee jira.Durduriiwwan fakkaattii allaatti,nama, beeyladootafi bineensotaaan fakkeeffamanii carraa tasaatti fayyadamuun qaacceffamuuf filataman keessaa durduriin 15ffaa simbirqillisee yoo ta'u fakkaattiwwan aallaattii, namoota, beeyladootafi bineensotaan kanneeniin fakkeefamuun seenaa durdurichaa tarkanfachisuun ergaa isaan dabarsaniin yemmuu ilaalaaman kanaa gaditti qaacceffamee dhiyaateera.

Qooddattoonni durdurii Simbirqilisee jedhu keessatti mul'achuun, seenaa durdurii kanaa tarkaanfachiisan, namoota duula deeman sadi, saree, qotiyyoo, sinbirroo, warra namicha saree nyaachuu didee, dhirsa obboleettii, obboleettii, obboleessa, yoo ta'an,

Durdurii sinbirqilliseen jedhuu, jalqabaafi dhuma durdrichaarra yoo fudhatamu, "Bara durii, ....galaan harkaa dhumnaan saree qalana jedhanii lamaan waligalanii tokko didee; Jarri lamaan saree qalatanii nyaatan, maqaa nu balleessa jedhan, bishaan dhugnaa jedhani garba guddaa gatanii deeman. Innis garba keessaa bahuu dadhabee,...qotiyyoon bishaan dhuguu dhufe. namichis, "maaloo bishaan kanan sin dhobaasati warra kootti maal jettee naaf himta" jedheen. Qotiyyoonis "aa'a! aa'a!" jedheen,.... Deemi...hinhimtuu,..ari'ee; sinbirroon dhufte. "maaloo bishaan kanan si obaasaa maal jettee ergaa warra kootti naaf himta" jedheen; simbirroonis" saree

nyaatan galani, saree hinnyaanne badee  hidda furdaatu cite! Hidda qal'aatu qabee harandafaa! teephan dafaa! Haran dafaa! teephan dafaa!" jetteen........Obboleettiin,....obboleessa ishee ta'uu bartee gadditee abbaa manaa ishee boolla qottee eeboo oldhaabdhee afteefi yoo rafuuf jedhu sibilli waraanee isa ajjeese. Obboleessa ishees cilee irraa dhiqxee gara araddaa warra isheetti isa deebistee osoo jiraatanuu obboleessa ishees fuusistee  qa'ee warra qabsiistee jedhama. (Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

Fakkaattiwwan ergaa durdurichaa tarkaanfachiisan allaattii, namootaa, beeyladoota yoo ta'an, fakkaattiin allaattin fakkeeffamuun durdurii kana keessatti dhiyaatte simbiriqilliseedha. Namootaan fakkeeffamuun taatonni dhiyaatan immoo durdurii kana keessatti namoota baay'eedha. Isaaniis:Namoota  sadan sareefi galaa yookiin nyaata qabatanii duula waliin deeman, warra namicha  saree nyaachuu didee garbatti gatameefi hojjattuu mana kan warra isaa, obboleessa isaa kan loon tiksee galuu, obboleetti isaa yookaan kan heerumtee mana qabdufi dhirsa ishee yoo ta'an, Bineensotaan kan fakkeeffame irsa obboleetti obboleessatti yuusuun bineensa fakkaatee sodaachiseefi beeyladoota keessaa sangaa warra isaa kan sinbirqillisee gaanfa isaatii boolla keessaa baasee argisisedha.

Haaluma kanaan qooddattootni kun ergaa durdurii kana keessatti saree nyaachuun kan hinbaramneefi safuu hawaasaa kan gateedha. Kanumaan walqabatee amanamummaafi gowwummaa walbira qabuun waan dhala namaa gidduutti raawwachuu danda'u dhaloota barsiisuudha. Amanamummaa yemmuu jennu jarreen  sadanuu waliin tokko ta'anii duulaaf yoo bahan inni saree nyaata dide sun akka aadaafi safuu hawaasaatti sareen waan hinnyaatamneef aadaafi safuu hawaasaa eeguuf jecha saree qalatan  nyaachuu  diduun waadaa isaanii gale cabse. Isaan hafan lamaan garuu sababa beela'aniif  aadaafi safuu hawaasaa cabsuun jarreen lamaan saree waliin nyaatan. Iccitii isaanii  dhokfachuufiis  isa saree nyaachuu dide sana garbatti gatan. Iccitii isaanis waliin dhokfatan.inni saree nyaata dide sun yoo biyyatti deebi'an saree nyaatan jedhee iccitii isaanii jalaa baasuu danda'a. Iccitiin immoo waan guddaa waan ta'eefi jarreen saree qalatanii nyaatan isa garbatti gataniru.

Akkasumas maatiin warra namicha saree nyaachuu didee sinbirqilliseen ergaa warratti himtee garba keessaa baasiftee booda gowwummaadhaan  sinbirqilliseen duute jedhee namichi of ajjeesuun maatiin isaatiis sababa ilmoo isaanitti hundi isaanii dhumuun araddaan isaanitis qullaatti hafuun gowwummaa garmalee ibsa. Karaa biraatiin immoo soddaan qabeenya maatii

haadha manaa isaa fudhachuuf jecha obboleessa ishee cilee fuulatti dibee obboleettiin obboleessa ishee wallaaltee ammeenyummaa obbolleessa isheerraan gassisaa turuun yeroo obboleessa ishee ta'uu hubattu immoo abbaa manaa isheerratti daba raawwattee araddaa warra isheefii obboleessa isheef quuqamtee daba abbaa manaa isheetti baate. Kun hundi ergaa cimaa akka qabufi hammeenyi hammeenyummaa dhaluun yookaan dabni daba dhaluun aadaafi safuu gatuu barsiisa.Safuu hawaasaa kabajuun namichi saree nyaachuu didees lubbuu isaa garbatti gatamterraa hanbiseera. Walumaagalatti fakkaattiiwwan yookiin taatonni durdurii kana keessatti qooda fudhatan ergaan isaan dabarsan durduriin kun kallattii adda addaatiin ergaa addaa addaa kan barsiisu, kan gorsu, daba akka balaaleffannu,aadaafi safuu hawaasaa eeguu akka qabnu kan namatti himuufi aadaafi safuu hawaasaa waliin jiraachuun faayida akka qabu ta'uun durduriin kun haala kanaan qaacceffameera.

### 4.5. Aanaa Daawoo keessatti Durduriiwwan Oromoo akkataa hawaasichi ittii fayyadamu ibsu

Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti akkataa hawaasni ittiin tajaajilamuun yemmuu qaacceffamanii akka armaan gadiitti dhiyaataniru. Isaaniis: durduriiwwan akkataa diinagdee hawaasa hubachisuutiin walqabatani himaman, durduriiwwan akkataa aadaafi safuu hawaasa calaqqisiisuutiin walqabatani himaman, durduriiwwan akkataa hawwaasummaa barsiisuutiinifi durduriiwwan akkataa siyaasaa biyyaa qeequutiin walqabatanii himaman akka kanaa gadiitti qaacceffamaniiru.

#### 4.5.1. Durduriiwwan Akkataa Dinagdee Hawaasaa hubachisuutiin Walqabatanii Himaman

Durduriin diinagdee hawaasichaa hubachisuu irratti faayidaa guddaa qaba. Hawaasni Oromoo akkataa miira isaa, fedhii isaa, ilaalchaafi yaada isaa ittiin ibsatu durdurii mataa isaa qaba.Akkuma kana hawaasni Aanaa Daawoos durduriin akkataa diinagdee hawaasaa beeksisuun himuu irratti gahee olaanaa qaba. Kanumarratti hundaa'uun akka ragaa od-himtootarraa fudhatametti durduriin akkataa diinagdee ilaallataniin himaman, hawaasa kana biratti abbaa qabeenyaafi kanqaneenya hinqabne yookaan qabeessaafi dhabeessa,walbukkee qabuun qabeenya ittiin hubachisanitu mul'ata. Akkasumas,waliigaltee maatiifi hawaasa gidduutti dhimma dinagdee irratti uumamuuf tajaajila kennan ragaa funaaname irratti hundaa'uun, Durduriiwwan akkataa dinagdee hawaasaa ittiin hubachisaniindurduriiwwan walqabatanii himaman akka kanaa

gadiitiin  qaacceffamaniiru.

### A.  Durdurii   Kormaa Lukkuufi Jeedaloo

Oduu durii .., gadiguuri…,akka jaartii durii,... Gaaf tokko kormaa lukkuu beela’ee ganamaan bahee, araddaa mana isaanii duuba jiru dhaqee lafa haadhee firii funaannatee nyaatee quufnan iyyuu eegale. Irra deddeebi’ee “ku-ku-lu-lu-!” jedhee yoo iyyu jeedaloon dhageessee gara araddaa saani dhaqxee jeedaloon lukkicha gaaddee qabachuuf hoggaa tattaafattu lukkichis jeedaloo argee rifaatuun jeedoo jalaa fiiguuf yoo jedhu jeedaloon lukkicha sossobdee, hambiste, …… “Jaala koo! Sagalee kee bareeda kana takkaa itti naa deebi’imee baay’ee na gammachisaa” jetteen. Lukkichis waan mararfattee jetteen itti fakkaatee gammadee faarsa jeedoo dhugaa se’ee gammachuu keessa of wallaalee, kochoowwan lamaan walmaddii bat- bat- bat-godhee qeensan dhaabbatee, olhiixatee, ija lamaan dunuuffatee iyyuu eegale. Jeedaloon lukkuu iyyuuf ija dunuuffate osoo ija hinbanatin utaaltee morma lukkuu qabattee fiigicha hanga miilli ishii baasu keessaa kutte. Lukkuulee dhadhaloon kana arganii rifaatuun” kaka-ka-ka”-jechaa gara manaatti fiigan. Saroonni, …. abbaa lukkuu dammaqsanii fiigicha gara jeedoo taasisan lukkuu lubbuun bahus jeedoon agabuu bulte ganamas ciree milkaa’uu dadhabde jedhama.(Barattuu Urgee kabbadaa).

**Qaaccessa Durdurii Kormaa Lukkuufi Jeedaloo, akkataa diinagdee hubachisuu irratti**

Durdurii kanaa  keessatti  lukkuun beela’ee manaa ba’ee araddaa dhaqee nyaata argate nyaatee quufnaan iyyuu eegale, jeedoon sagalee lukkuchaa dhageesse, lukkuu bira dhuftee lukkuu nyaachuuf yoo jettu, abshaalummaa fayyadamte, milkaa’uu dhabde, hawaasa Oromoo biratti abshaalummaan seera darbe faayidaa isaarra miidhaa isaa akka caalu, qabeenyaa hinmalle fudhachuun milkaa’ina dhabuuf nama saaxila. Hiyyummaan akka bakka hinmalle nama dhaabuufi quufni gara malees akka inni rakkoo qabu amala lukkuu kana irraa hubachuun nidanda’ama. Kunis lukkuu waan nyaatamu barbaacha qe’ee irraa fagaate. Gaafa waan nyaatamu argatee quufu immoo bakka jiru wallaalee of himuutti ka’e. Kun immoo diina afaan isa buuse. Jeedalli immoo kan faggootti dharraatu ofbiratti argattee itti malte. Qabeenya hundumatu hawwa. Hiyyeessattis hundumatu itti dhaadata. Dinagdeen ofdanda’uun barbaachisaa ta’uufi garaa ofiif jedhanii bakka hinmalle dhaabbachuu irraa of qusachuun barbaachisaa akka ta’e durdurii kanarraa hubachuun nidanda’ama.

### B. Durdurii Abbaa mannafi Bulguu

Kaa'eet jedhan….., Namichi ijoollee haati irraa duute sadi; dhiira tokkoofi dubara lama qaba ture jedhama. Ka'eet jedhan.., nama isa sooru dhabnaan niitii fudhee jedhan,.... haati manaa ijoollee jibbinaan ari'ee, haadha manaa biraa fudhee,.... ,… ,...bosona fagoo deemee, deemee, aduun itti lixinaan abbaan ijoollittii "koottaa muka qilxuu kana jala rafnaa jedhee" ijoollittii hiriibni yoo fudhatu achuma jalatti gatee deemee, ijoollottiin" yaa qilxuu nana maaloo! mana nuu ta'i!" jedhani qilxuun baqaqee mana ta'eefi itti galanii jiraatanuu,...isaanii darbeefii,.......,intalli abbaadhaan,.. haadha manaa keessan fidaa koottaa" jetteen, innis,... barii fidee dhufee, bool'a diinqatti qottee,sibiila keessaa sussuqixee, afaa irra aftee , abbaa isheetiin gola taa'i jetteenii isheedhaan diinqa taa'i jetteeni yoo haati buddeenaa ishee sun taa'uuf jettu bool'atti kuftee duute abbaa ishee fudhatteetoo kunuunsitee nyaata bareeda kenniteefi soorte jedhamaa. (Aaddee Xiggee Abarraa)

### Qaacceessaa Durdurii Abbaa mannafi Bulgu

Durdurii kana keessatti akkataa diinagdeen ittiin hubatamu,yemmuu ilaalamu, qabeenyaaf jecha ilmoo ofii gatuu, ijoollittiin gatamte rabbi mana kenneefi waan hunda guuteefi gamnummaa dhaan rakkoo jalaa akkataa itti bahanillee hubachiisa, namni rakkate tokko akka rakkatetti akka hinhafne, yoo tattaafatan rakkoo keessa darbuun akka danda'amu, gidiraa gochuun akka booddee ofiitiif gaarii hintaane haadha buddenitti irraa ilaaluun akka danda'amuufi kkf yoo ta'u, hiikni durdurii kanaas karaa adda addaatiin ilaalamuu akka danda'amudha. Kunis haati biddeenaa ijoolleettii sanaaf osoo gaarummaadhaan isaan qabdeeyyuu ijoolleettiinis akkuma haadha isaaniitti ishee ilaalanii yeroo humna dhabdutti ishellee akkuma abbaa sooranitti ishee sooruullee akka danda'an wanti duubatti nama yaachisu jiraachuun nihubatama. Walumaagalatti durduriin kun akkuma bal'ina isaatti faayidaan isaas karaa bal'aa ilaalamuu akka danda'amu, qabeenyatti dhimma bahuun gamnummaa barsiisuufi wallaalumma maqsuu, qabeenyaaf jedhanii maatii gidirsuun barbaachisaa akka hintaane, qabeenyi humna wajjin akka godaanu, namaa tolan tola argatu waan ta'eef waan gaarii namaa yaaduun barbaachisaa akka ta'e yaada bal'aa ta'e nama hubachisa.

**C. Durdurii Warra ollaa lamaan hiyyeessaafi Dureessa turan**

Bara durii namoota ollaa ta'an lamatu dureessaafi hiyyeessatu ollaa walii jiraatu turan jedhama. Inni dureessaa sangoota ja'a qaba; Inni hiyyeessa ta'e immoo sangaa tokko qofa qaba turre. Inni hiyyeessa sangaa qabu tokkicha qalatee gogaa isaa goggogsee gabaa baasee muka guddaa tokkorra koree dhokatee taa'ee yoo gabaan sirritti walgeessu gogaa goggogaa sana" kakak-kakak!"godhee namoota gabaa keessaa jiran rifachisee waan qaban gachisisee baqachisuun qabeenya isaanii fudhatee manatti gale. Inni dureessas akkuma isaa sangoota ja'an qalatee gogaa sangootaa gurguruuf gabaa baasee gabaan irraa bituu diddee fudhatee galeen, mana hiyyeessa sanaa jalaa gube. Guyyaa biraa immoo namichi hiyyeessi sun daaraa mana isaa gubatee qalqallootti haratee guutee, baattatee osoo deemuu aduun itti lixinaan jara tokkoon "Aduun natti lixee maaloo na bulchaa" jedheen. Jarris" Buli manni kan waaqatii "jedhaniini innis bulee bariituu isaa yoo ka'u;daaraa qalqalloo keessaa sana sobee midhaani jedhee "Midhaan koo sana naa kennaa "jedheen.

Yoo qalqalloo isaa kennaniifi fudhee hiikee ilaalu daaraan qalqalloo guutuudha, innis "maaloo yaa midhaan koo! Uu!....uu!...." jedhee iyyaa keessaa kute. Iyyu isaatti jarris rifatanii "maaloo hiniyyin si kenninaa " jedhaniini xaafii qalqalloo isaatti guutaniifi innis xaafii qalqalloo tokko fidhatee gale. Ammas warri olla isaa dureessaa sun "midhaan kana eessaa fidattee dhufte?"jedheen. Innis "ati mana koo gubdus daaraa mana kooti gurgureen bitadhee dhufe kaa" jedheen. Inni dureessaas ammas ka'eet mana isaa gubee daaraa qalqallootti naqatee gurgurachuuf gabaa baatee deemeei "daaraa bittu" jedhee yoo gaafatan namoonni gabaa keessaa isa ar'anii gara mana isaanitti deebi'ee galee jedhama.(Barattuu Jirgifee Tolasaa)

**Qaaccessaa Durdurii Warra olla lamaan hiyyeessaafi Dureessa turan**

Ergaan Durdurii kanaa faayidaa hawaasni Oromoo Aanaa kanaa irraa argatu irratti hundaa'uun yemmuu ilaalamu qabeenyaa haala barbaachisuun argachuu dhabuun, gowwomani qabeenya balleessuun ifatti kan mul'atudha. Inni hiyyeessaa sangaa tokkicha qabu qaluun gamnummaadhaan akka inni dureessaa sangoota 6 qabu qalee hiyyoomu taasisuun abshaalummaadhaan isa gowwomsee qabeenya qabu harkaa fixuun ofiin isa qixxeessuun gowwummaadhaan kan qabu fixee harkaa dhabuun kun waan badaa irraa akka ofi qusannu barsiisuu, gorsuufi hubachisuun ergaa bal'aa akka qabu nama hubachiisa. Dabatataaniis daaraa

baatee bakka itti dhiite bulee bariituu warra bule gowwomsee qabeenya harkaa sammatee dhufuun kun immoo namni waan hundaan nama garmalee amanee jiraachuun akka irraa hineegamne namatti mul'isa. Walumaagalatti durduriin kun bal'inaan hawaasa keenya kan barsiisu, waan gaarii hintaane hubachuu akka danda'amu kan itti agarsiisu, akkuma gaariin jiru badaanis jiraachuu isaa hubannee akka ofeeggannoofi qusannoon qabeenya qabanutti fayyadamuu gorsa namootaaf kenna.

**D. Durdurii Namicha Beela'e**

Oduu durii,..gadiguurii akka jaarsa durii,...namicha beela'e tokkotu ture jedhama. Akka malee beela'ee ooyiruu asheeta baaqelaa qabu tokko argee itti goree baaqelaa qola isa gubbaa jiru faana nyaate. Beeluun yoo itti furu qola isa gubbaa irraa quncisee nyaatee ammas yoo quufu baaqelaa qola isa midhaan quncisee irraa nyaate. Yemmuu inni nyaatu abbaan ooyiruu dhokatee jalqabaa hanga dhumaatti isa ilaala ture jiraatii akkas jedheen"yaa namichoo baaqelaa kana yoo nyaattu akka isa duraas miti, akka isa boodaas miti ,akka isa gidduutti nyaadhu jedheen jedhama.(Barataa Na'ol Dinqaa)

**Qaaccessa Durdurii Namicha Beela'e**

Ergaan Durdurii kana karaalee hedduun ilaalamuu danda'a. Gama diinagdeetiin durdurii kana yemmuu ilaallu, akkuma odeef-kennitootarraa ragaan fudhatametti waan tokko dhabne jennees akka hindhiphanneefi waan tokko qabna jennees yoo itti fayyadama isaa wallaallee gaarii akka hintaane nutti mul'isa. Baaqelaa qola faana nyaachuun akka malee rakkoof dhiphachuu yoo ta'u baaqelaa qola irraa baasee nyaachuun seera akka ta'eefi akkasumaillee qola midhaanii irraa quncisee nyaachuun immoo quufa wallaluun keessa darbuu ta'a. Kun immoo, rakkoon seeraan jiraachuu nama dhorku danda'a. Sababa rakkootiin adeemsa uumamaa faallesina. Safuu cabsina. Bishaan qulqulluu dhabnee corroqa dhugna. Urgaa dhabnee kan foolii fuudhe nyaanna. Callaa dhabnee haftee ykn qarmii funaanna. Bilchaataa dhabnee xobbee nyaanna, xobbee cirra,xobbee qalla,hudhaa agadaa cabsina. Kana hunda yeroo raawwannu immoo sababa rakkoo safuu hawaasaa diigna.Kanaafuu qabeenya argannettis ta'ee kanamaas yoo ta'e seeraan akka itti fayyadamuu qabnu durdurii kanarraa hubachuun ni danda'ama.Kana jechuun immoo hiyyummaan ammam akka nama miidhu durdurii kana fayyadamuun hawaasi naannoo kanaa walbarsiisa, walis hubachiisa.

### 4.5.2. Durduriiwwan Akkataa Aadaafi Safuu Hawaasaa calaqqisiisuutiin Walqabatani Himaman

Beekumsi hawaasaa dhugaa hawaasa sanaa keessa jiru kan ibsuudha. Beekumsa kanas gooroowwan fookloorii: kanneen akka mammaaksaa, hiibboo, oduuduriifi k.k.f.tti fayyadamuun aadaa hawaasa sana keessa jiru hawaasni ittiin walbarsiifata. Durduriiwwan hawaasicha keessatti himamanis shakala aadaa duraaniifi agarsiistuu yeroo ammaati. Akka odeef kennitoota naannoo qorannichaa irraa odeeffannoo funaanname ibsutti, faayidaa oduundurii aadaafi safuu hawaasa sanaa ibsu, aadaafi safuu hawaasaa cimsuuf oolu haala armaan gaditti qaacceffameera.

#### A. Durdurii Qeerransaafi Abbaa Gaaguraa

Oduu durii….., Gadi guurii akka jaarsa durii….., Gaaf tokko qeerransi hooloota qotee bulaa tokko nyaate fixee Qotee bulaan qotiisaa manatti yoo galu, qeerransi hooloota nyaatee fixe arge.Qotee bulaan eeboo isaa qabatee qeerransa duukaa bu'e. Qeerransis "yaa lubbuu na baasi! yaa lubbuu na baasi!" jedhee osoo fiigaa jiruu namicha gaagura baate deemu tokko argee "yaa namicha gaagura kana keessa na dhoksi yoo sigaafatanis hinagarre jedhiin" jedhee kadhate. Namichis gaagura keessa dhoksee,yemmuu gaafatanis hin'agarre jedhee dabarse. Achi booda "gaagura keessaa bahi darbaniiru" jedheen qeerransaan, qeerransis "gaagura keessa agabuu koo na olkeessee na tursiistee akkamittan agabuu koo deema sin nyaadha" jedheeni. Namichis "akkamitti akkana naan jetta, qamaleen dubbii keenya nu yaa murteesitu itti himana" jedheeni. Achii booda qamalee bira dhaqee waamee qamaleen dhuftee haala isaanii itti himatani.

Qamaleenis balleessaan kan qeerransaa akka ta'e beektus qeerransa soodaattee mala itti murteessitu yaadde.Qeerransaans akkana jetteeni. "Obboo Qeerransoo mee yeroo namicha dhokattu akkamitti gaagura keessa seente" jetteeni, qeerransis gaagura keessa seenee agarsiise. Qamaleen namichaanis "mee akkamitti afaan gaagurichaa hiitee dhoksite" jetteeni.Namichis afaan gaaguraa jabeessee hidhee itti agarsiise.Achii booda qamaleen namichaan," murtiin kee hedduu uleen harka kee jiraa reebii ajjeesi, reebii ajjeesi" jetteen. Namichis qeerransa gaagura keessatti reebee ajjeese jedhama.(Barataa Gammachiis Soorii)

**Qaaccessa Durdurii Qeerransaafi Abbaa Gaaguraa**

Faayidaa durduriin kun hawaasa Oromoo naannoo kanaa biratti gama aadaafi safuu hawaasatiin qabuun yemmuu ilaalamu; akkuma odeef-kennitootarraa ragaan fudhatametti, tokkoffaa, garalaafummaafi gaarummaadha,Inni lammaffaan immoo malaan waajalaa miliquu ibsa. Namichi gaagura qabu qeerrensa dhoksuun isaa gaarummaafi gara laafummaa dhala namaati. Akkasumas qamaleen fakkeefamee kan ibsame gamnummaa yookiin abshaalummaadhaan diina jalaa bahuu tooftaa kanaan milquun akka qabnu barsiisa. Akkasumas,namichi qeerransa gaagura keessa dhoksuun qeerransaaf yaadee akka inni hinduuneef gaagura keessa isa kaa'ee balaa irraa lubbuu isaa baraaruun qeerransaaf akka hammeenyummaatti itti mul'ate. Ummata birattis gaarummaan aadaa isaati, yeroo mara gaarii yoo taasifne gaariin qofti na muudata jennee eeguu akka hinqabne durdurii kun nu hubachiisa. Qeerrensi deebi'uun kan diina jalaa isa baase diina itti ta'ee, safuu cabsuu yoo ta'u, walumaagalatti durduriin kun gama aadaafi safuutiin yoo qaacceffamu, uummanni akka waasafeeffatu, nama tola raawatee gaarii namaa ooleef tokko .rakkoof dabarsee akka walhinkennine, waliirifachuun diina fira isaa fakkatee, isa miidhuu deemu balaaleffachuu akka qabu durduriin kun hubachiisa.

**B. Durdurii Simbirqilisee**

Bara durii namoota sadi ta'aniitu sareefi galaa qabatanii duula deeman jedhama. Galaa isaanii debaree dabareen kan isaan hundumaatu nyaatanii fixani.Kan gaaf kaanii galaan harkaa dhumee, saree qalana jedhanii lamaan isaanii walii galanii inni tokko isaan keessaa saree hinnyaadhu jedhee didee; jarri lamaan saree qalatanii nyaatanii isa dide yoo gallu biyyatti maqaa nu balleessa jedhanii koottuu bishaan dhugnaa jedhaniini laga qarqara yoo gahu garba guddaa keessatti gadi gatanii deemani. Innis garba keessaa bahuu dadhabee hiddi furdaan cite hiddi qal'aan qabee osoo jiruu… ,sinbirroon kaatee dhufte." maaloo bishaan kanan si obaasaa maal jettee ergaa warra kootti naaf himta" jedheen; simbirroonis" saree nyaatan galani, saree hinyaanne badee hidda furdaatu cite! Hidda qal'aatu qabee harandafaa! teephan dafaa! Haran dafaa! teephan dafaa!" jedheen itti siif hima jetteen.

Achumaan bishaan obaasee ergate, simbirroonis mana warra isaa dhaqxee balbalarra dhaabattee, "saree nyaatan galanii, saree hinyaanne bade, hidda furdaatu cite, hidda qal'aatu qabee haran dafaa! teephan dafaa!" jettee irra deddeebitee itti himnaan warri dhagahuu…. hinyaanne badee,

jettee ergaa dabarsiteefi warris dhagahanii teepha qabatanii simbirroonis daandii dura buutee itti agarsiistee dhaqanii garba bishaanii keessaa ilma isaanii baasaanii fudhatanii galan, innis simbirroo sanaaf maqaa ishee "simbirqillisee" jedhee baaseef fudhatee wajjin gale. Yoo nyaatu simbirqillisee wajjin nyaata, yoo rafu wajjin rafa; osuma kanaan jiruu gaafa tokko inni gabaa baanan ashkariin isaanii akaawwii akooftitii simbirriqilliseen akaawwii eelee sibilarraa qicattee achumaan ashikarittiin muka akaawwitiin dhooftee ajjeefte daaraa keessa awwaltee eegde. …… Obboleessa ishees fuula irraa dhiqxee gara araddaa warra isheetti isa deebistee osoo jiraatanuu obboleessa ishees fuusistee araddaa warra isaanii qabsiistee jedhama. (Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

**Qaaccessa Durdurii Sinbirqillisee Akkataa aadaafi safuu hawaasaa calaqqisiisuutiin walqabatanii himaman**

Durduriin kun akkataa aadaafi safuu hawaasicha itti hubachiisuu qaba. Durdurii .kana keessatti saree nyaachuun kan hinbaramneefi safuu hawaasaa kan gateedha. Kanumaan walqabatee amanamummaafi gowwummaa walbira qabuun waan dhala namaa gidduutti raawwachuu danda'u dhaloota barsiisuudha. Amanamummaa yemmuu jennu jarreen sadanuu waliin tokko ta'anii duulaaf yoo bahan inni saree nyaata dide sun akka aadaafi safuu hawaasaatti sareen waan hinnyaatamneef aadaafi safuu hawaasaa eeguuf jecha saree qalatan nyaachuu diduun waadaa isaanii gale cabse. Isaan hafan lamaan garuu sababa beela'aniif aadaafi safuu hawaasaa cabsuun jarreen lamaan saree waliin nyaatan. Iccitii isaanii dhokfachuufiis isa saree nyaachuu dide sana garbatti gatan. Iccitii isaanis waliin dhokfatan. "dhuufuun waliin mar'atanii dhuufan hin xirooftu "jedha mammaaksi Oromoo kanaaf haabadus haatolus inni saree nyaata dide sun yoo biyyatti deebi'an saree nyaatan isaaniin jedhee akka aadaafi safuu cabsa hima, iccitii isaanii jalaa baasuu danda'a . Iccitiin immoo waan guddaa waan ta'eefi jarreen saree qalatanii nyaatan isa garbatti gatani.

Karaa biraatiin immoo safuu hawaasaa kabajuun isaa namicha saree nyaachuu didees lubbuu isaa badiirraa hanbiseera. Akkasumas maatiin warra namicha saree nyaachuu didee sinbirqilliseen ergaa warratti himtee garba keessaa baasiftee booda gowwummaadhaan sinbirqilliseen duute jedhee namichi of ajjeesuun maatiin isaatiis sababa ilmoo isaanitti hundi isaanii dhumuun araddaan isaanitis qullaatti hafuun garmalee gowwummaa isa. Karaa biraatiin immoo soddaan qabeenya maatii haadha manaa isaa fudhachuuf jecha obboleessa ishee cilee

fuulatti dibee obboleettiin obboleessa ishee wallaaltee ammeenyummaa obbolleessa isheerraan gassisaa turuun yeroo obboleessa ishee ta'uu hubattu immoo abbaa manaa isheerratti daba raawwattee araddaa warra isheefii obboleessa isheef quuqamtee daba abbaa manaa isheetti baate. Kun hundi ergaa cimaa akka qabufi hammeenyi hammeenyummaa dhaluun yookaan dabni daba dhaluun aadaafi safuu gatuu barsiisa. Karaa biraatiin immoo safuu hawaasaa kabajuun namichi saree nyaachuu didees lubbuu isaa garbatti gatamterraa hanbiseera Walumaagalatti durduriin kun kallattii adda addaatiin ergaa addaa addaa kan barsiisu, kan gorsu, daba akka balaaleffannu,aadaafi safuu hawaasaa eeguu akka qabnu kan namatti himuufi aadaafi safuu hawaasaa haala kamiin safeeffachuu akka qabnu nama hubachiisuu danda'a.

### C. Durdurii 28ffaa Dhirsa Intalaafi Amaatii

Ka'eet jedhan……,namichi warra amaatii deeme jedhan. Amaatiin kaatee marqaa okkoteetti marqiteefi soddaa isheetiif waciitiitti baastee kenniteefi sa'a elmachuu mooraa dhaqxe. Soddaan marqaa kennameef nyaatee fixee hinquufneetii itti dabalatee nyaachuuf okkotee marqaa harka kaa'ee baafachuuf yoo jedhu afaan okkotee dhiphoodhatii harki keessaa bahuufi dide. Achumaan kaatee amaatiin elmitee yoo dhuftu harki isaa okkotee keessaa bahuu didee keessa jira. Amaatiin mataa qabattee yaa baraa ….yaa baraa…. yoo jettee iyyitu. Soddaan "waan baraa lakkisi harka okkotee keessaa naaf harksi jedheen jedhama. (Obboo Tsaggayee Guutamaa)

### Qaaccessa Durdurii Dhirsa Intalaafi Amaatii

Ergaan durdurii kana akkataa ragaan odeefkennitoota hawaasa naannoorraa fudhatametti soddaan kabaja guddaa kan qabuufi aadaa hawaasaa keessatti warri haadha manaa karaa soddaatiin safuun kan bakka kennamuufi amaatii biratti soddaan amaatii kan salfatuufi akka barbaadetti kan taphatu miti.Warra amaatii dhaqee soddaan hatuu dhiisatii kan kennameefuu nyaachuun qaaniidha. Waan kennameefi nyaatu jarjareellee akka hinnyaannefi nyaatee fixuunillee safuudha. kaanaaf warri amaatiis ta'ee warri soddaa kabaja guddaa walii kan qaban ta'uun beekkamaadha. Soddaan okkotee harka kaa'ee margaa hatuun safuu hawaasaacabsuu mul'isa. Aadaafi safuu gatanii waan hintaaneen ilaalamuun gaarii akka hintaane hubachisuun aadaafi safuu hawaasaa barsiisuun, gorsuu,fi kkf nama hubachiisa.

**D. Durdurii Jaarsa Loon Tiksuufi Intala (Haadha warraa) Baduuf deemtu**

Durkaa…. Jarsatuu loon eegaa ture. Innis yoo eegaa jiru kana micayyoon tokkoo baduuf kaatetoo bakka inni loon eegaa jiru biraan darbuuf deemtitii isheenis akkana jettiini “abbabbaa akkam jirtu. daandiin kun eessa nama geessaa?” jettiini. Jaarsis “nagaa galata Rabbii! maali intalatoo eessa deemta?” jedhuuni. Isheenis “abbabbaa koo ka’een bada jedheetani” jettiin. Jaarsis”intalatoo maal taatee badaa?” jedhuuni.intalattiinis ”dhirsa kiyyatu naa gamsiise. Midhaan isuma wajjiinin xaaree maasee, facaafannee ,galfannee,keessaa soree ,guuree, hororee,marqee , naqee kenneef afaanitti naa naqxu malee naan jedhaa kanaaf natti hammaateen baduuf ka’a jetteeni. Jaarsis “yaa intala koo kan waciitii gahe waciitii keessaa gadi itti naquutu salphatamoo wanciitti baduutu salphateree” jedheeni galgala fudhatee galee warra lamaanuu walitti araarse jedhama. (Obboo Atoomsaa Gurmuu)

**Qaaccessa Durdurii Jaarsa Loon Tiksuufi Intala Baduuf deemtu**

Durduriin kun akkataa aadaafi safuu hawaasaa ittiin nama hubachiisu ni qaba Kunis wanta tokko dhiyootti fala itti kennuun osoo jiruu fagoo deemuun akka hinbarbaachifne kan nama gorsu ta’ee jaarsi kunis malaan dubbii walitti fiduun jara wallole araarsuun waan salphaa ta’e tokko ofitti cimsanii rakkoo cimaa uumuu irra waan hinbarbaachifne tokko malumaan hubatanii dhiisuun gaarii akka ta’e kan nama hubachiisuudha. Akkasumas niitiin baduu deemtu rakkoo cimaaf of saaxiluu isheefi wanta salphaan furtee argatu tokko cimee yookiin ulfaatee akka argamu gochuun barbaachisaa akka hintaane, malaan dubbii qabbaneessee namini raagaan sun jara lamaaniif araara buusee kan barsiisuudha.Durduriin kun aadaafi safuu hawaasa Oromoo keessatti yoo namni wallole jarsummaan rakkoo hiikuun barbaachisaa akka ta’eedha.

**4.5.3. Durduriiwwan akkataa Hawwaasummaa hubachiisuutiin Walqabatan Himaman**

Akkataa odeefkennitootarraa ragaan funaanametti Hawaasa Oromoo Aanaa Daawoo biratti hawaasummaan jirachuun gahee olaanaa akka qabuudha. Oromoon durii kaasee jiruufi jireenya isaa keessatti kallattii adda addaatiin hawaasummaan jiraataa kan turefi jiraachaas kan jiru ta’uu ni hubatama. Jireenya hawwasumma kanneenis akka fakkeenyatti yoo fudhannu, waliin tikfachuu, daboo walii bahuu, rakkatan walgargaaruufi k.k.f dha.Haalleen kana Oduuduriitti fayyadamnee durduriin akkataa hawaasummaan itti jiraatan walbarsiifatu. Durduriiwwan akkataa hawaasummaa hubachiisuutiin walqabatan himaman kanaa gaditti qaacceffamaniiru.

## A. Durdurii Abbaa warraafi Haadha warraa Maqaan Bareedumakoon Bobbaa uffattee taate

Ka'aniitoo…, abbaa warraafi haadha warraa waliin jiraatan ture,haati warraa abbaa warraa ishee biratti nyaata sirmattu nyaattee hin beektu. Abbaan manaa "koottu nyaadhu hin nyaannaa "yoo jedheen "quufe nyaanni na dide" jettin dursa osoo inni hin galin nyaattee eegdi "bareedinni koo na gaha" jettiini. Innis waan isheen jette hunda dhugaa see'e yaada ishee fudhata ture,Kan gaaf kaanii abbaan warraa hiriyaa isaatiin"Niitiin koo nyaata sirmaa nyaattee hin beektu akkanumatti jiraattii maal naa wayyaa" jedhee itti himate. Hiriyaan isaatiis "yemmuu qonna baatu ganama fuudhii bahii yoo galtanis qanbara baattee si wajjin haagaltu guyyaa illee akka hin galle dhoowiti wajjin galii yeroo sana nyaachuufi dhiisuu ishee argitaa" jedheeni gorsen.

Innis gaaf tokkoo qonna wajjin bahanii guyyaa yoo geessu" kana irrafadhe galeen dhufa" yoo jettun nidida, osuma akkas jedhanuu galgalli qotiyyoo hiikni gahee hiikanii "qanbara kana fidii koottu ani dafee galeen qotiyyoof cidii qunxuraa" jedhee cidii qunxuree osoo isheen mana hin gahin baaxii manaakoree ilmaan waaggaa gubbaatti olbahe eege. Achii isheen galtee abidda qabsiistee hamma tolchitutti muddamtee lixii qodaa bukoo keessaa bukoo buustee dhugde. Qoran olgalfachuu yoo gadi baatu inni soraarraa bu'ee qotiyyoo galfatee gale. Isheenis buddeen tolchitee dhoksitee nyaattee galgalli yoo gahu "na dhukkuba garaan koo ala nabaasi " jetteeni innis "gadi hinbahinii hubboo keessatti gadi taa'i boru damma jennee gabaa baafnee gurgurraa" jedheen. Isheenis akkuma inni jedhe gootee bultee bariitu " ka'i damma keenya gurgurraa" jedhee afaan hubboo hidhi jedheenii gaabaa baachisee baasee yoo gabaa gahan inni ulee baatee duuba deemee dugda isheerratti cabsee achumaan maqaan ishee dur "Bareedumakoon" amma garuu gocha isheetiin " Bobbaa uffattee taate" jedhameen jedhama. Maanguddoo (Obboo Lammeessaa Hordofaan)

## Qaaccessa Durdurii Abbaa warraafi Haadha warraa Maqaa Bareedumakoon Bobbaa uffattee taate

Qaaccessi ergaa durdurii kanaa akkataa hawaasummaa ibsuutiin ergaan irraa hubatamu hawaasummaan yookiin tokkummaan maatii manaarra ka'uun sadarkaa,ollaatiin, akkataa kanaan dagagaa deema waan ta'eef osoo haati manaa abbaa manaa nyaata nyaadhee hinbeeku jettee dhoksuu baattee rakkinni kun isaan gidduutti hinuumamu ture. Wanti tokko dhokatee akka

hinhafne niitiin Bareedumakoon ofiin jettee dhoksaadhaan nyaata abbaa manaa duuba nyaattu gaafa guyyaa ishee ifa bahuun ishee hinoolle. Kanaaf namni wanta tokko narratti hinargu jechuun nama jalaa dhokatanii waa raawwatanillee hawaasa keessatti fudhatama akka hinqabneefi  Akka nama daawi'itii jala dhokateeta'uudha Kunis daawi'itiin osoo fuulleedhaa nama mul'isuu daawwi'tii jala dhokachuun ofgowwomsuu waan ta'ef kanaaf Waaqa jalaa akka hindhokanee hawaasa malaan barsiisa.

Haati manaa abbaa manaa ishee nyaata nyaadhee hinbeeku jettee osoo dhoksuu baattee "alaa galan walii galan" akkuma jedhamu tokkummaan jiraatani iccitiin isaanii alatti bahuun hinqaana'an ture. Tokkummaan jiraachuun waliin mar'achuun osoo jiraatee hawaasummaan osoo jiraata ta'ee rakkoon isaan gidduttis hin uumamu ture. Akkasumas hammeenyi dhokate  yoo ifa bahu hammeenya isa caalu qabatee akka dhufu malaan barsiisa yookiin ni gorsa.

**B.  Durdurii Obboo Naachafi Adde Qamalee**

Oduu durii …, gadi guuri.., Bara  durii  aaddee qamuufi  obboo naachi bosona keessatti walarganii michooman  jedhama.  Addee qamaleen naachi yoo beela'e ija mukaa funaannattee ni kennitiif, innis haadha mana qabaatii mana isaatti  bishaan keessa yoo galu, waan argate kana manatti qabatee gala.  Haati manaa isaa tunis  waan inni fide kana ni nyaatti, ni nyaatti,  osoo jedhanuu  kan gaafa kaanii haati manaa nyaachaa aadde qamuutti inaaftee dhirsa isheetiin ati yeroo mara ganama kan baate galgala natti galtee haala kanaan akkam ta'a anis si wajjin deemuu malee jetteen.

Innis addee qamuun keesummaan yoo itti baay'ate nu hinaffertuutii malanan gaafadhee dhufa jedhee deebi'ee deeme, Achi oolee yoo dhufu  niitiin naachaa mufattee" na dhukkube" jettee guyyaa guutuu ciiftee, mala biraa malattee eegde. Innis "maal taatee haadha manaa koo" jennaaniin, " na dhukkuba ati turraaniin mana beekaa dhaqee amma duuta yoo qoricha kana argachuu baatte naan jedhanii du'uu kooti" jetteeni. "Qorchi maali siin jedhaniree?" jedheen. Isheenis "qorichi dhukkuba keetii onnee aaddee qamuu itti liqimsi naan jedhani. "jetteen. Innis ka'ee qamuu bira deemee itti himuu sodaatee "aaddee qamuu ati yoomuma mana koo bartaa?" jedheen. Qamuunis "atuu bishaan daakuu beektaa akkamiiniin si wajjin galaree" jetteeni. Innis "dugdattan si baadhee daakee si ceessisa" jedheeni; bishaan gidduu yoo gahu yaaddoo itti ta'ee; "aadde qamuu haadha manaa koo dhukkubeet beekaan onnee aaddee qamuu si fayyisa" jedhee

onnee qabdaayii jedheenii gaafate. Aaddee qamuunis “anoo onneen too bishaanitti na jalaa buutee baddi jedheen mukarratti dhiisee dhufeetii koottu kaa achi na deebiis deebinee finnaa” jetteen innis deebisee bishaan qarqaraan yoo gahu qamuu xob jettee muka korte, itti kofalte. Naachis “qamuu maarree dafii fidii koottu kaa” jennaaniin aadde qamuun” atuu onnee hin qabduu ani qabaa badi asii” jetteen jedhama.(Barataa Kaasahuun Tarreessaa).

**Qaaccessaa Durdurii Obboo Naachafi Adde Qamalee**

Durduriin kun Akkataa ragaan odeefkennitootarra fudhatametti faayidaan hawaasa Oromoo biratti qabuun yemmuu hubatamu qamaleefi naachi waliigalteedhaan hawaasumman waliin jiraachaa turanii inaaffaa haadha manaa naachatiin garaagara bahan. Kunis niitiin naachaa oonnee aaddee qamaleetu na fayyisa jettee qamalee malaan ajjeesisuuf yoo kaatu, qamaleen gamnummaadhaan onneen koo bishaanitti najalaa baddi jedheen mukarran kaa’ee dhufe, deebii’een mukarraa onnee koo fida jettee muka bira gahuun naachaan mala itti malattee jalaa bahuu isheeti. Kunis hawaasa keessatti malaan jiraachuun iddoo guddaa akka qabufi gidiraa yaadanii daba namarratti yaaduun waan duraan argatan tokko nama dhabsiisuu akka danda’u. Kana malees inaaffaan badaa akka ta’eefi dabni kunis jireenya hawaasummaa keessatti nyaata qamaleen naachaaf kennutuillee akka isaan dhabsiise sababa dabaatiin faayidaan jireenyi hawaasumma kennamuuf dhabuun nyaata qamaleerraa argatan akka isaan jalaa dhaabachuu danda’u kan muudate ta’uu namatti mul’isa. Hawaasni diina jalaa malaan akka jalaa bahuu qabullee ni barsiisa.walumaagalatti tokkummaan jiraachuun barbaachisa akka ta’e,jireenyi hawaasummaa barbaachisaa akka ta’eefi yoo jireenya hawaasummaa diignee keessaa baane rakkof akka saaxilamu nu barsiisa.

**C. Durdurii Simbirrootafi Qocaa**

Oduu durii .., gadi guuri.., Gaaf tokko qocaan baay’ee beela’ee osoo tirachaa jiruu simbirroonni waamicha waamamani adeemuuf qopha’anii jiran itti dhufan. Yeroo kana qocaan simbirrootaan akkanatti mimmidhagdanii eessa deemaa jirtuu jedhee gaafate. Simbirroonnis “waamicha tokko deemna jedhanii itti himani. Qocaanis “maal ta’aree yoo anas nafudhattanii deemtan? Jennaan simbirroonis maal kochoo hin qabduu maaliin balalitaree jennaanin “ innis “maal qaba kochoo keessan irraa tokko tokko yoo naaf kennitan?” jedheen.Simibirroonnis kochoo tokko tokko kennaniifi waajjinbalali’uu, deemuu jalqabanii yoo karaa gahan maqaan kee eenyuu jedhaniin

gaafatan.Innis gamnaati maqaan koo hunduma keessaniifiin jedhama jedheeni. Osuma deemanu mana waamicha gahani ol seenanii ani waanan dubbii beekuuf isiniifan dubbadha jedheeni taa'anii dhaangaan dhiyaateefi dhaangaan kuni kan eenyuuti jedheeni warra qopheesaniin isaaniis hunduma keessaniifi jedhaniin. Qocaaniis kinoo dhageessanii miti maqaan koo hunduma keessaniifi dhaangaan kunis kan qophaa'e anaafi jechuudha. Jedheenii (Barataa Guutuu Mirgiisaa)

**Qaaccessaa Durdurii Simbirrootafi Qocaa**

Durduriin kun akkataa hawaasummaa mul'suutiin inni qabu qocaan kochoo ergifatee deemee achi yoo gahu, dhaangaa qophaa'eef jalaa fudhatee simbirroota agabuu galche, kochoo itti deebi'u dhabee booddees sinbirroota kadhatee nan gala yoo jedhu kochoon irraa bu'ee kufee caccabee du'uun isaa gaarii yoo yaadan gaariin akka nama qunnamu, simbirroota wajjin tokkummaan yookiin hawaasummaan osoo jiraate rakkoof kan hinsaaxilamne ta'uu, gadhee yoo yaadan gadheen akka nama qunnamuufi hawaasummaan jiraachuun barbaachisaa akka ta'e nama hubachiisa. Akkasumas qocaan hawaasummaan simbirroota faana waan jiraatu fakkaatee isaan ganuun miidhaa cimaa isaarran geesisee jireenya isa dhorkuun kun haawasa keessatti fudhatama dhabsiisee jira. walumaagalatti tokkummaan yookiin hawaasummaan jiraachuun faayidaa akka qabu hawaasa hubachiisa.

**4.5.4. Durduriiwwan akkataa Siyaasaa biyyaa qeequutiin Walqabatanii Himaman**

Oduundurii haala siyaasaa hawaasa biyya tokkoo barsiisuu irratti gahee olaanaa qaba. Uummanni Oromoos oduuduriitti dhimma bahuun haala bulchiinsifi mootummaan biyya tokkoo ittin bulchu walhubachiisa. Akka odeefkennitoota irraa odeeffannoon funaanname maanguddoonni himanitti haala siyaasa biyyi tokko ittiin bulu ibsuuf durduriiwwan tajaajila kennu danda'uu jedhaman akka kanaa gadiitti qaaccefamariiru.

**A. Durdurii Leencaafi qamalee**

Akkana jedhan kaa…., bara durattii leenci ilmoo isaa caakkatti dhiisee nyaata barbaada deeme ture jedhama. Yeroo deebi'ee dhufu qamaleen ilmoo isaa fakkaattee shaffanattee bakka ilmoo isaa sana ciiftee eegdee leencis ilmoo isaa see'ee fudhatee manatti galee yoo guddisu qamaleen guddachuu didde. Ammas yoo ilaalu guddachuu dide . “maaloo abbaa koo kanan guddachuu

dideefi namaa beekaa bira naa dhaqi” jetteen. Leenciis” tole damma biteen siifi dammaa qabadhee dhaqa” jedheenii damma bitee dhaquuf yoo ka’u qamaleen” ati damma natti kenniti gateeti keetitti na baadhu” jetteen.Innis qamalee gateetitti baatee yoo deeman isheen damma nyaatti damma gateetti isaatti coccobsiti Leenci” maal inni kan natti cophu?” jedhee yoo gaafatu imimmaan kiyya jettitin. Maali maal taate jedheeni isheenis kanan akkanatti guddachuu didee hafe kana kaa jettiini. Osuma deemanu muka tokko jala gahanii “xab “jedhi kaa yoo jedhuun “xab” jettee muka korte. Innis ati maal jennaaniin “bittee dammatee….; dhaltee ilmootee..; dhabdee.. yaa waa-lama dhabeettii…!” hin jenneeniiree aaddee qamuun akkanaan addaan galte jedhama.(obboo Dhugumaa Safaraa)

**Qaaccessaa Durdurii Leencaafi qamalee**

Durdurii kana keessatti ergaan gama siyaasaatiin yoo ilaalamu kan ofii wallaaluun kan namaa fudhachuun qamalee leenci ilmoo isaa kan hintaane qamalee baatee, ilmoo isaa wallaalee qamalee ilmoo isaa se’ee yemmuu jiraatu, mootummaan biyya bulchu waan biyyi isaa irraa eeggatu beekee bulchuu akka qabu, qamaleen leenca gowwomsitee ilmoo isaa fakkaattee, waalama walbukkee qabuun gowwummaan leencaafi gamnummaan qamalee yoo ilaalamu, mootummaan biyya bulchu tokkos, akkuma qamaleen gamnummaadhaan miidhaa leenca irraan geesisaa turte, mootummaanis uummatarraan geessisuu akka danda’u, durdurii kanaan hubatamuu danda’a.Ergaan durdurii kanaas, uummannii mootummaadhaan gowwomuu akka hin qabne, abshaalummaan faayidaa akka qabuufi of taanee jiraachuun barbaachisaa akka ta’e nama hubachiisa.

**B. Durdurii Mootii Hamaa**

Ka’eet jedhan…, bara tokko mootii hamaa tokkotu biyya bulchaa ture jedhama. Mootiin kunis waan inni hojjate hundaaf akka uummanni harka isaa rukutu ajaja barbaada ture. Guyyaa gaaf tokkoo osoo inni mana fincaanii dhaqee fincaan fincaa’uu furtuun balbala isaa kiisii keessaa konkolaattee mana fincaanii keessa jalaa buute. Tajaajiltoota isaatiin wadaroo miilla kiyyatti na hidhaatii mana fincaanitti gadi naqabaatii akkan gadi itti hinbuune wadaroo miila kootirraa sirritti naa qabaa jedhee mana fincaanitti gadi jedhee furtuu fudhachuuf yoo jedhu manni fincaanii itti ciinca’ee ixxiffachisnan jarris wadaroo gadhisanii harka yoo rukutan mootichi mana fincaanitti gadi kufee du’e jedhama.(Obboo Lammeessaa Hordofaa)

**Qaaccessa Durdurii Mootii Hamaa**

Durduriin kun siyaasa biyyaa qeequutiin gaheen inni qabu yemmuu ilaalamu, mootii hamaan kun ajaja hinmalle uummata bulchu ajajuun isaa deebi'ee kan isa miidhe ta'uu nama barsiisuu, ajajini seera malee kennamu tokko midhaan inni qabufi mootiin kunis ajaja seeraa osoo ajaje ta'ee miidhaan hamman isa irra hingahu ture. Kanaafuu mootiin biyya bulchu tokko uummatafis ta'e isaaf waan barbaachisu yoo beekuu baate, miidhaan isaa mootummichaaf akka ta'e hubachisa. Wanti mootummaarraa kennamu tokko bifa seera qabeessan kennamee gaarummaan isaa mootummichumaaf akka ta'e nama hubachiisa. Waan hinfakkaanne raawwachuun gaarii akka hintaane nama agarsiisa.

**C. Durdurii Waraabessaafi Harree**

Oduu durii…., gadi guurii…, ka'aniitoo duratti harreefi waraabessi walitti dhufanii waraabessi gurra harree ilaalee jalaa baqate jedhama. Yeroo kana harreen "na sodaatiinii maaf na sodaattaa?' jetteeni.waraabessis "gaanfa kee kanatu na sodaachisee yoo ittiin na waraantee hoo?" jedheen. Harreenis "kun mee gaanfaa miti" jettee gurra ishee bat.. bat.. gootee itti agarsiiste. Innis itti siqee waliin michoomanii harreen ammas "koottu waldhaansoo walgabannee taphannaa" jetteeni.Waraabesichi ammas ishee sodaatee wal'aansoo qabeeni harreen isarra guddoo waan taateef kuffifatte. Waraabessis akka ishee hinkuffifanne beekeetoo malaan waraabessi "maaloo ati immoo akka nama dadhabeetti naa kufi mee "jedheeni gaafate. Isheenis garaa hirte waan ta'eefi akkuma inni jedhe gootee kufteefi.Waraabessi irraa ka'uu didnaan harreen" maal ani hammana yooman sirra ture narraa ka'ikaa" jetteen. Waraabessis "biyya keenyaa kuffisanii irraa ka'uun hinjiru" jedhee harree nyaate jedhama. (Barattuu Obsee Isheetuu)

**Qaaccessa Durdurii Waraabessaafi Harree**

Durduriin kun haala siyaasa biyya tokkoo ibsuu irratti gaheen inni qabu olaanaadha. Harreen bakka ooltu wallaaltee diina ishee wajjin waldhaansoo qabuun mootummaan biyya bulchu tokko eenyu akka bulchu addaan baasee hinbeeku taanaan rakkoof akka saaxilamu, bakka ooltu adda baaftee beekuu wallaluun ishee harreen akkuma mammaaksa Oromootiin"meeshaa walfakkaatu walbiratti fannisu " jedhame osoo hiriyaa filattee kun isheerra hingahu waan ta'eef durduriin kunis maalummaa namaa beekuun barbaachisaa akka ta'e, uummata bulchu beekuun barbaachisaa akka ta'e mootummaa hubachisa. Waraabessis "biyya keenyaa kuffisanii irraa ka'uun hinjiru" jedhee harree nyaate,kan jedhu kunis ergaan durdurii kanaatii yoo ilaalamu

mootummaan biyya bulchu tokko takkaa kufnaan itti deebiin akka hinjirre bersiisa. Humna ofii beekunis murteessaa akka ta’e nama hubachiisa.

### D. Durdurii Namoota sadan(Tollaanoo, Hamofi fi Gaarofi)

Bara durattikaa,..durii…, namoota sadi ta’anii karaa waliin deemaa turan. Maqaan isaanii tokko Tolaannoo, Hamofiifi Gaarofii jedhamu. Osuma deemanuu,deemanuu …., Tolaannoon biraa dadhabee karaatti biraa hafe. Lamaan isaanii gala Gaarofii nyaatanii fixanii beela'anii ,… Garofiin,“ kan koo nyaannee wajjin finnee amma galaa kee nu kennikaa?” jedheeni kadhate.Hamofiin Gaarofiin “lakkii galaa koo sii hinkennuu ija kee tokko balleesseen si gurshaa tokko si kenna malee” jedheen. Innis baay’ee waan beela’eef,..ija isaa tokko balleessee gursheeni. Ammas,… ija isaa tokko haftes balleessee gurshaa tokko gurshe,....,. muka koree yoo bulu,....Seexanonnis dhufanii walgahii taa’anii otoo mari’atanuu akkana jedhan, “walgahii keenya durii tokko keessatti kan mari’anne keessaa: nama bofni hiiddee yoo ajjeese qori’chi kana jennee dubbanne, laga gogeef korma akkanaa qalama ni yaa’a jenne dubbanneefi nama ijji badeef baala akkanaatu ta’a jenne hunda kan mari’annee kana eenyumatu qoricha keenya kana nu jalaa baase hime?” jedhanii yoo walgaafatan, Hamofiin dhaggeeffatee mukarra taa’ee “Gaarofidhamee kan isin jalaa baasee waa hunda ittiin godhate” jedhee yoo dubbatu,mukarratti isa ilaalanii muka koranii kukkutanii isa gatan. Hamofiin akkanatti hammeenyuma isaatiin ammas du’e hafe kanaan egaa gaaroofiin gaarummaa isaatiin arjoomee, hamofiin hammeenyummaa isaatiin galgalli isaallee tolaa dhabe jedhama.(Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

### Qaaccessa Durdurii Namoota sadan

Durduriin kun akkataa siyaasa biyyaa qeequutiin yemmuu ilaalamu, faayidaa inni kennuu irraa yoo kaane waa hedduu ibsuu dandeenya. Kunis jarreen sadan waliin deeman keessaa tokko dhadhabee biraa hafuun; mootummaan biyya bulchu humna isaa malu beekee bulchuu akka qabu nama yoo hubachiisu. Jarreen lamaan hafan waliin deeman keessaa Hamofifi Gaaroofii yoo ilaalle akkuma maqaa isaanii irraa hubannu Gaaroofiin dabni gara hiryaa isaa Hamofitiin irratti raawwatamu miidhaa sana hunda kutee keessa darbuun hanga dhumaatti waan gaariin yoo isa muudatu, Hamoofiin akkuma maqaa isaarra hubannu, hammeenyi calqabaa hanga dhumaatti kan isa wajjin ta’eefi kanarraa wanti bal’inaan hubannu mootummaan tokko biyya isaa irratti hammeenyaa yoo raawwate hammenyumti akka isatti deebi’u, gaarii yoo yaade yookiin hojjate gaariin akka isa muudatu hubachisa.

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun matadureewwan sadii irratti kan xiyyeefateedha.Isaaniis: cuunfaa, argannoofi yaboo qorannichaati. Matadureewwan kunneen tartiibaa armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

## 5.1. Cuunfaa

Kutaan kun qorannoo kana gaggeessuuf hojiiwwan hojjatamaniifi akkataa itti hojjataman odeeffannoon bakka itti kennmuudha.Haaluma kanaan dhimmoonni raawwatan kaayyoo qoranichaa irratti xiyyeeffachuun bifa duraa duuba isaa egeen akka itti aanutti dhihaataniiru.

Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaa fayyadame.Iddattoon filatames mala iddattoo kaayyeffataafi Iddatteessuu eerummaati. Ragaan: Daawwannaa, af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffannootiin odef-kennitootarraa funaaname. Maddi ragaa qorannoo kanaas maanguddoota 9fi barattoota12 Aanaa Daawoo gandoota baadiyyaa fagoo irraa dhufanii mana barumsa sadarkaa lammaffaa Buusaatti baratan irraa durduriiwwan baay’inaan funaanaman 55 keessaa durduriiwwan 24 ta’an irratti  qaaccessi taasifameera. Qorannoon kun yaaxina halawaafi yaaxina tajaajilaa hordofe. Kaayyoon guddaan qorannoo kanaas qaaccessa raawwii durdurii Oromoo Aanaa Daawooyoo qaacceessuu irratti xiyyeeffate. Ka’uumsi qorannichaas aanaa Daawoo keessatti hamma qorattuun sakattatetti dhalloonnii ammaa muuxannoofi hubannoo Durdurii Oromoorratti qaban quubsaa ta’ee waan itti hinmul’anneefi darbe darbee kan dhimma itti bahaa jiranillee maanguddota waan ta’aniif, dhaloonni ammaa kun karaa ammayawaatti waan duufaa jiraniif, aanaa kanatti karaa saayinsawaa ta’een kan qorate waan hinjirreefi beekumsi raawwii durdurii Oromootiin jiru hubachiisuuf qorattuun ka’uumsa taasifatte.

Adeemsa qorannoo kanaa keessatti argannoon bira gahame: durduriiwwan qaacceffaman keessaa akkataa gaaffilee bu’uurafi duraa duuba kaayyoo irratti  hundaa’uun,Raawwii durdurii Oromoo: sirna akkamii keessatti akka raawwatamu, sirna araara yookiin  jaarsummaa keessatti maanguddoonni durduriitti  akkataa kamiin akka itti  fayyadaman, akkataa maanguddoonni galgala galgala ijoollee isaanii durdurii itti himuun ittiin gorsan, durduriin Oromoo seera akkamiitiin akka himamuufi akka  dubbatamu, akkataa himiinsa jalqabbii durdurifi xumura durduriii maanguddootaafi barattoota biratti maal akka fakkaatu, fakkaattiwwan durdurii keessatti qooda fudhatanii seenaa durdurichaa tarkaanfachiisan maalfaa akka ta’an, Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti akkataa hawaasni ittiin tajaajilamu, akkataa::

diinagdee hawaasa mul’isuutiin, aadaafi safuu hawaasaa calaqqisiisuutiin, hawwaasummaa yookiin tokkuummaa hawaasaa beeksisuufi siyaasa biyyaa qeequuutiin qaacceffamuun dhiyaataniiru.

- Raawwiin Durdurii Oromoo, sirna jaarsummaa keessatti: jalqabarra, araarri eebban baname, yeroo araarri taasifamu: maanguddoonni durdurii dhimma araarichaatiin walqabatu fayyadamanii yoo himan, jalqabaa hanga xumuraatti durduriiwwan himaman hordofamuun dhimmi dubbatamuu akkataa yaada araaraaf ta’aniitiin walqabannaa kan qaban ta’uu, haalli durduriin itti dubbatamu kan nama hawwatuufi yaadonni dubbataman, ergaa araarichaa cimsuun kan araarasan ta’uu, durduriin humna araaraa kan qabu ta'uu, erga araaramanii boodas xumurarratti maanguddooni waada galchisiisanii,mijuu guutuun eebbaaf dheyaatee, warra waldhaban lamaan mijuu unachiisuun xumurri sirna araaraas taasifameera.
- Durduriin seera raawwii mataa isaa kan qabuu ta'uu, maanguddoonni durdurii maatiitti yeroo himan, galgala galgala yeroo waarii kan himan ta’uu, galgalli kan filatameef, guyyaan yeroo hojii: akka hinmiineefi sammuun guyyaa dadhabaa oole galgala akka bohaaruuf ta'uun bira gahameera.
- Akkaataan himiinsa jalqabbiifi xumura Durdurii Oromoo maanguddootaafi barattoota biratti, walfakkeenyi muraasni akkuma jiru,garaagarummaan hedduu nimul’ata. Himiinsi jalqabbiin kunis, maamguddoonni, “Ka’eet jedhan,. Ka’aniitoo…, Bara durii…, Duratti kaa…fi Durkaa…,“jechuun, bifuma durjiruutiin yoo himuu jalqaban, barattoonni “ Oduudurii..,” jechuun yoo himuu jalqaban, warri jalaa qaban, “mee gadi guuri akka jaarsa durii, oduudurii gadiguuri,.. akka jaartii durii“ jechuun yoo jalaa qaban, bifa ammayyawaatti duufaa kan jiran ta’uu mul’isa “ Bara durii…,“jechuun kan jalqabanis jiruu, xumura durdurii irratti "jedhan, ... jedhu,... mitiiree, ...,jedhama" jechuun yoo xumuramu, kunis durduriin himiinsa jalqabaafi xumura akka qabu agarsiisa.
- Fakkaattiiwwan(taattoonni) durduriiwwan keessatti mul'atan :namoota, beeyiladoota, bineensotaa, beeyiladootafi bineensota,uumamaafi nama, namaafi bineensota, uumama,bineensotaafi namaa, allaattotaafi bineensota, uumama adda addaafi bineensotaafi allaattota, namoota, beeyiladootaafi binensota ta’uun hubatameera.

- Akkasumas, fakkaattiiwwan tarreefaman kanneen jalattis durduriiwwan tokko tokko fudhachuun, fakkaattiiwwan seenaa durdurichaa tarkaanfachiisaan fakkaattiiwwan durdurii keessaa jiraniin, ergaa hubatamuu danda’aniin hiikni itti kennamee, maqaaleen maqaa birootiin moggaafaman kan qalbii manaa harkisan, kan nama hawwatan ta’uun hubatameera.
- Durduriiwwan akkataa diinagdee hawaasaa hubachisuutiin,qabeessafi dhabeessa walbira qabuun, akkataa aadaafi safuu hawaasaa mul’isuutiin: aadaa nyaataa keessatti waantota lagataman, akkataa hawaasummaa yookiin tokkumma hawaasaa itti dagaaguu danda’u: walgargaaruu, daboo walii bahuu kkf, akkataa siyaasa biyya tokkoo: haala bulchiinsifi mootummaan biyya tokkoo ittin bulchu irratti uummanni quuqqaa yoo qabaate ittiin ibsachuu, ittiin qeequu, akka danda'amu. Mirgi, sabni isaa yoo miidhamu kallattumaan mootummaatti dubbachuuf humna yoo dhabu durduriitti dhimma bahuun ergaa akka dabarfatu bira gahameera.

**5.2. Argannoo**

Mata-duree kana jalatti yaada cuunfaa dhiyaate irratti hundaa’ee kallattii argannoon ittiin deemu bakka itti mirkaneessaniidha. Kutaan kun ka’umsa kan godhatu, gaaffiiwwan qorattuun ka’umsa qorannoo ishee jalatti kaafte, kaayyoo qorannichaafi dhimmoota kana fiixaan baasuuf odeeffannoo qaacceffameera. Kanarratti hundaa’uun durduriin araara jaarsummaa keessatti sirnaafi haala akkamii keessatti akka himamu, akkataa maanguddoonni galgala galgala ijoollee isaaniitti durdurii itti himan, akkataan seera raawwii durdurii maatii biratti akkamiin akka raawwatuufi akkaataa himiinsa jalqabbii durduriiwwanii maanguddootafi barattoota biratti maal akka fakkaatu, fakkaattiwwan durdurii keessatti mul’atan maalfaa akka ta’an, Durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti akkaataa: dinagdee hawaasaa hubachisuutiin, aadaafi safuu hawaasaa ibsuutiin, hawaasummaa yookiin tokkummaa mul’isuufi siyaasa biyyaa qeequutiin maal akka fakkaatu argannoon bira gahameera yoo dhiyaatu..

- Raawwiin durdurii Oromoo sirna raawwii jaarsummaa keessatti: araaraan dura, eebban baname, yeroo araaraa durduriitti akkataa itti fayyadamanii durdurii dubbatame hawwataafi kan qalbii deebsu, yaada araaraa kan kennuufi erga araarsanii boodaa haala eebban xumuramuufi dhiyeessi mijuu xumura araaraata’uun,durduriin sirna raawwii jaarsummaa keessatti gaheen kan qabu, durduriin humna araaraaillee ta'uun

hubatameera.

- Akkataa maanguddoonni galgala galgala ijoollee isaanii durduriitti fayyadamanii itti gorsan, seera raawwii Durdurii Oromoo hawaasni durduritti fayyadamuun dura,rakkoolee muudachuu danda'aniif dursee mala dhahuun durduriin yeroo himamu, gaheen dhaggeeffataafi durdurii himaa naamusa kan qabu ta'uu, galgala galgala waarii akka ta'uu hojiidhaan walqabsiisee kaa'eera.
- Akkataa himiinsa jalqabbiifi cufiinsa Durdurii Oromoo maanguddootafi barattoota biratti yemmuu himiinsaa jalqaban walfakkeenyi muraasni akkuma jiru, garaagarummaanis kan jiru ta'uufi garaagarummaan kunis, maanguddoota biratti bifuma dur jiruun yoo himamu, barattoota biratti immoo bifa hammayaaleessuun akka mul'atu, kanaaf, bifa durjiru akka hingadhiniisineef,osoo sagaleen waraabamee barreeffamaan kuufamee taa'e kan yaanni jedhu bira gahameera.
- Fakkaattiiwwan jiran namoota, beeyladoota, bineensota, uumama,allaattiiwwanfi kkf ta'uun, fakkaattoonni kunneenis amalaan yookiin bifaan garmaleessa walirraa fagaatanii waliin hundeeffamu, tokko garmaleessa gamna yoo ta'e sanaaf kan faallaa ta'e garmaleessa gowwaa ta'ee dhihaachuu, tokko goota yoo ta'e kan biroo immoo dabeessa ta'uu, tokko dureessa yoo ta'e kan biroo immoo dhabeessa ta'uun seenaa durdurichaa kan tarkaanfachiisanii mul'atan ta'uun, fakkaattonni durdurii keessatti maqaa adda addaa fudhachuun qalbii nama hawaatanii (qalbii namaa kakaasan) ta'uun hubatameera.
- Durduriiwwan akkaataa hawaasni diinagdee isaa itti fayyadamu, akkamiin akka qusatuufi akkamiin akka kunuunfatuu,akkasumas dhimma diinagdeerratti waliigalteen maatiifi hawaasa gidduutti akka uumamu gahee akka qaban bira gahameera.
- Durduriin aadaafi safuu hawaasaa keessatti aadaa nyaataa, aadaa fuudhaafi heerumaaf ik.k.f.calaqqisiisuun gahee guddaa akka qabu, amaloonni akka hammeenyummaafi gowwummaa durdurii keessatti mul'achuun aadaafi safuu hawaasaa cabsanifi dhibbaa geessisan uummata biratti fudhatama akka hinqabne ergaa durduriiwwanitiin hubatamaniiru.
- Durduriin akkataa hawwasummaan jiraachuu hubachisuutiin gahee olaanaa akka qabu, jiruufi jireenya namootaa keessatti, ,kallattii adda addaatiin hawaasummaan waliin

jiraachuu, rakkatan walgargaaruu, waliif yaaduufi kkf akka barsiisuu, akka gorsu, akka qeequ biragahameera.

- Durduriitti dhimma bahuun uummanni haala bulchiinsifi mootummaan biyya tokkoo ittin bulchu irratti siyaasa biyyaa qeequutii quuqqaa garaa, sarbamuu  mirgaa, sabni yoo miidhamu kallattumaan mootummaatti dubbachuuf humna yoo dhabu, durduriitiin ergaa akka dabarfatu bira gahameera.

## 5.3. Yaboo

Yaboon qorannichaa argannoo bu'uuraa irratti hundaa'uun akka armaan gaditti ibsamaniiru. Kaayyoo ijoon Durduriiwwan Oromoo Aanaa Daawoo keessatti argaman, raawwiin durdurii Oromoo  maal fakkata, kan jedhu irratti irra jireessaan kan xiyyeeffate ta'uillee, qorannoon kun qofti waan hunda bakka bu'a jechuun hindanda'amu. Kanaafuu, durdurii qofarratti osoo hinta'in beektonni gosoota fookloorii uummanni Oromoo qabu hedduun hinqoratamni irratti qorannoo gadi fageenyaa osoo gaggeessanii dhaloota dhufuuf  tursiisuun faayidaa  ol'aanaa akka qabu osoo hubatanii gaarii ta'a.

- Sirna raawwii Araara yookiin jaarsummaa keessattis durduriin gahee waan qabuuf, haaluma kanaan sirnoota biroo keessattis durduriin osoo ilaalamee gaariidha.
- Matadureen qorannoo kanaa raawwii durdurii Oromoo waan ta'eef kanaan alatti kallattii adda addaatiin  durduriin osoo qoratamee gaarii ta'a.
- Durduriin faayidaa adda addaatiif oola waan ta'eef  namoonni biroo akka irratti qorataniif qorannoon kun karaa saaqee  jira.
- Namoonni kitaaba waa'ee durduriiwwanii irratti maxxansiisuu barbaadan akkataa fakkaattiiwwan yookiin taatonni of keessaa qabaniitiin osoo ramadanii gaariidha.
- Biiroon Aadaafi Tuuriizimii Aanaa Daawoo hayyoota fookloorii, seenaa, xiinhawaasaa, barnoota wajjin sirritti qo'atee  bifa waraabbiifi barreefamaatiin ol kaa'uu qaba.
- Durduriiwwan kun dhaloota gara dhalootatti kan darban afaaniffaan qofa waan ta'eefi wanti afaaniffaan darbu immoo dagatamuu waan danda'uuf, ogeessi sirna barnootaa xiyyeeffannoo kannuun keesumaa barattoota sadarkaa tokkooffaa barataniif bal'inaan kitaaba keessatti osoo dhiyaatee gaarii ta'a.

**Wabilee**


Addisu Tamasgen,(2012) **The Functional Analaysis of Folktales In Eastern wallagga Oromo with Reference To Limmu Gelila Werede MAThesis.** Addis Ababa University. PDF Accesed 12,30,2015 3:37AM.

Addunyaa Barkeessaa,(2011). **Akkataa yaad-rimee Qorannoo Hujoo**, Finfinnee.

________________,(2016). **Semmoo**: Bu'uura Barnoota Afaanii fi Afoola Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Far-East Trading PLC.

Alamaayyoofi Alamituu(2010). "**Seensa Afoola**."Sagantaa Barnoota Fagoo Damee Barnoota Afaan Oromoofi ogbarruu yuunivarsitii Jimmaa kan hinmaxxanfamii.

Asafaa Tafarraa.(2009). **Eela**:Seenaa Oguma Oromoo. Far-East Trading PLC.

Bascom William,(1965).**Four Function of folklore**:Journal of AmericanFlklore.

_____________,(1992).**African Folktales In New World** :Indian UnivesityPress.

Baxter, P.T.W. (ed). (1996). **Being and Becoming Oromo**: Historical and Anthropological Enquiries, Asmara: Red Sea press

Beekaa Gulummaa, (2015). **Koomto**. Cooma Afoola Oromoo .Finfinnee. Oromiyaa.

Dastaa Dsalany,(2013**). Bu'uura Qorannoo**. Finfinnee maxxansa 2ffaa .

Dawit and Alamaayyoo,(2002). " **Introduction to Applied Educational Research**" (Educ 222)module 1 concepts and Elements of Educational Research. Addis Ababa:Educational media Ageney(MOE).

Dorson, M.R. (1972). **Folklore and Folklife**: an Introduction. Chigaco: university of Chigaco press

Dundes Allen. (1965). **The study of Folklore**. Berkle:Prentce hall.

Encyclopedia America. (1995). **Volume 11. USA**.Glolier Incroporated.

Fedhasaa Taaddasaa,(2013). **Subii**: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee: Dhaabbata -maxxansaa subi Printing Press

Fedhasaa Naggasaa,(2011). "**Fuulleffannaa Ogbarruu Afaan Oromoo** "(orla 123).Hidha sadaffaa Amalootafi Faayidaa Afoolaa. Finfinnee Dhaabbata Qunnamtii Barnoota Ministeera Barnootaa.

Finnegan R, (1970). **Oral Literature in Africa**. The oxford library of African literature: Oxford University Press Eastern Africa

________,(1976). **Oral Literature in Africa Oxford**: Oxford University press.

_________ ,(1992). **Oral Tradition and verbal Arts**. London: Rutledge.

Geotges R.A and Michael Owen ,(1995). **Folklore An Introduction** Indiana University Press.

Melakneh Mengistu. (2006). **Fundamentals of Literature**. Addis Ababa: Addis Ababa University

Meyer, R.E, (2008). **Figures of Speech**. A study and aracticing guide. USA: teaching and learning Company.

Misgaanuu Gulummaa, (2011). **Dilbii**: Bu'uura Afoola, Og-afaanii Af-walaloo Oromoo. Finfinnee Oromiyaa

__________________, (2012). **Biftuu:** Guddina Afaanii Finfinnee: Subi Printing Pr.

Oan Ben Amos, (1975). "**Folklore In African Society**," In research in African Literature

Okpewho, I. (1992). **African Oral Literature**: Background, character and continuity. Indian University Press. Bloomington and Indianapolia.

Oring Eljio, (1976),(1986). "**Journal of American folklore**".vol.89, no.351.p.67-80

Smiaz, M. and Stephen, N,(2005). "**Living Folklore**: Introduction to the study of Peoples and their Tradition". University press:Utah

Steven. A. .(1976). **Concise oxford English Dictionary**. Oxford University Press

Taadesa Jaallata,(2004)."**A contextual study of Gujii Oromoo Proverbs:Function in focas**", **MA Thesis**: Addis Ababa University

Wirtuu,Jilidii,7.(1995:195) Baruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa.

Zaltan,D,(2007). **Research methods in Appling Linguistics**. Quantitative , Qualitative and mixed methodologies. Oxford: Oxford university Press.

ያለው እንዳወቀ ሙሉ፡ (2011). ***የምርምር መሰረታዊ መርሆችና አተገባበር። ባህርዳር ዩኒቨርሲቲ፤ ሶስተኛ እት***

**Yuunvarsiitii Finifinnee Kolleejjii Namooma, Qo'annoo,Afaanota, Joornaalizimiifi**

**Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoofi Fookiloorii**

**Dabalee A: Qabxiilee Daawwannaa**

1. Durduriin sirna Jaarsummaa jkeessatti akkataa kamiin raawwatama?

- Durdurii yeroo akkamii itti fayyadamu?
- Sirna Jaarsummaa keessattii durduriin: jalqaba, yeroo araaraafi xumuraqabaa?

2. Akkataa raawwii Durdurii Oromoo maatiin ijoollee isaaniitti himan maal fakkaata?

- Ijoolleen wanta gaaffii itti ta'e ni gaaffatuu?
- Yemmuu ijoolleen maatii gaaffii gaafatan gaaffii deebisuuf akkamiin ilaalama?

3. Seerri Raawwii Durdurii Oromoo uummanni baafatee itti fayyadamu jiraa?

- Galgala moo guyyaa itti fayyadamuun raawwatama ?
- Seera kana maatiin akkamiin itti fayyadama?
- Seerri raawwii durdurii sababa galgala ta'ef, galgala ta'uun isaa sababa qaba?
- Durdurii eenyutu itti hirmaata?
- Durduriin yoomessa itti raawwatu ni qabaa?

Yuunvarsiitii Finifinnee Kolleejjii Namooma, Qo'annoo,Afaanota, Joornaalizimiifi

Qunnamtiitti Muummee Afaan Oromoofi Fookiloorii

## Dabalee B: Af-gaaffii

Kabajamoota maanguddoota Abbooliifii Haadholii, barattoota koo duraan dursee gaaffii afaanii ani isiniif dhiyeessuuf akka naaf eeyyamtan kabajaan isin gaafadha.

Kaayyon gaaffii kanaa dhimmoota durduriin walqabatan irratti odeeffannoo sassabachuuf waan ta'eef, muuxannoo durduriin walqabate qabdan hunda osoo hinqusatin yoo naaf kennitan bu'aan qorannoo kanaa olaanaa ta'a.

1. Akka hawaasa naannoo kanatti durdurii jedhaman kanneen beekaman maal faadha?
2. Durduriin raawwii ittiin raawwatu/dubbatamu maalii faa'a?mee natti himaa?
3. Fakkaaiiwwan yookiin taatonni durdurii keessatti mul'atan jiruu?mee natti himama?
4. Durduriin seerri qabu maalfaadha?
5. Durduriin seera akkamii hordofamee himama?
6. Durduriin akkataa kamiin himama?
   - 6.1. Hirmaachisaan durdurii gaheen isaa maali?
   - 6.2. Hirmaattonni durdurii akkamitti dhaggeeffatu?
   - 6.3. Jalqabniin durdurii haala akkamiitiin ta'u danda'a? mee naaf ibsaa?

7. Durdurii beektan mee natti himaa?

## Dabalee C: Marii Garee Xiyyeeffannoo

Kaayyoon marii garee xiyyeeffannootiin taasifamuuf odeeffannoo gumaacha gochuu danda'u argachuuf Odeeffannoo raawwii durdurii Oromoo Aanaa Daawoo keessatti marii garee xiyyeeffannoo fayyadamuun keessatti argamuudhaan qabxii gadii irratti xiyyeefachuun mariin geggeeffamera. Kunis barattoota waraabbii sagaleetiin dhimma bahuun yoo raawwatamu, kanneenis suura kaasuun durdurii beekan akka walitti himan gochuun raawwatameera.

**I. Gaafii Qabxii Marii Garee Xiyyeeffannootiif qophaa'ee**

1.Faayidaa durdurii hawaasa Oromootiif qabu maal faadha?

Kanneeniin walqabatee fayidaan durdurii maalfakkaata?

- akkataa diinagdee hawaasaatiin walqabatee himamu
- akkataa aadaafi safuu hawaasaa mul'isuutiin walqabatee himamu
- akkataa hawaasummaa barsiisuutiin walqabatee himamu
- akkataa siyaasa biyyaa qequutiin walqabate himamu

2. Fakkaattiiwwan durdurii keessatti mul'achuu danda'an maalfaadha?maal maaliin fakkeeffamanii mul'atu?

- Bineensotaan fakkeeffamanii mul'atuu?
- Namootaan fakkeeffamanii mul'atuu?
- Beeyiladootaan fakkeeffamanii mul'atuu?
- Allaattiiwwaniin fakkeeffamanii mul'atuu?
- Uumamaan fakkeeffamanii mul'atuu?

3. Seerri raawwii Durduriin Oromoo walqabatee hordofu maalii faadha?

4. Jalqabbiin himiinsa durdurii walqabatee jiru maalii?

- Maanguddota biratti akkamittiin jalqabamee himamee xumuramaa?
- Barattoota biratti akkamittiin jalqabamee himamee, xumuramaa?

**Ragaa Hirmaattotaa marii Garee Xiyyeeffannoo kanarratti hirmaatanii argaman**

**Garee 1ffaa**

| T/L | Maqaa guutuu | saala | umurii | Sad/Barumsa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Kaasaahuun Tarreessaa | Dhi | 19 | 9 | Barataa |
| 2 | Jirgifee Tolasaa | Dur | 18 | 9 | Barattuu |
| 3 | Urgee Asaffaa | Dur | 19 | 10 | Barattuu |
| 4 | Naa’ol Dinqaa | Dhi | 19 | 10 | Barataa |
| 5 | Guutuu Mirgiisaa | Dhi | 19 | 11 | Barataa |
| 6 | Caalaa Badhaasaa | Dhi | 19 | 12 | Barataa |

**Garee 2ffaa**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Obsee Isheetuu | Dur | 19 | 10 | Barattuu |
| 2 | Tolashii Guutaa | Dur | 18 | 12 | Barattuu |
| 3 | Taaboree Abbabaa | Dhi | 18 | 12 | Barataa |
| 4 | Siifanoo Waaqjiraa | Dhi | 19 | 12 | Barataa |
| 5 | Magarsaa Olaanii | Dhi | 20 | 11 | Barataa |
| 6 | Gammachis Soorii | Dhi | 19 | 10 | Barataa |

## Dabalee D Gabatee odeef kennitootaa Maanguddootaafi Barattootaa

### 1.1. Gabatee odeef kennitoota Maanguddootaa

| Lakk. | Maqaa maanguddootaa | Umu rii | sa ala | Ganda | Baay'ina durdurii himanii | Guyyaa | Gahee hojii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Obboo Lataa Xuruuraa | 55 | dhi | Buusa 01 | 3 | 10/05/2013 | W/ qonnaa |
| 2. | Obboo Atoomsaa Gurmuu | 60 | dhi | Naannoo Gabi'eeli | 5 | 11/05/2013 | Qotee bulaa |
| 3. | Aaddee Tsiggee Abarraa | 93 | dha | Naannoo Gabri'eelii | 5 | 12/05/2013 | Qottee bultuu |
| 4. | Obboo Fayyeeraa Galaalchaa | 67 | dhi | Naannoo Gabri'eeli | 5 | 13/05/2013 | Qotee bulaa |
| 5. | Obboo Dhugumaa Safaraa | 79 | dhi | Buusaa 01 | 4 | 13/05/2013 | Qotee bulaa |
| 6. | Obboo Tsaggaayee Guutamaa | 78 | dhi | Ulmaa buusaa | 3 | 10/05/2013 | Qotee bulaa |
| 7. | ObbooTaaboree Dinqaa | 67 | dhi | Xuxee Quncee | 3 | 11/05/2013 | Qotee bulaa |
| 8. | Aaddee Sabbooqee Galaalchaa | 55 | dha | Naannoo Gabri'eelii | 3 | 12/05/2013 | Qottee bultuu |
| 9. | Obboo Lammeessaa Hordofaa | 72 | dhi | Waajituu sunxaaree | 3 | 11/05/2013 | Qotee Bulaa |

### 1.2. Gabatee Odeefkennitoota Barattootaa

| La kk. | Maqaa Barattootaa | Saala | Umurii | Kutaa | Baay'ina durdurii himanii | Guyyaa | Ganda |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1. | Kaasaahuun Tarreessaa | Dhi | 19 | 9 | 3 | 18/05/2013 | Naannoo Gabri'eeli |
| 2. | Jirgifee Tolasaa | Dur | 18 | 9 | 1 | 18/05/2013 | Xuxee Quncee |
| 3. | Urgee Asaffaa | Dur | 19 | 10 | 1 | 18/05/2013 | Naannoo Gabri'eelii |
| 4. | Obsee Isheetuu | Dur | 19 | 10 | 1 | 18/95/2013 | Naannoo Gabiri'eeli |
| **5.** | Naa'ol Dinqaa | Dhi | 18 | 10 | **2** | 18/95/2013 | Ulmaa buusaa |
| 6. | Guutuu Mirgiisaa | Dhi | 19 | 11 | 2 | 18/95/2013 | Sadaree GIrmii |
| **7.** | Caalaa Badhasaa | Dhi | 19 | 12 | **3** | **19/05/ 2013** | Waajituu sunxaaree |
| 8. | Tolashii Guutaa | Dur | 19 | 11 | 1 | 19/05/2013 | Xuxee Quncee |
| **9.** | Taaboree Abbabaa | Dhi | 18 | 12 | **2** | **19/05/2013** | Xuxee Quncee |
| 10 | Siifanoo Waaqjiraa | Dhi | 19 | 12 | 2 | 19/05/2013 | Waajituu sunxaaree |
| 11 | Magarsaa Olaanii | Dhi | 20 | 11 | 2 | 19/05/2013 | Ulmaa buusaa |
| 12 | Gammachis Soorii | Dhi | 19 | 10 | 2 | 19/05/2013 | Sadaree Garbii |

**Dabalee E Suuraa odeef kennitoota yerooDaawwannaa, af-gaaffiifi marii garee Xiyyeeffannoo muraasaan**







## **Dabalee F** Durdurii 1ffaa Kan Darbe Galata Hin Ta'u

Kaaniitikaa.., Bara durii bineensa maqaan isaa Wajii jedhamutu waraana baqatee namicha tokkotti dhufe jedhama. Bineensi Wajii jedhamu kunis "yaa namicha nana waraanni na ajjeesuudhaafi na barbaadaa adaraa qalqalloo kee keessa na buufadhu waraana kana jalaa na baasi jedhee kadhate. Namtichis akkuma inni jedheen qalqalloo isaa keessa buusee ala inni hora kaa'ee yemmuu qalqalloo isaa keessaa baasuuf jedhu Wajiin namichaan "Ergaa yaa namicha sin nyaadha" jedheen. Namichis "maaloo yaa Wajii anatu waraana kana jalaa sibaase miti maaliif nanyaatta? Egaa na nyaachuu keetiin dura jaarsa waammannee dubbiin keenya nuuf haailaalamu" jedheeni. Wajiinis "Bayeessa jaarsa sadi waammadhu; jaarsooliin ati waammatu kunis farda dulloomaa, sangaa dulloomaafi haadha warraa duraa ta'uu qabu. jarreen kun dubbii keenya nuuf ilaalani murtee nuuf haakennani." jedhe.

Jarreen kun sadan erga dhufanii booda fardi murtee yoo kennu akkana jedhe; "Dhuguma kan darbe galata hin qabu.Ani dur yemmuun giidoo qabu burraaqee taphadheen tabba baheen, diina jalaa galeeniin, diina qaqqabeen , har'a kunoo ani dulloomnaan gadi naa a'ri'anii, dugda koo cirrii nanyaachisanii;kanaafuu kan darbe galata hin ta'u."jedhee fardi murtee yoo kennu ;Itti aansuun sangaan immoo "Ani dur qonna bal'isee qotee, ooyiruu magariisa uffisee, maatii quubsee,har'a kunoo humna dhabnaan na qalachuuf nama natti waaman.erga akkanaatii kan darbe galata hin ta'u."jedhee sangaan murtee kenne. Kan hafte haati manaa ishee duraas "Ani isa ijaareen haadha ilmoo isaa ta'ee, ilmoo isaa guddisee, erga bultiin isaa na cabsee dulloomee giidoo dhabeen booda haadha warraa kan biraa anarratti fuudhe; kana kan darbe galata hin ta'uu nyaadhu ."jetteeni murtee kennite. Jarri sadanuu murtee namicha akka Wajiin nyaatu murteessani.Wajiinis namicha nyaate jedhama. (Obboo Lataa Xuruuraa)

### Durdurii 2ffaa Qeerransaafi Abbaa gaaguraa

Gaaf tokko qeerransi hooloota qotee bulaa tokko nyaate fixe.Qotee bulaan qotiisa fixee manatti yoo galu,qeerransi hooloota nyaate fixe argee qotee bulaan eeboo isaa qabatee qeerransa duukaa bu'e. Qeerransis yaa lubbuu na baasi, yaa lubbuu na baasi, jedhee osoo fiigaa jiruu namicha gaagura baate deemuargee yaanamicha gaagura kana keessa na dhoksi yoo sigaafatanis hin agarre jedhiin jedhee kadhate. Namichis gaagura keessa dhoksee, yemmuu gaafatanis hin agarre jedhee dabarse. Achi booda gaagura keessa bahi darbaniiru jedheen qeerransaan, qeerransis

gaagura keessa agabuu koo na olkeessee na tursiistee akkamittan agabuu koo deema sin nyaadha jedheeni. Namichis akkamitti akkana naan jetta, qamaleen dubbii keenya nu yaa murteesitu itti himana jedheeni. Achii booda qamalee bira dhaqee waamee ,qamaleen dhuftee haala isaanii itti himatani.

Qamaleenis balleessaan kan qeerransaa akka ta’e beektus qeerransa soodaattee mala itti murteessitu yaade. Obboo Qeerransoo mee yeroo namicha dhokattu akkamitti gaagura keessa seente jetteeni, qeerransis gaagura keessa seenee agarsiise. Qamaleen namichaanis mee akkamitti afaan gaagurichaa hiitee dhoksite jetteeni.Namichis afaan gaaguraa jabeessee hidhee itti agarsiise.Achii booda qamaleen namichaan, murtiin kee hedduu uleen harka kee, uleen harka kee jiraa reebii ajjeesi. Reebii ajjeesi jetteen. Namichis qeerransa gaagura keessatti reebee ajjeese jedhama.(Barataa Gammachiis Soorii)

**Durdurii 3ffaa Jaldeessaafi Leenca**

Durur jaldeessatu haadha manaa leencaa jaallatee” ani bareedaadhaa sinjaaladha” jedhee haadha manaa Leencatti hime. Isheenis “tole” jetteeni galtee leencaan “osoo ati jirtuu jalduu tortoraan kun sin jaaladha naan jedhee” jettee obboo Leencootti itti himte. Obboo Leencoonis mala malee haadha mana isaatiin akkas jedheen “guyyaa tokko inni hin jiru jedhiitii marqaa marqii waami ani immoo baaxii manaa irra taa’eeni ilaalaa” jedheen. Isheenis marqaa marqitee jalduu waamtee innis dhufee marqaa erga nyaatee booda “ana moo obbo Leencoo keetu irra bareeda jedhe” irra deebi’e haadha manaa Leencootiin. Isheenis ”situ bareeda kaa!” jetteen. ”Jalduu osoo obboo Leencoon amma sitti dhufee maal goota? “ jettee gaafatte.

Innis “sin shakkuu hin sodaadhu” jedheen yeroo kana obboo Leencoon baaxii irraa gadi bu’ee Jalduudhaan “maal goota?” jedhee gaafannaan “rakkadheen kadhaa dhufe.” jedheen itti aanse Obboo Leencoon “funyaan kee maaltu akkas si godhe?” jedheen. Jaldeesis “ganamaa galgala Waaqa osoon kadhuun akkas ta’e” jedheen Leencoon deebisee “hudduu kee kana hoo maaltu akkas sigodhe?” jedheeni. “Ganamaafi galgalan mukarra foqoqa kanatu akkas nagodhe” jedheeni.”Harka kee kana hoo maaltu akkas si godhe”jedheeni. ” Ganama lilmoo galgala isa muka funaanutu na luqqise” jedheen jedhama.(Obboo Atoomsaa Gurmuu)

**Durdurii 4ffaa Hiriyoota Afran(Waraabessa,Qeerransa, Obboo Leencoofi Bofa.**

Oduudurii…., gadiguurii….akkajaarsa durii,..., Gaaf tokko Waraabessa, qeerransa, obbooLeencoofi bofa ta'anii wajjin jiraachuudhaaf "mee koottaa al-tokko amala keenya walitti himnaa" jedhani.Achumaan tole jedhanii waraabessi akkana jedhee"Ani waan arge keessaa waa duutuu yoon arge bira hin darbu nan jeeqinaa "jedheen. Qeerransis akkana jedhe "Ani waa keessaa aarii hin danda'u, nan xuqinaa na xuqxanii aarii koo natti hinkaasinaa "jedheen.Obboo leencoon yemmuu loltan lola  agarraan gootummaan koo natti ka'aa gootummaa koo natti hinkaasinaa jedhee himate.- Bofnis "Ani waa keessaa nama tuffatanii mataa irra namas ejjatan tokko hinjaaladhuu narra hinejjatinaa "jechuun jarri hundi walii galan; Haata'u malee yaada kanaan osoo wajjin jiraatanuu gaaf tokko waraabu bobba'ee waariifatee hafe.Hiriyoonni isaas eeganii eeganii dadhabanii achumaan takka turee suutuma jedhee garaa isaa xirribbeeffatee quruphisaa dhufe. Yemmuu kana qeerransi ka'ee "yaa waraabuu maal gochuutti turte?" jedheen. waraabuus akka najedhee"Qeerransa du'e tokko argadheen isa nyaachuuttan ture"jedheen.

Qeerransis yeroo kana fira isaaf aaree "sanyii eenyuutu nyaatama jedheet mataa waarabuutti bahe. Jarri lachanuu osoo walkoranii walsusukumaa jiran gootummaa obboo Leencoo itti kaasan. Obboo Leencoon gootummaa kiyya natti hinkaasinaa isiniin hinjennee jedhee lamaan isaantuu walitti qabee osoo cicciruu tasa bofa mataarra dhaabate. Yeroo kana bofni mataa irra naejaajjinaa jedhe sun aaree sadan isaanituu hiddee ajjeese jedhama. (Barataa Guutuu Mirgiisaa)

**Durdurii 5ffaa Kormaa Lukkuufi Jeedaloo**

Gaaf tokko kormaa lukkuu beela'ee ganamaan bahee, araddaa mana isaanii duuba jiru dhaqee lafa haadhee firii funaannatee nyaatee quufnan iyyuu eegale . Irra deddeebi'ee ku-ku-lu-lu-jedhee yoo iyyu jeedaloon dhageessee gara araddaa saani dhaqxee jeedaloon lukkicha gaaddee qabachuuf hoggaa tattaafattu lukkichis jeedaloo argee rifaatuun jeedoo jalaa fiiguuf yoo jedhu jeedaloon lukkicha sossobdee akkana jetteenii hambiste "sagalee kee miidhagaa kana dhaggeeffachuu dhufe malee hammeenyaafi miti jetteen. Jaala koo! Sagalee kee bareeda kana takkaa itti naa deebi'imee baay'ee na gammachisaa jetteen.

Lukkichis waan mararfattee jetteen itti fakkaatee gammadee faaruu jeedoo dhugaa se'ee gammachuu keessa of wallaalee, kochoowwan lamaan walmaddii bat- bat- bat-godhee qeensan dhaabbatee, olhiixatee, ija lamaan dunuufatee iyyuu eegale. Jeedaloon lukkuu iyyuuf ija

dunuufate osoo ija hin banatin utaaltee morma lukkuu qabattee fiigicha hanga miilli isii baasu keessaa kutte. Lukkuulee dhadhaloon kana arganii rifaatuun kaka-ka-ka-jechaagara manaatti saroonni iyyaafi dheessa lukkuulee dhagahan abbaa lukkuu dammaqsanii fiigicha gara jeedoo taasisan lukkuu lubbuun bahus jeedoon agabuu bulte ganamas ciree milkaa'uu dadhabde jedhama. (Barattuu Urgee Asaffaa)

**Durdurii 6ffaa Leencaafi Waraabessa saglan**

Bara durii Ijoollee waraabessaa sagaliifi Leenca tokkotu waan nyaatan dhabanii adamoo deemani laga keessatti arraagessa kudhan adamsanii qabatan, achi booda leenci arraagessa tokko waraabessoota sagaliif kennee ofii isaatiif sagal fudhatee isin sagal waan taataniif tokko yoo fudhattan kudhan taatu; ani tokko waanan ta'eef sagal yoon fudhe kudhanan ta'a jedhee sagal fudhatee akkanatti walqixxaanna jedhee gara manasaatti gale.waraabessoonni arraagessa tokko qofa fudhanii aariidhaan gara mana abbaa isaanii galan. Abbaa isaanitti haala hunda ibsaaniifi innis gara mana leencootti arraagessa tokko sana qabatee deebi'uun obboo Leencoo bira yoo gahu; obboo Leencoon ijji isaa akka abiddaa ifu itti baabaasnaan rifatee obboo Leencoon maaliif dhufte jedheen gaafannaan gooftaa koo tokkichi kunis isiif akka badhaasatti akka isinniif ta'u jedheen maqaa keessaniin baadhaasa isiinii fide jedhee waraabessi abbaan ija leencaa dadhabee kennaa kennee gale.fakkarsuun waraabessaa hamma fuula Leencaa argutti jedhama mitiiree jedhama. (Obboo Tsaggaayee Guutamaa)

**Durdurii 7ffaa Abbaa warraafi Haadha warraa Maqaan Bareedumakoon ishee Bobbaa Uffattee taate**

Durdur abbaa warraafi haadha warraa waliin jiraatanitu ture, haati warraa abbaa warraa ishee biratti nyaata sirmattu nyaattee hin beektu nyaadhu hin nyaannaa yoo jedheen quufe nyaanni nadide jettin osoo inni hin galin nyaattee eegdi kan gaaf kaanii abbaan warraa hiriyaa isaatiin haati warraa koo nyaata sirmaa nyaattee hin beektu akkanumatti jiraattii maal naa wayyaa jedhee itti himate hiriyaan isaatiis yemmuu qonna baatu ganama fuudhii bahii yoo galtanis qanbara baattee si wajjin haagaltu guyyaa illee akka hin galle dhoowiti wajjin galii yeroo sana nyaachuufi dhiisuu ishee argitaa jedheenin.

Gaaf kaan qonna wajjin bahanii guyyaa yoo geessu kana irrafadhe galeen dhufa yoo jettun nidida, osuma akkas jedhanuu galgalli qotiyyoo hiikni gahee hiikanii qanbara kana fidii koottu ani dafee galeen qotiyyoof cidii qunxuraa jedhee cidii qunxuree osoo isheen mana hin gahin soraa gubbaatti olbahe eege. Achii isheen galtee abidda qabsiistee hamma tolchitutti muddamtee lixii qodaa bukoo keessaa buustee dhugde, qoran olgalfachuu yoo gadi baatu inni soraarraa bu'ee qotiyyoo galfatee gale. Isheenis nadhukkuba garaan koo jetteeni innis gadi hin bahinii hubboo keessatti gadi taa'i boru dhadhaadha jennee gabaa baafnee gugurraa jedheen , isheenis akkuma inni jedhe gootee bultee bariitu ka'i dhadhaa keenya gurgurraa jedhee afaan hubboo hidhi jedheenii gaabaa baachisee baasee yoo gabaa gahan inni ulee baatee duuba deemee dugda isheerratti cabsee achumaan maqaan ishee qizan labsaa jedhameen jedhama.(Obboo Lammeessaa Hordofaa)

**Durdurii 8ffaa Allaattiifi Qocaa**

Oduudurii, gadiguuri akkajaarsa durii,.. Allaattiifi qocaan osoo waliin jiraachaa jiranii guyyaa tokko waa'ee jiruufi jireenya walitti haasa'an. Yeroo kana" allaattiin jiruun akkami?" jettee qocaa gaafatte. Qocaanis "maal nagaafatta ati addunyaa mara waliin geessee yeroo dhuftu ani baay'een akka kee ta'uu hawaa, mee guyyaa tokko na fudhadhuu deemi "jetteen. Allaattinis deebitee "ani illee siifudhadheen deema ture; ati garuu waan oduu jaalattuuf koochee koo qabattee yeroo oduu ilaaltu narraa kuftee caccabda"jetteen.Qocaan yeroo kana lakkii ani tasa hin odeessu na fudhadhuu deemi jettee didde. Yoo kana allaattiin "ka'i kaa…, koochee koo qabadhuu waliin deemnaa" jetteen sana booda qocaa baattee naannessaa ooltee yeroo bakka hiriyoota ishee geessu ilaali hiriyoota koo jettee yoo itti agarsiistu koochee ishee gadi dhiistee. Yeroo kana qocaan achi gubbaadhaa gadi kuftee caccabdee duute jedhama. (Barataa Caalaa Badhaasaa)

**Durdurii 9ffaa Hantuutaafi Leenca**

Oduu durii,.. gadiguuriakka jaarsa durii,... Leencafi Hantuutatu turan.Gaafa tokko haantuutin leenca bakka rafee jirutti jeeqxee rakkfte. Leenci yeroo kana maal tun qaban qaba hin guunne macaraqseen sigata, jedheeni. Yoo kana hantuutni maaloo na nyaatini gaafa tokkon sigargaaraa jetteeni kadhatte, maal wanni fafeen tun maal nama gargaartammoo jedhee silaafis yoo nyaates hin quubsituuti tuffdatee dhiisen.

Gaafa kaan Leenca warri adamoo adamsani kiyyoo keessa galchanii waan ittiu ajjeesan fudhachuu deemani , osoo kiyyoo keessa jiruu hantuutittiin kaatee dhuftee argitee jirbii kiyyoo sanaa ilkaan isheetiin kukkuttee Leenca kiyyoo keessaa baaftee Leencifi haantuutin erga gaafa sanaatii kaasee naagaafi jaalalaan wajjin jiraatu jedhama. (Obboo Taaboree Dinqaa)

**Durdurii 10ffaa Abbaa manaafi haadha manaa**

Bara durii abbaa manafi haadha manaatu ture. Gaafa tokko waxii lukkuu qalanii rigaa cabsachhuu deeman. Utuu deemaa jiranu hattuun tokko itti dhufee nagaa walgaafatanii abbaan manaa mana keenya akka hindhaqne lukkuu qalannee jirra jedheen, hattichis bira darbee mana isaanii cabsee seenee waxii lukkuu nyaatee kan hafes qodaatti naqatee fudhatee deeme. Gaafa jarri manatti galan waxiin dhumee argan, Tisiisni mana keessa waan turteef tisiisatu nu jalaa fixe jedheenii achii booda funyaan haadha manaarra tisiisni qubattee jirtu funyaan haadha manaa irratti dhahee haadha manaa isaa ajjeese jedhama. (Barataa Magarsaa Olaanii)

**Durdurii 11ffaa abbaa mannafi bulgu**

Ka'eetikaa,.. Namicha tokkotukaa,.. ijoollee haati isaanii irraa duute sadi ;dhiira tokkoofi dubara lama qabature. nama isa sooru dhabnaan niitii fudhee haati manaa ijoolee jibbinaan ari’ee haadha manaa biraayookiin niitii biraa fudhee; ijoollee isaa sadan gootaraa keessatti naqee nitii fuudhe sanaan ayyaanni warra keenyaa gootara kana keessa jira waan ta’eef atis ganama ,guyyaafi galgala eegiitii bishaanifi midhaan gootaraa keessa naaf buusi adaraa jedheen.

Niitinis akka inni jedhe raawwachaa osuma jirtuu gaafa tokko ollaa dhaqxee dabbasaa ishee shurrubbaa dhahachuuf kan shurrubbaa dhooftuun daddafii naaf dhahii yeroon ayyaana warra isaa gabbaru gahee nan muddama jetteeni itti himatte.Isheenis gowwittii namichi beekaa akka ijoollee isaa soortuuf jedhee akkana jedhe malee ayyaana maalii qaba. Bada gowwittii galiitii mee bishaan daffisiitii gootara keessatti gadi itti naqii ilaali; ayyaanicha isaa argitaa jetteenii itti himnaan isheenis mana galtee bishaan dafiftee gadi itti yoo naqxu,ijoolleen qarqara gootaraatti maxxananii bishaan danfaa jalaa bahan.

Namichi yoo galu lammata hin gabbaru ayyaana kee malaan ijoollee kee na soorsitaa jettenii diddee innis ijoollitti fudhatee bosona fagoo deemee, deemee, aduun itti lixinaan koottaa muka qilxuu kana jala rafnaa jedhee ijoollittii hiriibni yoo fudhatu achuma jalatti gatee gale ijoollenis

yoo bari'u hirribaa ka'anii yoo of argan qofa isaanii ta'uu ilaalan yaa qilxuu nana maaloo! mana nuu ta'i! jedhanii kadhatanii qilxuun baqaqee mana ta'eefi itti galanii achuma keessa jiraachhaa turani.

Obboleettii ishee hangafni gamna turteetii osoo bosona keessa deemtee ija mukaa funaantu, mana bulguu argite. Manni Bulguu balballi isaa funyoon hidhame jiraatii suuta jettee funyoon akka hin cinnetti dhaqxee banattee seentee nyaata hattee fiddee ijoollee obbolaa osoo guddisituu;kan gaaf kaani obboleettii quxusuun gowwaa turteeti ka'een mana Bulguu dhaqee akka keetti nyaata hate nuu fida jettee deemtee yoo mana Bulguu dhaqxee seentu funyoo balbalaa kuttee Bulgu itti dhufe. Yoo agartu jalaa dhokattee Bulguun nama nama kan natti jedhu maal jedhee barbaadee dhabnaan qixxaa kana eenyuu keennuu jennaan bakka dhokattee itti gadi baatee,anaa kennii jetteeni. Innis ishee qabatee,huccuu irraa baasee, mataa haadee, gaanii guddaa keessa kaa'ee,sumsumarraa sadanirra kaa'ee,loon isaa fidachuuf, achumaanis qoraan guurratee dhufuuf deeme.

Obboleetti ishee hafnaan hangafittiin barbaacha mana Bulguu yoo dhaqxee, suuta jettee ilaallattee dhabnaan obboleettii koo eessa jirtaa jettee yoo waamtu "asan jira " jettee awwatte. Achumaan obboleettin gaanii keessaa baastee; bishaan gaanii keessaa dhangalaastee; dhagaa baalcii guddaa tokko fiddee gaanii keessa gootee; sunsumarratti deebistee; fudhattee galte. Bulgu galgala qoraan baatee loon isaa dhooffatee manatti galfatee ibidda qabsiisee itti bobeeffataa mijijjaa jala ciisee xiixii bilchaadhuu xiicheen sinyaadhaa jedhee gammadaa ibidda osoo sirritti osoo itti bobeessuu baalciin bishaan hin qabne ibiddi itti hammattee dhoohee bulguu dhahee ajjeese.

Bariituu obboleettii ishee hangafni kaatee mana Bulguu yoo dhaqxee ilaaltu balballi cufaa suuta jettee yoo uraadhaan ilaaltu Bulgu du'e ciisa; fiigdee galtee obboleeyyan ishee lamaan fidattee dhuftee reeffa Bulguu baasanii gatanii; loon Bulguus obboleessi baasee tiksee, saawwan elmatanii dhuganii fayyaa itti tolee osuma jiraatanii; gaafa tokko obboleetti quxusuun bishaan bosona keessa deemee fidu malee jettee kaate.

Ishee hangafni lakkii shiftaan bosona keessa jiraa, ani suuta jedheen daandii osoo hin baasiin deemee fidaatii siqabatuuti nu fixuu hin deemni jettee dhorkinaan diddee yoo deemtu; shifttoonni shokokii miilla ishee dhagahanii qabatanii mana isheen jirtu dhufanii itti galanii fixuuf jennaan

obboleetti hangafni baay’ee gamnatii nooraa jettee hoolaa kennitee qaladhaa jettee kennitee; qalatani nyaatanii itittuu buustee kennitee, bulaa jettee aftee raffifitee; yoo rafani shiftoonni mataa isaanii irratti seenxii suuqqatanii jiruti isheenis yoo hirribni isaan qabu suuta jettee mataa tokkoorraa fuutee obboleessa isheetti suuqixee; Isaan keessaa inni seenxii hin qabne halkan ka’ee mataa harkaan qaqabee obboleessa isheeti jedhee isa tokko ajjeesee obboleessi ishee hafee bariituu yoo ka’anii shiftaan tokko du’e shiftaan tokko qofti hafee isa hafe ishee hangafni itti heerumtee ilmoo godhatanii obboleeyyan ishees isa dhiiraa fuusistee, ishee dubartiis heerumsiistee abbaa mana ishee ijoollee ishee wajjin osoo jiraatanu, abbaan ishee dur isaan gate sun hiyyoomee kadhattuu ta’ee mana ishii dhufee isheenis beektee abba kiyya jettee itti hin himneeti ushuma jettee nyaata kenniteefi haadha bideena ishee sana hamtuu yaadattee “haadha mana qabduu?” jettee gaafattee “nan qaba.” jedheen.

Isheenis ”haadha manaa kee sana fidii koottuu” jetteenii innis gale haadha mana isaa fidee dhufee , bool’a diinqatti qottee,sibiila keessaa sussuqixee, afaa irra aftee , abbaa isheetiin gola taa’i jetteenii isheedhaan diinqa taa’i jetteeni yoohaati buddeenaa ishee sun taa’uuf jettu bool’atti kuftee duute abbaa ishhee fudhatteetoo kunuunsitee nyaata bareeda kenniteefi soorte jedhamaa. (Aaddee Xiggee Abarraa)

**Durdurii 12ffaa Obboo Naachafi Adde Qamalee**

Oduudurii,.. gadiguuriakkajaarsa durii,... aadde qamuufi obboo naachi bosona keessatti walarganii michooman jedhama. Addee qamaleen naachi yoo beela’e ija mukaa funaannatte ni kennitiif, innis haadha mana qabaatii mana isaatti bishaan keessa waan argate kana manatti qabatee gala. Haati manaa isaa tunis waan inni fide kana ni nyaatti, ni nyaatti, osoo jedhanuu kan gaafa kaanii haati manaa nyaachaa aadde qamuutti inaaftee dhirsa isheetiin ati yeroo mara ganama kan baate galgala natti galtee haala kanaan akkam ta’a anis siwajjin deemuu malee jetteen.

Innis addee qamuun keesummaan yoo itti baay’ate nu hin affertuutii malanan gaafadhee dhufa jedhee deebi’ee deeme, Achi oolee yoo dhufu niitiin naachaa mufattee na dhukkube jettee guyyaa guutuu ciiftee, mala biraa malattee eegde. Innis maaltaatee haadha manaa koo jennaaniin, na dhukkuba ati turraaniin mana beekaa dhaqee amma duuta yoo qoricha kana argachuu baatte naan jedhamii du’uu kooti jetteeni. “Qorchi maali siin jedhaniree?” jedheen. Isheenis “qorichi

dhukkuba keetii onnee aaddee qamuu itti liqimsi naan jedhani. “jetteen. Innis ka’ee qamuu bira deemee itti himuu sodaatee ”aaddee qamuu ati yoomuma mana koo bartaa?” jedheen.

Qamuunis atuu bishaan daakuu beektaa akkamiiniin siwajjin galaree jetteeni. Innis dugdattan sibaadhee daakee siceessisa jedheenii; bishaan gidduu yoo gahu yaaddoo itti ta’ee; aadde qamuu haadha manaa koo dhukkubeet beekaan onnee aaddee qamuu sifayyisa jedhee onnee qabdaayii jedheenii gaafate. Aaddee qamuunis anoo onneen too bishaanitti najalaa buutee baddi jedheen mukarratti dhiisee dhufeetii koottukaa achi na deebiis deebinee finnaa jetteen innis deebisee bishaan qarqaraan yoo gahu qamuu xob jettee muka korte, itti kofalte. Naachis qamuu maarree dafii fidii koottukaa jennaaniin aadde qamuun atuu onnee hin qabduu ani qabaa badi asii jetteen jedhama.(Barataa Kaasaahuun Tarreessaa)

**Durdurii 13ffaa Abbaa manaafi Namicha kan ammaa haacaaluu**

Bara durii haadha manaa fi abbaa manaatu waliin jiraacha turan jedhama. Isaaniis ji’a fulbaanaa kan ta’u midhaan kaawwatanii turani. Akka olkaawwatanis kan beeku namicha olla isaanii jiru tokkotu jira. Yemmuu abbaan manaa hojiitti bobba’u; namichi olla sun dhufeetuu ani fulbaanaan jedhamaatii midhaan kiyya sana naaf kenni mee jedheenii midhaanicha fudhatee deeme. Abbaan manaa yoo galu haati manaa namchi fulbaanaan jedhamu dhufee midhaan isaa fudhatee deeme jetteen.

Abbaan manaas maaliif kennite nama Fulbaana jedhamuufiin kaa’e! ji’a fulbaanatiifin kaa’e malee jedheenii aariidhaan farda fedhatee namicha midhaan fudhate barbaacha deeme. Namichi midhaan fudhate midhaanicha mana kaawwatee karaatti itti dhufe.Abbaan midhaani mee nama fulbaana jedhamu argitee? jedheeni.”Lakkii hin agarree.” Jedheen. “Namni midhaan baatee asiin darbe jiraa? Ati maqaan kee eenyu?” jedheeni.

Namichumti midhaan fudhate sun “namni midhaan baatee deemu tokko karaanaan bosona kana seene. Ani maqaan koo kan ammaa haacaalun jedhama” jedheeni. Abbaan midhaan jalaa bade ammas “maaloo farda kana naa qabi” jedheeni farda itti kennee bosona keessa namicha midhaan baate seene jedheen sana barbaaduu seene barbaadee; dhabee yoo deebi’u ammas namichi farda fudhatee jalaa bade. Hara kan ammaa haacaalu! … ,hara kan ammaa haacaaluu! …., “ jedhee irra deddeebi’ee yoo waamu …., homtuu hin jiru.(Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

**Durdurii 14ffaa  Simbirroofi Qocaa**

Oduudurii gadiguuriakka jaarsa durii,..Gaaf tokko qocaan baay'ee beela'ee osoo tirachaa jiruu simbirroonni waamicha waamamani adeemuuf qopha'anii jiran itti dhufan. Yeroo kana qocaan simbirrootaan akkanatti mimmidhagdanii eessa deemaa jirtuu jedhee gaafate. Simbirroonnis "waamicha tokko deemna jedhanii itti himani. Qocaanis "maal ta'aree yoo anas na fudhattanii deemtan? jennaan simbirroonnis "maal kochoo hin qabduu maaliin balalitaree" jennaanin innis "maal qaba kochoo keessan irraa tokko tokko yoo naaf kennitan?" jedheen.

Simibirroonnis kochoo tokko tokko kennaniifi waajjin balali'uu, deemuu jalqabanii yoo karaa gahan maqaan kee eenyuu jedhaniin gaafatan.Innis gamnaati "maqaan koo hunduma keessaniifiin jedhama" jedheeni. Osuma deemanu mana waamicha gahani ol seenanii" ani waanan dubbii beekuuf isiniifan dubbadha "jedheeni taa'anii dhaangaan dhiyaateefi "dhaangaan kuni kan eenyuuti" jedheeni warra qopheesaniin isaaniis" hunduma keessaniifi" jedhaniin.

Qocaaniis" kinoo dhageessanii miti maqaan koo hunduma keessaniifi dhaangaan kunis kan qophaa'e anaafi" jechuudha. jedheenii dhaangicha sinbirroota dhoowwatee ofii isaatiif nyaatee fixee ka'a kaa ni gallaa maala isiniif godharee dhaangichi dhiyaate kan koo waan ta'eef agabuugaltan, jedheeni. Isaaniis gocha qocaa ilaalanii kochoo duraan kennaniif dhoowwatan. Qocaaniis sinbirroota kadhatee kochoo tokkoon akka manatti galu kochoo tokko qofa kennaniifi qocaanis "egaa na dura mana geessutii haadha manaa kootiin balbala koo duratti waan nama hinquuqne uffata akka halkanii fa'a afii na eegii irrattan ofi gadhiisaa, jedhaatii itti naaf himaa" jedhee sinbirroota ergate. Sinbirroonis quuqqaa garaa isaanii bahuuf galanii haadha manaa qocaatiin" abbaan manaa kee hattoonni hammaataniiruuti, waan qara qabu balbala dura dhadhaabii hattuun akka itti buutee duutuuf adaraa siin jedheera "jedhanii akka qocaan waraanamee du'u itti himan. Haati manaa qocaas akka sinbirroonni jedhan sibiila qara qabu balbala dura dhadhaabdee akka hattuun waraanamtee duutu jettee, mana eegaa jirtuu qocaan , haati manaa koo waan nama hinquuqne qopheestee na eegde jedhee samiirraa of gadhiisu wanti qara qabu garaa isaatti naqamee isa ajjeessee. Sinbirroonnis qocaa nyaata hunda nyaatee fixee san eeboodhaan akka waranamuu gochuun quuqqaa garaa isaanii garaa waraananii bahuunhubachiisa jedhama. (Barataa Guutuu Mirgiisaa)

**Durdurii 15ffaa simbirqilisee**

Bara durii namoota sadi ta'anii sareefi galaa qabatanii duula deeman jedhama. Galaa isaanii debaree dabareen kan isaan hundumaatu nyaatanii fixani. Kan gaaf kaanii galaan harkaa dhumnaan saree qalana jedhanii lamaan isaanii walii galanii inni tokko isaan keessaa saree hin nyaadhu jedhee didee; jarri lamaan saree qalatanii nyaatanii isa dide yoo gallu biyyatti maqaa nuballeessa jedhanii koottuu bishaan dhugnaa jedhaniini laga qarqara yoo gahu garba guddaa keessatti gadi gatanii deemani. Innis garba keessaa bahuu dadhabee hiddi furdaan cite hiddi qal'aan qabee osoo jiruu qotiyyoon bishaan dhuguu dhufee namichi bishaan keessa jiru maaloo bishaan kana sin dhobaasati warra kootti maal jettee naaf himta jedheen.

Qotiyyoonis "aa'a! aa'a!" jedheen itti siif hima jedheen. Deemi ati beektee hin himtuu jedhee ari'ee; sinbirroon kaatee dhufte. maaloo bishaan kanan si obaasaa maal jettee ergaa warra kootti naaf himta jedheen; simbirroonis " saree nyaatan galani, saree hin nyaanne badee hidda furdaatu cite! Hidda qal'aatu qabee harandafaa! teephan dafaa! Haran dafaa! teephan dafaa!" jedheen itti siif hima jetteen.

Achumaan bishaan obaasee ergatee; simbirqilliseenis mana warra isaa dhaqxee balbalarra dhaabattee; saree nyaatan galanii, saree hin nyaanne bade, hidda furdaatu cite,hidda qal'aatu qabee harandafaa!teephan dafaa !jettee irra deddeebitee itti himnaan warri dhagahuu dadhabanii buna manaa dhugaa jiruutii ammas irra deebi'tee gumalii balbaarra teessee isuma jetteeni himnaan ammas dhagahuu dadhabanii harma haadha isaarra teessee saree nyaatan galan, kan saree hin nyaanne badee, jettee ergaa dabarsiteefi warris dhagahanii teepha qabatanii simbirqilliseen daandii dura buutee itti agarsiistee dhaqanii lagaa garba keessaa baasaanii fudhatanii innis simbirqillisee fudhatee wajjin gale. Yoo nyaatu simbirqillisee wajjin nyaata, yoo rafu wajjin rafa; osuma kanaan jiruu gaafa tokko inni gabaa baanan ashkariin isaanii akaawwii akooftitii simbirriqilliseen akaawwii eelee sibilarraa qicattee achumaan ashikarittiin muka akaawwitii dhooftee ajjeefte daaraa keessa awwaltee eegde.

Inni gabaadhaa yoo galu simbirqilliseen hin jirtu. Simbirqilliseen too eessa dhaqxe jedhee gaafannaan hin agarre bakka isheen deemte hin beeku jetteeni. Innis qotiyyoodhaan anuu cidii kaasuu tokkon siif kennaa bakka simbirqilliseen too jirtu natti agarsiisi jedheeni. Qotiyyoonis bakka ashkarittin awwaalte daaraa keessa gaanfa isaatii buqqisee reeffa ishee baasee itti

agarsiise. Namichis sinbirqilliseen too duutetanan ani hafaa jedhee ofi ajjeese. Haati isaatiis ilmi koo du'een ani hafaa jettee ofi ajjeeste,obboleessis haati koofi obboleessi koo du'aniitan ani hafaa jedhee ofi ajjeese, abbaan isaas haati manaa koo, ijoolleen koo du'aniitan ani hafaa jedhee ofi ajjeesee akkanatti du'anii dhumaan.

Galgala obboeessi quxusuun horii ooffatee yoo dhufu hundi isaanii dhumaniiru.Horii olgalchee balbala cufatee qooxii koree rafe. Abbaan manaa obboleetti isaa dhufee balbala jala taa'ee akka waraabessatti sodaachise. Yoo yuusu waraabuun nanaa ana nanyaatiin loon warra keenyaa nyaadhuu jedhanii osuma akana jedhuu namichi abbaa warraa obboleetti isaa qabeenya warra ishee fudhatee obboleessa ishee tikses fudhatee fuula isaa akka oibboleettiin isaa isa hin beekne cilee dibee kara manatti fudhatee gale.

Obboleettiin obbleessa ishee ta'uyu hinbeektutii bishaan waraabi yoo jettuun gingilchaa itti kenniti. Yoo gingilchaan yaasee fixe ni rukutti. Yoo ibidda fidi jettuun cidii itti kenniti. Yoo cidiin boba'e, harka gubee harka duwwaa yoo dhufe ni rukutti. Osoo akkana gootuu kan gaaf kaanii baay'ee aaree yaa warra koo osoo najalaa dhumtanii na eeguu baattaniin abbaa, haadhafi obboleewwan  qabeenya keenya ormaa kennee rakkadhaa jedhee boohaa jiruu argitee yoo ilkaan keessa ilaaltu kaarruu isaa barteeobboleessa ishee ta'uu bartee gadditee abbaan manaa yoo galu eeboo oldhaabdhee afteefi yoo rafuuf jedhu sibilli waraanee isa ajjeese. Obboleessa ishees fuula irraa dhiqxee gara araddaa warra isheetti isa deebistee osoo jiraatanuu obboleessa ishees fuusistee  araddaa warra isaanii qabsiistee jedhama. (Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

**Durdurii 16ffaa  Hiriyoota lamaan**

Bara durii hiriyoota lamatu akka malee kan waljaallatanitu jira jedhama. Gaafa tokko ka'anii biyya biraa deemanii ilaaluuf murteessanii gala qopheeffatanii imala eegalan. Deemaa oolanii dhadhabanii gala nyaachuuf muka tokko jala taa'an. Osoo gala nyaachaa jiranuu waraabessi tokko bosona keessaa tasa itti dhufe. Yeroo kana inni tokko dursee waraabessa argee utaalee muka kore. Inni tokko dafees hin agaree muka korus hin danda'utii nama rafe fakkatee diriiree ciise. Waraabessis lafatti gadi fuunfatee dhiisee deeme. Inni muka kore mukarraa bu'ee "waraabessi ammaa maal siin jedhee gurratti sii hasaasee" jedheen. Inni lafa diriiree ciisees "hiriyaa isa gaafa rokkoo gantuu ta'e wajjin hin deemiin."naan jedhee jedhee itti himuun hiriyaa isaa gorfatee hiriyaan gantuu sunis akkanatti gaabbe yakka isaa hubate jedhama.(Aaddee Sbbooqee Galaalchaa).

**Durdurii 17ffaa Namicha Gowwaa Tokko**

Durdur namicha gowwaa tokkotu jira ture jedhama. Haati isaa baay'ee soorettii turte. Osuma haadha isaa wajjin jiraacha jiranuu guyyaa tokko namoonni ollaa buna dhuguu mana haadh isaa dhufani haasaa keessa ilmi kee kun akkanumatti osoo hin fuu'in gama hafu qabeenyi kee kunis ati tasa yoo duutee bakkeetti badaatii maaloo fuusisi jedhanii haadha isaa gorsani isheeniis akkuma isaan jedhan ilma ishee fuusistee osuma jiraatanuu haati manaa isaa ulfooftee abbaa manaa isheetiin garaan na babaqee jettee itti himatte. Innis ani maalan beekaree haadha koo gaafadhu malee jedheen. Isheeniis akkuma inni jedhee haadha isaa gaafatte. Haati isaas dhadhaa itti dibi jetteeni. Haati manaa isaas dhaqiitii dhadhaa haadha kee biraa naa fidi" jetteeni ergite.

Innis dhadhaa haadha isaa biraa yoo fiduufi lafa baqaqe arginaan baqaqaa lafaa dibee dhadhaa fixee dhufe.Haati manaa eessa dhadhaan yoo jettuun lafa baqaqee argee dibeetan na jalaa dhume jedheen. Akkuma taatu taatee rakkattetuma deessee warri olla eebbisuu dhufanii daa'ima dhalatteen hamma yoonaa loon tiksuu hin calqabnee inuma teessaa jedhanii itti baacanii yoo deeman abbaan manaa galee haati manaa "warri na'eebbisuu dhufan mee daa'ima keenyaan hamma yoonaa loon hin tiksine jedhaniini mee" jettee itti himte. Achumaan abbaan manaa ganama ka'ee daa'ima loon eegi jedheen. Daa'imichi yoo ka'ee loon eeguu dhiisu; cufaa diddee ciiftaa jedhanii harka isaa eegee loonitti hidhenii loon wajjin bobbaasan.

Galgala galli loonii yoo gahu daa'imni hafee harki isaa tokko buqqa'ee eegee lo oniitti rarra'e dhufe. Abbaan daa'imaas "cufaa harka isaa as natti ergeeti achitti hafaa! " jedhee bakka loon oolan yoo dhaquu; daa'imni du'eeti mixii gurraattiin reeffa daa'imaatti tuutoftee reeffa ciisee arge. abbaan ammas "sirumaa as ciiftetoo nuugii nyaattaa" jedheeni laga buusee garbatti gadi gatee galee haadha manaatti hime.Haati manaa mucaakoo gattee dhuftee jetteeni bakka laga mucaa itti gate buutee garba keessaa baasuuf jettee garbatti buutee garba keessatti yoo haftu isheen mucaa ishee wajjin teessi jedhee eeboon garba keessatti yoo gadi waraanu dhiigni xunnuqee bishaan keessaan olbahe. Yeroo kana abbaan manaa "sirumaa mucaa ishee wajjin barbareen xuqattee nyaatti jedhee erga akkasii anis dhaqee hin nyaadhuu jedhee garbatti gadi of gatee hundi isaanituu dhuman jedhama.(Obboo Dhugumaa safaraa).

**Durdurii 18ffaa Warra ollaa lamaan hiyyeessaafi Dureessa turan**

Bara durii namoota olla ta’an lamatu dureessaafi hiyyeessatu olla walii jiraatu turan jedhama. Warri dureessaa sangoota ja’a qabu; warri hiyyeessa ta’an immoo sangaa tokko qofa qabu turan. Inni hiyyeessa sangaa qabu tokkicha qalatee gogaa isaa goggogsee gabaa baasee muka guddaa tokkorra koree dhokatee taa’e yoo gabaan sirritti wal geessu gogaa goggogaa sana kakak- kakak-godhee namoota gabaa keessaa jiran rifachisee waan qaban gachisisee baqachisuun qabeenya isaanii fudhatee manatti gale. warri olla dureessa ta’an sun qabeenya hamma kana eessaa fidde jennaniin sangaa koo tokkicha qaladheen gogaa isaa gurguradhee waa kanaa argadhe jedheeni.

Isaaniis akkuma isaa sangoota ja’an qalatanii gogaa sangootaa gurguruuf gabaa baasnaan gabaan irraa bituu diddee fudhatanii galani mana hiyyeessa sanaa jalaa gubani. Guyyaa biraa immoo namichi hiyyeessi sun daaraa mana isaa gubatee qalqallootti haratee guutee baattatee osoo deemuu aduun itti lixinaan jara tokkoon aduun natti lixee maaloo na bulchaa jedheen. Jarris buli manni kan waaqatii jedhaniini innis bulee bariituu isaa yoo ka’u;daaraa qalqalloo keessaa sana sobee midhaan koo sana naa kennaa jedheen.

Yoo qalqalloo isaa kennaniifi fudhee hiikee ilaalu daaraan qalqalloo guutuudha innis “maaloo yaa midhaan koo! Uu!....uu!....” jedhee iyyaa keessaa kute. Iyyu isaatti jarris rifatanii “maaloo hin iyyin si kenninaa “ jedhaniini xaafii qalqalloo isaatti guutaniifi innis xaafii qalqalloo tokko fidhatee gale. Ammas warri olla isaa dureessaa sun midhaan kana eessaa fidattee dhufte jedhaniin. Innis isin mana koo gubdanis daaraa mana kooti gurgureen bitadhee dhufe kaa jedheen. Warri dureessaas ammas ka’anii mana isaani gubanii daaraa qalqallootti naqatanii gurgurachuuf gabaa baatani deemanii “daaraa bittu” jedhanii yoo gaafatan namoonni gabaa keessaa isaan ar’atanii gara mana isaanitti deebi’anii galani jedhama. (Barattuu Jirgifee Tolasaa)

**Durdurii 19ffaa Namicha qabeenya qabuufi warra Ollaa**

Durdurii "Egaa akkana,..., namichatuu qabeenyaa qabaati obboleessi isaa homaa hinqabutii hiyyeessaatii, yoo obboleessi rakkatus homaa hingodhuufitii, warri ollaa “maal obboleessa kee rakkate kanas hingatinkaa waa godhiifii “jedhaniin. Innis didee "obboleessi koo qabeenya kooti" jedheen, warra ollaatin. Kan gaaf kaanii warra ollaa isaa tumaalessa qalee waamuuf jedhee yoo ilaalu, haalli warra ollaa isaa itti toluu dide. Itti toluu didee jennaan....."maaloo nadhaqabaa namni naharkatti baddalamee" jedheen warra ollaatiin. Warri ollaatis, ”quufetoo nama ajjeese

kunoo! nuufis boru kanuma hinqabsiisna malee“ jedhanii foolisii, namoota itti wamani, yoo olitti seenan, tumaalessa qaleetoo kaa'e jiraati, nama du'e dhabanii tunaalessa qalee sana kenneefi nyaatanii galan. Ammas kaa'eetoo tumaaleessa qalee obboleessa isaa rakkataa sanaan "maaloo nadhaqabi namni naharkatti baddalamee" jedheen. Obboleessi warri ollaa isaa akka isa hindhageenye dhoksuuf jecha kaatee dhufee meerree! Meerree! akka namni nuharkatti hinagarree jedheenii isaaf dhoksuuf yoo jedhu tumaaleessa qalee sana itti agarsiise. Wajjumaan nyaatanii ergasii booda obboleessa isaati yaaduu qabe,...." jedhama kaa. Kanakaa,… yaajoollee koo…..(Obboo Fayyeera Galaalchaa)

**Durdurii 20ffaa Kannisaafi Jaldeessa**

Bara durii keessa kannisaafi jaldeessatu maabara walitti dhugu jedhama. Guyyaa calqabaaf kanniisni maabara yoo baasu damma dammeessee; dammasaa bulbulee jaldeessa maabara waame. Jaldeessi maabara mana kannisaa dhaqee yoo dhugu dhaangaan kanniisni dhiyeesse baay’ee midhawaafi kan jaldeessa simatu ta’e. Jaldus baay’ee gammadee “maal obbo kannisoo dhaangaan keessan baay’ee nama hawwataa kun ajaa’iba! maal irraa qophessitan” jedhee kannisa gaafateeni.Kanniisnis “maal waan salphaarraan qopheessee udanuma kiyyarra.” jedheeni.

Jaldeessis haala kanaan ajaa’ibsiifatee galee gaafa maabara isaa udaan isaa kuusee bulbulee eege. Kanniisni guyyaan maabaraa gahee yoo mana jaldeessaa dhufu xiraan udaan jaldeessaa mana ol seensisuu dhoowwee gidi takka itti siqee maal Jalduu urgaan mana keetii baay’ee nama hawwata mitiiree jedhen. Jalduus maaliree akkuma keettan maabara baasa jedheeni jennaaniin kannisini aaree jaldeessa hiddee ajjeese jedhama.(Obboo Atoomsaa Gurmuu).

**Durdurii 21ffaa Jaldeessafi Hantuuta**

Oduu durii ,.. gadiguuriakka jaarsadurii,..jaldeessafi hantuutatu michoomanii midhaan walitti qotatan ture. Midhaan qotatanis garbuu tureeti. Haala gaariin qotanii meesanii yoo waqtiin haamaa gahu walumaam haamanii; hoogditti guuranii dhahanii togogootti naqatanii furtuu bitanii itti qollofani jedhan. Furtuun eenyu harka haa taa’u jedhanii waliin mar’atan hantuutni obboo jalduu si harka haa taa’u jetteen. Furtuun harka taa’ee osoo jiruu hantuutni togoogoo jalaan urtee midhaan fixxe.Kan gaaf kaanii jaldeessi midhaan haa hirannu yoo jedhuun suuta jennee hiranna jetti.

Jaldeessi lakkii midhaan kana haa hirannu jedhee dirqamsiisee hirachhu jedhanii furtuu fudhatanii bananii hirachuuf yoo jedhan garbuun tokkollee hin jiru isheen hin beektitii bineensota haawaammannu murte nuuf haa kennani jettee hantuutni. Jaldeessis tole jedhee yoo bineensonni biroo dhufan.Hantuutni ammas ofuma isheeti akkana jettee murtee kennite"mana tokkotti nutti cufaatii ibidda duuban nutti qabsiisaa abbaan cubbuu gubatee qulqulluun haabahu jettee murteeffattee;isheen mana keessatti boolla qopheeffattee yoo ibiddi akka ishee hin gubne boolla keessa seenuuf akkuma isheen jettee balbala itti cufanii abidda duuban itti ka'an. Ibiddi manatti qabatee akka maleetti yoo bobahu isheen ni kofalti. Osuma kanaan jiranuu roobni cimaan tokko dhufee akka malee yaandisee jaldeessi uraa abiddi bobeessee baaseen hulluuqee yoo bahu ishee roobni cimaan roobee boolla isheetti bishaan guutee bishaan gurra isheetti naqamee ajjeese jedhama. (Barataa Kaasahuun Tarreessaa).

**Durdurii 22ffaa Waraabeessaafi Leenca**

Bara durii,... leencaafi waraabessatu dabareedhan loon walitti tikfata ture. Waraabessi sa'a tokko qaba ture. Obboo Leenci immoo sangaa tokko qaba ture. Osuma dabareen walitti tikfatanuu sa'attiin waraabessaa rimooftee guyyaan dhala sa'a waraabuu gaafa gahu abbaan dabaree Leenca tureeti. Leenci dabaree isaa osuma eegaa jiruu sa'attiin warabessaa dhaltee Leenci dil'uu sa'aa fudhee udduu sangaa isaatti suuqee sangaan koo dhale jedhee warabessatti hime. Waraabuus aaree Leencis aarii waraabessa argee "bineensonni murtee nuuf haakennan " jedhe.

Bineensonni hundi dhufanii hantuutni qofa duubatti hafte. Bineensonni dhufan hundi leenca sodaatanii sangaa leencatu dhale jedhanii yoo murteessan; hantuutni turtee dhufte leenci ija itti bobaasee maaliif turtee dhufte jennaaniin lafti baqaqeen hodhaa ture jetteen. Leencis duruu lafti baqaqe hodhamaa jennaniin hantuutni immoo duruu sangaa jabbii dhalaa jettee bool'a qopheeffatte lixxe jedhama. (Barataa Naa'ol Dinqaa).

**Durdurii 23ffaa Addee Qamuufi Obboo Waruu**

Bara durii,... Qamaleefi Waraabessatu michoomee wajjin jiraata ture. Mana walii dhaqanii osoo daawwatanuu manni qamalee jijjigduufii uraan kan itti baay'ate yoo ta'u;manni waraabessaa mana citaa kifkiffaata ilfinyi bareeda tureti aaddee qamuun yaa waruu "manni kee osoo diinni tokko sitti dhufee balbala takkittidhaan maal gootee baataa?" ani osoo diinni natti dhufeeti manni koo "siin luf! Achiin lufi! " jedheen bahaa jetteen.

Waraabuunis “kiyya fudhadhuuti kan kee naaf kenni yoo didde immoo sinliqimsa?” jedheen. Aaddee qamuun durumaanuu manni waraabuu itti bareednaan mala kana fayyadamtee gamnummaa isheetiif akkana jetteeti; qamuunis waraabuun “Erga jettanii tole kaa!” jettee mana baeeda waraabuu kan ishee jijjigduudhaan geedaratte jedhama.(Barataa Taaboree Abbabaa).

**Durdurii 24ffaa  Qamaleefi Leenca**

Bara durii,... qamaleen laga abbay dhugu malee jettee leenca wajjin abbaay dhuguu dhaqxe. Leenci duruu abbaay dhugaati Isheenis kan inni dhuge kana dhuguun qaba jettee leenca wajjin deemanii osoo abbaay dhugaa jiranuu leenci qamuu “qam..” godhee qabatee qamuus obboo guddaa qooda ana qabdu kan jalaa kana “qam..”godhii qabadhu jetteeni innis jalaan yoo qabatu udaan “qam…”  godhee qabate. “Haq..” godhee tufe. Yoo kana qamuun “xab..” jettee muka korte. “kakak...kakak..” jettee itti kofalte. Leencis maal qamuu maal natti kofalta?” jedheeni. Isheenis ”takkatuu ofitan kolfa; takkatuu sittan kolfa.” jetteeni.Leencis anattis maal kofalta? Ofittis maal kofalta?” jedheeni. Isheeniis “ Ana kan kureen na gahu abbaay dhuguu dhufuu kootiif; Atis  eegee koo na qabattee na gallakiftee kan udaan koo qabatteefiin sitti kolfa” jetteen jedhama.(Barataa Gammachiis Soorii).

**Durdurii 25ffaa Nama Imaltuu deemu tokkootu ture**

Bara durii namicha tokkotuu imaltuu deemee yoo itti lixu mana namaa kadhatee mee nabulchaa jedhee isaaniis manni kan waaqatii buli kaa  jedhaniinii yoo bulu halkan yoo abbaan mana ka’ee loon mooraa jiran ilaalu haadha manaa dhungachuu kajeelee yoo halkan sareen duttu haati manaa ka’aa qa’ee ilaala yoo jettuun abbaan manaa ani dadhabeeraa ati ka’iitii ilaali mee jedheenii haati manaa kaatee yoo loon ialaaluu baatu  namitichi ilaltuun sun ka’e abbaa manaa sireerratti qabee itti maramee dhungate. Abbaan manaa maal maal nagoota jennaaniin  namichi ilaltuun waan jedhuun dhabee rifatee barite see’een nagaatti isiniin jechuufani nagaa naaf ta’aa jedheeni jedhama.(Barataa Magarsaa Olaanii).

**Durdurii 26ffaa Dargaggoo wal jaallatan Lamaan**

Bara durii dargaggeessa dhiiraafi dargaggeetti dubartii lamaantu wal jaalate ture. Inni dhiiraa akkamitti wal argina warri kee silaa gadi sin baasanii jedheeni .Isheeniis halkan yeroo rafiitii koottu yoon rafu hadaa miilla kootti hidhadheen balbala keessaan baasee  rafaa yoo ati  dhuftu

hadaa sani gadi gotochiti nakaasi isa eegeen ka'ee suuta jedhee balbala banadhee sibira dhufaa jetteeni itti himte. Halkanaa'ee rafanii abbaan intalittii fincaan fincaa'uu halka balbala saaqqateeyoo bahu wadaroon miilla abbaatti xaxamee kuffise yoo kana intalittiin kaa'ee fiigdee abbaa isheetti maramtee dhungattee na fudhuu badi jetteeni. Abbaanis eessattan sifudhee bada jedheen jedhama.(Obboo Taaboree Dinqaa).

**Durdurii 27ffaa Re'eefi Qeerrensa**

Bara durii Ilmoo re'eefi ilmoo qeerransaatu wajjin taphataa turan.Kan gaafa kaanii ilmoon re'ee ilmoo qeerransaa bira tapha yoo deemtu haati ilmoo re'ee" lakkii isaan malaan haadha ishee wajjin sinyaachufi lammatuu hin deemini" jetteenii dhoowwite. Ilmoon re''ee sun gorsa haadha ishee kana dhageessee yoo haftu ilmoon qeerransaa waamicha ilmoo re'ee kaatee dhuftee maaliif koottukaa ni taphannaa ittiin jetteeni. Ilmoon re'ees lakkii akkuma haati kee sigorste iyyas haati koo nagorsitee jetteen jedhama.(Obboo Fayyeeraa Galaalchaa).

**Durdurii 28ffaa Dhirsa Intalaafi Amaatii**

Ka'eet namichi warra amaatii deeme jedhan. Amaatiin kaatee marqaa okkoteetti marqiteefi soddaa isheetiif waciitiitti baastee kenniteefi sa'a elmachuu mooraa dhaqxe. Soddaan marqaa kennameef nyaatee fixee hin quufneetii itti dabalattee nyaachuuf okkotee marqaa harka kaa'ee baafachuuf yoo jedhu afaan okkotee dhiphoodhatii harki keessaa bahuufi dide. Achumaan kaatee amaatiin elmitee yoo dhuftu harki isaa okkotee keessaa bahuu didee keessa jira. Amaatiin mataa qabattee yaa baraa ….yaa baraa…. yoo jettee iyyitu. Soddaan "waan baraa rakkisi harka okkotee keessaa naaf harksi jedheen jedhama. (Obboo Tsaggaayee Guutamaa).

**Durdurii 29ffaa Leencafi Guddifata Leencaa Ilmoo namaa**

Ka'aniit jedhan kaa …. duratti leencatu ilmoo dhabee ilmoo namaa guddifatee ilmoo isaa caalaa kunuunsee guddise ture jedhama. Kan gaaf kaanii ilmoo isaa sana warri isaa akkami sitti tolee jedhanii gaafatani. Ilmoon sunis eeyyee natti toleera garuu yoon jala xiraan bobaasaa akka maleedha jedhee warra isaa duraatti himate yeroo kana obboo guddaan mana jaraa jala taa'ee dhaggeefataati caliseetu obboo guddaan galee yootana mucaan inni guddufates deebi'ee gale.

Leencis yaa ilma koo ka'iiti eeboodhaan as na waraani jedheen. Lakkii akkanatti ati abbaa koo taatee na guddistee maal jedheen siwaraana ani sin waraanu jedheeni mucuchi didinaan yookiin

na warani yookiin sin nyaadhaa jedheeni . mucaanis waraanee madeessee. Leenci mucaadhaan akkan ani waan hunda fidee sii laadhee siguddisetti atis nyaata naaladh kaa jedheenii mucaanis akka inni duraan isaaf laatee guddisetti nyaata barbaadee laatefi kunuunse madaa isaa fayyise. Leencis laali ilma koo na waraantee madaa koo nyaata naalaattee na fayyistee garuu jecha warra kee duraatiin deemtee jetten sana hin fayyine madaa garuu fayyee jedheen jedhama. (Aaddee Tsiggee Abarraa).

**Durdurii 30ffaa Leencaafi qamalee**

Akkana jedhan kaa bara durattii leenci ilmoo isaa caakkatti dhiisee nyaata barbaada deeme ture jedhama. Yeroo deebi'ee dhufu qamaleen ilmoo isaa fakkaattee shaffanattee bakka ilmoo isaa sana ciiftee eegdee leencis ilmoo isaa see'ee fudhatee manatti galee yoo guddisu qamaleen guddachuu didde. Ammas yoo ilaalu guddachuu dide . maaloo abbaa koo kanan guddachuu dideefi namaa beekaa bira naa dhaqi jetteen. Leenciis tole damma biteen dammaafi si qabadhee dhaqa jedheenii damma bitee dhaquuf yoo ka'u qamaleen ati damma natti kenniti gateetti keetitti na baadhu jetteen.

Innis qamalee gateetitti baatee yoo deeman isheen damma nyaatti damma gateetti isaatti coccobsiti Leenci maal inni kan natti cophu?" jedhee yoo gaafatu imimmaan kiyya jettitin. Maali maal taate jedheeni isheenis kanan akkanatti guddachuu didee hafe kana kaa jettiini. Osuma deemanu muka tokko jala gahanii "xab "jedhi kaa yoo jedhuun "xab" jettee muka korte. Innis ati maal jennaaniin "bittee dammatee….; dhaltee ilmootee..; dhabdee.. yaa waa-lama dhabeettii…!" hin jenneeniiree aaddee qamuun akkanaan addaan galte jedhama.(Obboo Dhugumaa Safaraa).

**Durdurii 31ffaa Namichatu Ijoollee torba qaba**

Ka'aniitikaa,,, ".Egaa akkana ... namichatu ijoollee torba qaba ture ijoollittiin walii hingalan ture,.. ka'eetoo ulee jabaa tokko qopheessee, ijoollee isaa torbaniifu ulee(muka jabaa) qopheessee,... tokko tokkoo isaaniitiin cabsaa jedhee itti kenne. Isaan hunduu qofaa qofaa cabsuu dadhabanii amma ammoo torba ta'aatii qabaa cabsaa mee jedheenii torba ta'anii cabsan."jedhama kaa." (Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

**Durdurii 32ffaa Ilma hantuutaafi Intala Adurree**

Ijoollee koo Oduudurii isinitti himakaa,... Durkaa ilma hantutatu intala Adurree fuudhuu malee yoo nafuusisuu baatte ofan ajjeesa jedheen abbaa isaa hantuutan abbaan isaa hantuutnis lakkii nuti wal hin gitinuu waliif diinaa hin ta'u jedha abbaan hantuutaa ilma isaatiin. Innis du'u malee nafuusisu baanan ufanfannisa jedhee dideeni. Abban isaas qooda duutu fudhikaa jedhee intala adurree kadhaa warra adurree dhaqe. Abbaan adurreetis kenneefi saddeeta naatani guyyaa cidhaas qabatanii abbaan adurree gaafa cidhaa hamaamota hantuutaa dhibbaa gadi dhuftee hurdatii kee fudhattee deebita jedhee walii galuun abbaan hantuutaas hamaamota hantuutaa dhibba qabatee guyyaa cidhaa qabatee mana warra adurree intala fiduuf deeme. Achi gahanii yoo jedhen abbaan intala adurrees adurree dhibba qopheefatee hamaamotaan dabareedhaan akka ol seenaan ajajee isaaniis dabareen tokko tokkoon ol lixanii achumatti tokko tokkoon "qacam " … "qacam" …. "qacam….." godhanii hamaamonni hantuutaa sagaltamii saddeet dhumani abbaafi ilmi hafan.

Abbaanis ati dura seenii jedhenii ilmi didee abbaan seenee adurreen jaarsaa tokko achumatti "qacam" godhee ilmi hantuutaas ilmoon adurree takka ilmi hantuuta fuudhu yoo ol seenuu human hinqabduuti miila tokko irraa kuttee innis miilla sadi qofaan okkolaa fiigee jalaa galee warri hantuutaa "ishoo gammannee …. Ishoo gammannee intala adurree hurruu argannee" jedhanii sirbuuti yoo inni dhufu . innis isin asii sirbitu isaan achii nufixuu jedheeni jedhama.(Obboo Dhugumaa Safaraa)

**Durdurii 33ffaa Bulguufi Ijoollee durbaa asadan**

Bara durii ijoollee durbaa sadiitu bosona keessaa qoraan corachaa ture jedhama. Yogguu kana bulguu jireenyi isaa bosona bukkeedhaati ijoollittii argee qabatee liqimise yeroo kana immoo namichi adamoo adamisu tokko iyya sagalee ijoollittii dhagahee yoo fiigee dhaqu ammas bulguu isas eeboo isaa wajjin laqam godhe. Adamsichis eeboo isaa garaa bulguutti rakkisee baqaqisee ijoollittifi ofi isaas of baasee ijoollittiinis baay'ee isa ajaa'bsiifatanii dubaraa sadan isaanituu itti heerumani innis fudhee ijoollee baay'ee horani lafa sana akkanaan guutan jedhama. (Barattuu Siifan Waaqjiraa).

**Durdurii 34ffaa harreefi saree**

Bara durii harreefi sareen ajaja gooftaa isaanii jibbanii hin banna jedhanii waliin mari’atan jedhama. Harreen kaatee sareedhaan “baa’aan natti baay’atee ka’een badaa” jetteen.sareenis harreedhaan kaatee “ anis nan badaa yeroo hundaa lafatti nyaata naaf kennu, halkan hiirriba hin qabu. halkani guyyaa boqonnaa dhabee akkamittan akanaan jiraadha tole kaanee banana” jetteeni. Walii galanii baduuf deeman. Osoo deemanuu itti lixxee marga lilisaa tokko bira gahanii harreen beeloftee marga lalisaa sana nyaattee quuftee daaraa argattee irraa gangalattee yoo jettu sareedhaan “nan iyya” jetteeni. Sareenis “lakkii hin iyyini” jetteen. Harreen diddee iyyitee ammas saree deebitee “yoo iyyite tokkoffaarratti sagalee kee adda baafata ,lammaffaarratti similikkeeffata, sadaffaarraatti dhufeetoo sinyaata jetteeni.harreen diddee iyyite. Waraabessis dhufee harree nyaatee sareedhaan”maal asii goota?” jedheeni.

Sareenis “gooftaa koo beeluun naqabnanan adamoo adamsuu bahe.” jetteeni.warabessis “Beenu amma foon harree kana naa qalii roga rogaan adda baasii olka’i” jedheeni. Sareenis foon qaltee hunda olkeessee onnee keessaa laqam gootee eegde. Waraabessi dhufee “onnee ishii eessa?” jedheeni.”hin qabdu odoo onnee qabaattee iyyitee of nyaachisti” jetteen jedhama.(Aaddee Sabbooqee Galaalchaa)

**Durdurii 35ffaa Warra torba keessaa dhugaan moo’e**

Baradurii kaa’anitikaa,..torba ta’anii waliin jiraanna jedhan jedhama. Isaanis Soba,leenca,sangaa, bofa, abidda, bishaanifi dhugaa ta’anii michummaan waliin jiraachuuf ka’an ka.Isaan hunda keessaa sobni leencaan sangaan bosona nu jalaa nyaatee fixee maal wayya dirreerratti hafnee jetteeni. Leencis kana dhageenyaan sangaa nyaate.ammas sobni bofaan” leenci sangaa keenya nu jalaa nyaatee maaf teessa hiddii ajjeesi” jetteen. Bofnis leenca hiddee ajjeese. Ammas sobni kaateetoo abiddaan” maaf teessa bofni leenca goota keenya nu jalaa hiddee ajjeesee hin gubduu” jetteeni

Abiddis ka’ee fura qabsiisuun bofa fura keessaa gubee ajjeese. Ammas sobni akkuma barmaata ishee bishaaniin maaf teessa abiddi bofa diina keenya kan nuuf ajjeesu abiddi gubee ajjeesee ka’ii balleessi jetteeni.Bishaanis ka’ee akkuma ajajamew abidda dhaamsee balleesse. Ammakaa warri sadan :bishaan, sobafi dhugaan hafanii sobni koottaa gaara kana baanaa jetteni bishaan gaara bahuu dadhabee biraa hafe. Dhugaafi sobni osoo tabba bahaa jiranuu sobni dhugaa

dhagaachaan dugda keessa dhooftee dhugaan aaree duubatti deebi'ee dhagadhaan soba dhahee ajjeesee ishee moo'e jedhama.(Aaddee Xiggee Abarraa)

**Durdurii 36ffaa Lukkuufi Sardiida**

Baraduriiti jedhan,....ka'aniiti jedhanii durratti lukkuu dhaltufi sardiida dhiiratu walitti michoomani mana lukkuu biraan yoo darbu sardiidni akka waan ishee jaallateetti itti goree balbala lukkuurra dhaabatee dubbisee darba qalbiitti ni hawwa garuu sobee waan isheetti michoome fakkaatee ishee dubbisaati kan gaaf kaanii haadha manaa isaatiin ani michuutoo lukkuu kajeeleeraa har'a dhaqeen qabadhee fidaatii ati immoo nuu affeelta jedheen. Lukkuun guyyaa kana gabaa baatee midhaan bitachuuf qophooftee jirti. Balbala ishee cufattee kara gabaatti qajeelte. Sardiiddoon mana lukkuu yoo dhufu isheen hin jirtu balbala ishee saaqqatee mana ol lixee dhokatee eege. Isheen yoogabaadhaa midhaan bitattee dhuftu inni mana ishee keessa dhokatee jiraati lukkuun gabaadhaa deebiitee balbala saaqxee yoo ol lixxu sardiiddoon ija itti babaasee afaan banee arraba baasee yoo agartu rifattee midhaan gadi lakkisuun balaliitee baaxii mana korte.

Inni immoo dabaree isaa rifatee ija isaa baaxitti ol fannisee ishee ilaale isheenis "maal goota kaa yaa michuu koo michummaan kanatti jijjiramtee' jetteeni. Innis "achirratti hin haftu bu'uu keetu oolaa " jedheeni mana keessa asiifi achi fiigee lukkuu baaxiirratti sodaachifate. Isheenis isa ilaaltee, ilaaltee yoo jettu sammuun itti naanna'ee achirraa gadi kuftee sardiiddoon qabatee qalqala isaa keessa kaawwatee kara mana isaatti deemuu jalqabee osuma deemuu dadhabee muka tokko jala boqatee achumaan hirribni isa qabee gadi ciise. Lukkuun duraan ofwallaalte of beektee qalqalloo hiikkattee suuta jettee keessaa baatee dhagaa qalqallootti naqxee hiitee biraa deemte. Sardiiddoonis ka'ee kara manaa galee haadha manaa isaatiin bishaan ho'isi kanan jedhe fidee dhufee jedheeni isheenis bishaan bulluqsitee suuta jettee qalqalloo hiiktee afaan qabdee yoo bulluqatti gadi naqxu dhagaan bishaan bulluqe san keessaa isaan lamaanutti ol faca'ee gubee luqqisee ajjeese jedhama. (Obboo Tsaggaayee Guutamaa)

**Durdurii 37ffaa Akkoo Manooyyee**

Bara durii Akkoo Manooyyee jedhamtu giiftii biyya bulchituutii ajaja humnaa olii biyya bulchitu ajajjee jedhama. Yoo kana ajajjus dursa nama gabaa fixaa jettee ajajjee uummannis hunda fixanii nama tokko dhokfatanii turan jedhama. Lammataarratti mana waaqafi lafa

gidduutti hanqisaatii naaf ijaaraa jettee ajajje. Isaanis baay’ee rakkatanii waan godhan wallalani nama gabaabaa sana gaafatan. Namichi gabaabaan sunis mana yoo ijaaran utubaa abbaatu dhaabbataa meeshaa ittiin ijaarru qopheeffanneerraa koottu utubaa nuu dhaabi jedhaanini.Isaanis akka gorsaa godhani. Isheenis kanan dura isin ajaje hin raawwanne nama gabaabaa hin fixne jetteen jedhama.(Obboo Atoomsaa Gurmuu)

**Durdurii 38ffaa Hantuutaafi Raacha**

Oduu durii,... gadi guuri,akka jaarsa durii,... ka’aniitoo hantuutnifi raachi michuu ta’anii maabara walitti dhugani yekana haantuutni diggistee mabara raacha waamtte. Raachis keessummeeffame mana isaatti galee gaafa dabaree isaa diggisee hantuuta waamuu dhaqee yoo fudhatee galu hantuutni raachaan maal godheen bishaan cee’ee mana kee dhaqa jennaaniin sibaadheen siceessisa jedheeni raachi hantuuta baatee bishaan yoo cee’u osoo raachi bishaan daakuu hantuutni bishaan lixxee guruc, guruc, gootee duute jedhama.(Barataa Kaasaahuun Tarreessaa).

**Durdurii 39ffaa Harreefi Waraabessa**

Oduu durii gadi guurii akka jaarsa durii,... ka’aniitoo duratti harreefi waraabessi walitti dhufanii waraabessi gurra harree ilaalee jalaa baqate jedhama. Yeroo kana harreen “nasodaatiinii maaf nasodaattaa?’ jetteeni.waraabessis “gaanfa kee kanatu nasodaachisee yoo ittiin nawaraanteehoo?” jedheen. Harreenis “kun mee gaanfaa miti” jettee gurra ishee bat.. bat.. gootee itti agarsiiste. Innis itti siqee waliin michoomanii harreen ammas “koottu waldhaansoo walgabannee taphannaa” jetteeni.Innis ishee ammas sodaatee tuma wal’aansoo qabeeni harreen isarra guddoo waan taateef kuffifattee innis akka ishee hin kuffifanne beekeetoo malaan waraabessi “maaloo ati immoo akka nama dadhabeetti naa kufi mee “jedheeni gaafate. Isheenis garaa hirte waan ta’eefi akkuma inni jedhe gootee kufteefi.innis irraa ka’uu didnaan harreen” maal ani hammana yooman sirra ture narraa ka’ikaa” jetteen. Innis “biyya keenyaa kuffisanii irraa ka’uun hin jiru” jedhee harree nyaate jedhama.(Barataa Caalaa Badhaasaa).

**Durdurii 40ffaa Niitii Dhabeettiifi Niitii Qabeettii**

Duratti kaa…, namoonni yeroo manaa bahanii irgi deeman balbala isaanii qulfiin qollofanii hin deeman funyoofaadhaan xaxanii cufatanii bahu ture . Egaa guyyaa tokko niitiin beelofte takka beeluun qoonqoo baasa itti baateewaan gootu dhabnaan kan warri biro balbala xaxatanii cufanii

bahan banattee mana seentee midhaan qicattee daakkattee marqitee qodaatti naqixee dhadhaa baksitee itti naqxee qoonqoo isheetiin situ nmana namaa na saaqsise qodaa namaaa nabansiisee amma kaa balbala namaa si bane, si qicee, sii daakee, si marqe si qopheessee ani harka kiyyaan si fuudhee sii hin kennuu akka mana namaa nasaaqsisteetti ofii keetii fudhuutii nyaaadhu ani siif hin kennu kaa jetteeni.

Qoonqoon fudhattee nyaachuu dadhabdee niitittiin teessee dadhabnaan marqaa qadaaddee osoo hin nyaatin balbala xaxxee baate. Abbaan warraa baaxii manaa qooxirra taa'ee dhokatee ilaalatii dinqisiifatee callisee. Niitii qabduun ganama balbala cufattee baate sun yoo dhuftu manni ni urgaa'a. niitittiin awwayeen koo har'a moo maal natti urgeesa jettee fiigdee yoo qodaa saaqxu marqaan marqamee qadaadame ta'a. irratti lafa dhooftee nyaattee. Achumaan Abbaan manaa qooxirra ilaalee niitii ol seentee kan marqame kaawwame nyaatte sana ari'ee baasee ishee marqitee qadaaddee osoo hin nyaatni dhistee deemte sana barbaadee fuudhe jedhama.(Obboo Dhugumaa Safaraa).

**Durdurii 41ffaa Bubbeefi namatu wallole**

Ka'aniitoo bubbee karaa deemuufi namni walitti dhufan. Namni bubbeedhaan eessa deemta jedheen. Bubbeen "namaan waloleen biyya bahuu deema jedheeni itti lixinaan mee na bulchimee" jedheeni.namnis si hin bulchu maaliif jennan ati manaa namarratti diigdee aduu rukuchifee, rooba itti roobsitee, lolaadhaan mana balleesitee, bishaan nama nyaachifteen sibulchaa sin bulchu jedheen. Bubbeenis ka'ee deemee nama biraa bira gahee mee na bulchi natti lixxee jedheen. Kan biros si hin bulchu mana namarratti diigdee ala nam bulchitaatii kan maaliin si bulcha sii hin bulchu jedheeni kan biros ari'ate.akkanaan bubbeen namaan walolee hafe jedhama.(Obboo Taaboree Dhinqaa)

**Durdurii 42ffaa Jaarsa loon eeguufi Intala baduuf deemtu**

Durkaa…. Jarsatuu loon eeguu ture. Innis yoo eegaa jiru kana micayyoon tokkoo baduuf kaatetoo bakka inni loon eegaa jiru biraan darbuuf deemtitii isheenis akkana jettiini "abbabbaa akkam jirtu. daandiin kun eessa nama geessaa?" jettiini. Jaarsis "nagaa galata Rabbii! maali intalatoo eessa deemta?" jedhuuni. Isheenis "abbabbaa koo ka'een bada jedheetani" jettiin. Jaarsis"intalatoo maal taatee badaa?" jedhuuni.intalattiinis "dhirsa kiyyatu naa gamsiise. Midhaan isuma wajjiinin xaaree maasee, facaafannee ,galfannee,keessaa soree ,guuree,

hororee,marqee , naqee kenneef afaanitti naa naqxu malee naan jedhaa kanaaf natti hammaateen baduuf ka'a jetteeni. Jaarsis "yaa intala koo kan waciitii gahe waciitii keessaa gadi itti naquutu salphatamoo wanciitti baduutu salphateree" jedheeni galgala fudhatee galee warra lamaanuu walitti araarse jedhama. (Obboo Atoomsaa Gurmuu).

**Durdurii 43ffaa Maatii mucaa tokkoo**

Dur..kaa… warra mucaa amalaan nyakkisaa ta'ee warra rakkisu tokko qabu ture. Kan gaaf kaanii mucichi garmalee boohee rakkisnaan maatiin mucichaa "yoo nutti boossee didde waraabessatti gadi si darbina" jedhaniini sodaachisanin. Mucichis sodaatee dhuguma waraabessatti gadi nadarbu jedhee rifaatee callise taa'e. Yeroo sana waraabessi tokko akka tasaa mana isaanii duuba darbaa tureeti amma gadi naaf darbatu jedhee callisee taa'ee eeggataa ture. Eegee, eegee, dadhabee warri gadi bahuu didinaan waraabuun "maaloo wa'ee mucaa sanii maal gootan" jedheen jedhama.(Obboo Lataa Xuruuraa).

**Durdurii 44ffaa Namicha Beela'e**

Bara durii namicha beela'e tokkotu ture jedhama. Akka malee beela'ee ooyiruu asheeta baaqelaa qabu tokko arge. itti goree baaqelaa qola isa gubbaa jiru faana nyaate. Beeluun yoo itti furu qola isa gubbaa irraa quncisee nyaatee ammas yoo quufu baaqelaa qola isa midhaan quncisee irraa nyaate. Yemmuu inni nyaatu abbaan ooyiruu dhokatee jalqabaa hanga dhumaatti isa ilaala ture jiraatii akkas jedheen"yaa namichoo baaqelaa kana yoo nyaattu akka isa duraas miti, akka isa boodaas miti ,akka isa gidduutti nyaadhu jedheen" jedhama.(Barataa Naa'ol Dinqaa).

**Durdurii 45ffaa Haadha manaa doqna**

Bara duriitikaaa….Egaatii….dubartii hamtuu qofaa ishee tolfattee nyaattu takkatu turte jedhama. Gaafa tokko abbaan manaa manaa baanan bulluqa godhattee osoo nyaattuu itti deebi'ee dhufe. Inni yoo olseenu "mooqan mooqam " jetteeni innis akkaa aaruu ta'eetoo " anis beekam " jedheeni. "Dhiirri hin dhuguum" jetteen. Innis "anoo hin dhisum" jedheen. Isheenis " gadin naqam" innis "gadi jedheen arraban" jedheen. Isheenis "gadirirritam" jetteen. Innis"gadi sidhitan" jechuun niitii hamtuun hammeenya ishee fudhatte jedhama.(Aaddee Xiggee Abarraa).

**Durdurii 46ffaa Harreefi Waraabessa**

Bara durii harreefi waraabessi wal hin beekaniiti gaafa tokko waraabessi sagalee isaa samii keessaa gadi lakkiseetoo harreen sagalee isaa dhageessee “maal sagaleen akkanatti bareedu jettee. “Maaloo yaa Rabbiikoo kan sagalee akkana bareedu kana samii keessaa gadi naa buusi!..” jetteeni kadhatte.Waaqnis waraabessifi harreen akka walii hin galle waan hin beekuuf waaqni dide. Ammas deebitee cimsitee kadhatte. Waaqnis waraabessa samii keessaa gadi buusee ilmoo isaa jalaa ajjeese. Harreen du’aa gahii ilmoo waraabessaa dhaquuf ijoollee ishee qabattee deemte. Ijoollee ishee wajjin booyicha jalqabdee akkana jettee boossee:

Yeroo fagoo yuustani asuma sagaleen keessani
Halkan yoo deemtan qoreen hin waraanuu miilla keessani
Gurrachas,diimas nyaattani adii dha udaan keessani

Kaleessa hoo nagaa dhaa har’a maaltu argate ilmoo keessani?... jettee boossee yoo xumurtee jettu harreen nagaa dhaamuuf yoo jettu waraabessi morma ishee silliqsee qabe. Ijoolleen harrees kana yoo argan fiigicha yoo keessaa kutan, waraabessi “osoo nagaa natti hin dhaamni deemtuu” jedhee duuba fiigee dadhabee ijoolleen daa’ima waan ta’aniifu fiigichaan qabuu hin dandeenyeetii “beenaa isinis boru kiyyumaa “ jedhee gaggeesse waraabessi harroota jedhama.(Obboo Atoomsaa Gurmuu)

**Durdurii 47ffaa Jara sadan**

Bara durii namoota saditu waliin turan. Inni tokko beekaadha, tokko immoo arjaadha, inni sadaffaan goota turan. Osoo karaa deemanuu bosona yabbuu tokko bira gahanii aduun itti dhiitee leencootni hedduun bosona keessaa itti yaa’anii dhufanii “asi maal gootu nuti nama qa’ee keenya dhufe hin dhiisnu ni nyaanna” jedhaniin. Namichi inni beekaan nu nyaachuu keessan dura waliin mar’anneti nu nyaattuu duraa ni mari’anna” jedheni. Jarreen sadeenis waliin marii calqabanii; namichi inni gootaa “maal abbaashi isaan gabbarra! humnaan ofirraa dhorkina” jedheni. Inni arjaan “tokko kenninee lamaan keenya galla “jedhe, inni beekaan immoo “ nutis biyya keenyatti mootiidha mootii kan ta’e haadhiyaatutii akkataa mootummaa biyya isaa nuttaa himu “ jedheeni leenconnis “ana tu mootii ta’a…, anatu mootii ta’a.., “ jedhanii otoo waliin morman biiftuun barii mul’attee jarreen sadanis eessanii jalaa bahan jedhama.(Barataa Taaboree Abbabaa).

**Durdurii 48ffaa Namoota sadan**

Bara durii namoota sadi ta'aniiti intala namicha tokko fuyuchuuf kadhatan . inni kadhate tokko goota, inni lammafa immoo lugna yookiin sodaataadha. Inni sadaffaan gamna turan. sadanuu guyyaa adda addaa waraqaa kennaa intalaa ittiin gaafatan ergatani. Abbaan intalaas waan godhu dhabee namoota jaarsolii safaraa walitti waammatee mariisifate. Isaanis dabaree dabareedhaan yaada kennaniifi jaarsi inni tokko isa gootatii hin kennini yeroo hunda gootummaan itti dhagahamee namni dhahee ajjeesaa jedheeni. Jaarsi inni biraa immoo gootaafi lugnaa hin kennini lachanuu hin ta'ani goota kan ta'e gootummaa isaatti namaan walolee namni isa jibbaa lugni immoo waanuma arge sodaatatii gamnatti heerumsiisi gamni gargaarsa sii ta'aatii jedhaniin jedhama.(Barattuu Obsee Isheetuu).

**Durdurii 49ffaa Mootii Hamaa**

Bara tokko mootii hamaa tokkotu biyya bulchaa ture jedhama. Mootiin kunis waan inni hojjate hundaaf akka uummanni harka isaa rukutu ajajee barbaada ture . Guyyaa gaaf tokkoo osoo inni nana fincaanii dhaqee fincaan fincaa'uu furtuun balbala isaa kiisii keessaa konkolaattee mana fincaanii keessa jalaa buute. Tajaajiltoota isaatiin wadaroo miilla kiyyatti na hidhaatii mana fincaanitti gadi naqabaatii akkan gadi itti hin buune wadaroo miila kootirra sirritti naa qabaa jedhee mana fincaanitti gadi jedhee furtuu fudhachuuf yoo jedhu manni fincaanii itti ciinca'ee ixxiffachisnan jarris wadaroo gadhisanii harka yoo rukutan mootichi mana fincaanitti gadi kufee du'e jedhama.(Obboo Lammeessaa Hordofaa)

**D. Durdurii 50ffaa Namoota sadan(Tollaanoo, Hamofi fi Gaarofi)**

Bara durattikaa,..durii…, namoota sadi ta'anii karaa waliin deemaa turan. Maqaan isaanii tokko Tolaannoo, Hamofiifi Gaarofii jedhamu. Osuma deemanuu,deemanuu …., Tolaannoon biraa dadhabee karaatti biraa hafe. Lamaan isaanii Hamofiiniifi Gaarofiin gala Gaarofii nyaatanii fixanii beela'anii akkasumaan osuma deemanuu, deemanuu,… Garofiin," kan koo nyaannee wajjin finnee amma gala kee nu kennikaa?" jedheeni kadhate.Hamofiin Gaarofiin "lakkii galaa koo sii hin kennuu ija kee tokko balleesseen si gurshaa tokko si kenna malee" jedheen. Innis baay'ee waan beela'eef "ija koo tokko na ballee'ssi na gurshikaa" jedheeni ija isaa tokko balleessee gursheeni. Ammas yoo xiqqoo deemanii jedhan "nuu kenni ni nyaannaa" jedheeni. "Ija kee haften balleesse gurshaa tokko si gursha "jedheeni ija isaa tokko haftes balleessee

gurshaa tokko gurshe. Namichi ija lachuu bade tam ,.. tam,.. jechaa osoo deemuu itti lixxee laga bira gahanii inni ija qabu gatee biraa deemee inni ija hinqabne muka koree mukarra bulee yeroo kana seexanoonni muka sana jala walgahii taa'anii mari'atan, callisee dhageeffataati. Seexanoonnis akkana jedhani mar'atan." laga goge korma muxaa yoo itti qalan ni yaa'a, nama ijji badeef baala ija fayyisu maqaa dhahani, nama bofni hidde kanatu fayyisa" jedhanii mari'atani walitti himanii seexanoonni walgahii xumuranii ka'ani. Bariituu Gaarofiin namni bosona keessa muka muratu tokko dhufnaan yoo achiin darbu shokokii miilla namaafi sagalee namaa dhagahee"maalooyaa namicha baala maqaa akkanaa jedhamu kutii naa fidi" jedheeni namicha kadhatee namichis kutee kenneefi ija isaa yoo dibatu ijji lamaanuu ifaniifi biyya sanatti immoo lagni gogee uummanni rakkatani jiraan argee.Innis "laga bishaan goge isiniif maddisiisaa maal naa gootu" jedheeni gaafate.

Mootiin biyya sanaa " dhuguma laga goge yoo nuu maddisiisite lafa wantaa tokkon siif kenna jedheeni waadaa galeefi.Innis "korma muxaa qopheessatii itti qalaa" jedheeni korma muxaa barbaadani qopheessani itti yoo qalan lagni goge yaa'ee Gaarofinis lafa wantaa tokko argatee, ammas intala mootii bofni hiddee duu'te Gaarofin qoricha nan fayyise, intala mootiis mootichi akka Gaarufiin fuudhu kenneefi fudhee osoo taa'uu namichi ija isa balleese sun Hamofiin hiyyoomee kadhaa mana Gaarofii dhufe. Innis ol seensisaa jedhee uffata ciccitaa irraa baasee gaabii adii itti uffisee ,nyaata gaarii kenneefi bulchee yoo jedhu.Hamofiin haala hunda ilaalee "ati Gaarofiidhaa?"jedheeni gaafate. "eeyyeeni ani Gaarofiidha" jedheeni Gaarofiinis "atis Hamofii mitii?" jedheeni gaafate.

Hamofiin balleessaa isaa yaadatee, "Ija kee akkamitti fayyiteree?"jedheen. Gaarofiinis "guyyaa nutti lixxee nagattee deemte sana waanan godhu dhabeetan sodaadhee muka guddaa tokko koree bule. Edaa mukni sun kan seexanoonni walgahii itti gaggeeffataniiti halkan gaafa sana muka sana jala seexanoonni walgahii taa'anii marii yoo mari'atan ana nan argineeti akkana jedhanii mari'atan,"nama ijji isaa bade baala akkanaa yoo dibate ni fayya; kan biraa immoo laga bishaan irraa goge kormi akkamii akka qalamu himani, nama bofni hiddeef waan godhamuu hundaa mari'atanii" ka'an. Anis suuta jedheen dhaggeeffachaa ture. Ija kiyyaafis qoricha argadhee fayyee, biyya kanatti lagni gogeeti ani korma qalamu itti himeetiin lafa wantaa tokko naaf kennan, intala mootii bofni hiddee ajjeefnan qoricha jedhaniin fayyise, mootiin biyya kanaa qabeenya naaf kenne, intala isaa duutee fayyise sanaas nafuusise.Akkanatti Waaqayyo naaf kenne." jedhee Gaarofiin Hamofitti hime.

Gaarii yoo hojjatan gaariin akka nama muudatufi hamaas yoo hojjatan hamaan akka nama eeggatu Gaarofiin Hamofii hubachiis ekeessumeessee gaggeesse. Hamofiin kana dhagahee ka'eetoo bakka Gaarofii dur itti gate sana deeme dhaqee akka Gaarofittan durooma jedhee ija isaa lamaan of balleessee muka Gaarofiin rakkattee koree taa'e sana koree taa'ee seexanoota eege. Seexanonnis dhufanii walgahii taa'anii otoo mari'atanuu akkana jedhan, "walgahii keenya durii tokko keessatti kan mari'anne keessaa: nama bofni hiiddee yoo ajjeese qori'chi kana jennee dubbanne, laga gogeef korma akkanaa qalama ni yaa'a jenne dubbanneefi nama ijji badeef baala akkanaatu ta'a jenne hunda kan mari'annee kana eenyumatu qoricha keenya kana nu jalaa baase hime?" jedhanii yoo walgaafatan, Hamofiin dhaggeeffatee mukarra taa'ee "Gaarofidhamee kan isin jalaa baasee waa hunda ittiin godhate" jedhee yoo dubbatu,mukarratti isa ilaalanii muka koranii kukkutanii isa gatan. Hamofiin akkanatti hammeenyuma isaatiin ammas du'e hafe kanaan egaa gaaroofiin gaarummaa isaatiin arjoomee, hamofiin hammeenyummaa isaatiin galgalli isaallee badaa ta'e jedhama.(Obboo Fayyeeraa Galaalchaa)

**Durdurii 51ffaa Qononashiifi Abbaa Awwadaay**

Oduu durii…. Gadi guurii … Bara durii abbaa manaafi Haadha manaatu qoteebulaa turaniti abbaan manaa halkan ka'ee qotiyyoo qotiisaa kaloo dheechisuu addeessaan halkan sa'aatii kudhanitti yaasee tiksee bariituu ittiin qotuuf jedhee funaansisuu bahe. Haati manaa isaatis immoo yoo inni tiksa bahu kana hin raftuutii isheenis halkanuma san kaatee waan dheeyyanaa nyaata isaanii ta'u xaafii daakti dur.. kaa… manni baaburaa hin jiruuti. Yoo jiraateillee baay'ee fagoodhaa harkaan daakanii nyaata qopheessu namoonni durii, maabaraillee baasuti… egaa osuma lachan isaanitu hojii kanatti halkaniin bobahanii jiranuu Abbaa Awwadaaykan jedhamu seexana dhirsaati ,Haati Awwadaay seexana niititi isaanis irsaafi niitiidhati,… Qononash immoo maqaa waraabuti,… egaa akkanakaa…. Haati Awwadaay haadha manaa midhaan halkan sana daakaa jirtu jalaa muroo qabattee wafcii yookiin daakaa jala teessee daakuu isheen daakkattee salabaa yookiin hataa jirti ,…egaa seexanni namatti hin mul'attuuti haati manaa hin agartuuti kan isheen daakte murootti inuma jalaa haratti akkanumaan Abbaan Awwadaay laga keessa jiraati … Qononashis laga keessaa yuusee Abbaa Awwadaay ari'ee jiraati abbaan manaa Qononashfi Abbaa Awwadaay sodaatee qotiyyoo isaa ooffatee ol deebi'ee haadha manaa isaatiin" Qononash Abbaa Awwadaay laga keessa ari'aa jira kanafan sodaadhee ol deebii'e" jedheeni.

Haati Awwadaay muroo qabattee daakaa jala teessee midhaan daakuu jalaa salabaa jirtu yoo abbaan manaa yoo akkana jedhee haadha manaa isaatti himu rifatteetoo ixaan ishee harkaa bu'ee abbaa Awwadaay Qononash ari'aa jira jennan rifattee muroo ittiin daakuu salabaa jirtu daakuu wajjin achumatti gattee kaatee deemtee abbaa manaa ishee kan ta;e Awwadayif rifattee waan hataa turte gattee deemte bifaanis, qaamanis seexanni mul'atte jedhama. (Aaddee Xiggee Abarraa)

**Durdurii 52ffaa Ilma Hantuutaa**

Dur.. kaa ka'aniitoo abbaan manaafi haati manaa hantuutaa ilma isaanii fuusiisuuf yaadan jedhama. Ilmoo baay'ee qabu turaniiti isaan keessaa hantuuta adii tokko sanyii aduutti fuusisuu barbaadanii ka'anii intala aduu kadhaa mana aduu dhaqanitoo intala kee ilma keenyaaf nuu kenni jedhanii gaafatan.Aduun "Ani hamma Urjii hin gahuutii Urjiin na caalaatii dhaqaa intala urjii gaafadhaa jettee urjiitti ergite. Urjii bira dhaqanii urjii gaafatan, Urjiin immoo "Ani akka duumessaa cimaa mitii "jettee duumessatti ergite. Duumessa bira dhaqan. Duumessis"Ani hamma qilleensaa hin gahuutoo intala qilleensaa fuudaa " jedheeni. Qilleensisi "Ani danda'ee tulluu hin dhiibuu, isatu na caala dhaqii intala isaa fuudhaa " jedhee tulluutti erge. Mana tulluu dhaqanii gaafatani tulluunis "Ani hamma tuqaa hin gahuu kan mana koo na jalaa diigu isaa isa bira dhaqaa intala tuqaa fuudhaa " jedheetoo garuma mana ishee durii ganamaatti deebise jedhama.(Obboo Lammeessaa Hordofaa)

**Durdurii 53ffaa Marii Booyyeefi Sa'aa**

Oduu durii…., gadi guuri akka jaarsa durii,….., bara durii ka'aniitoo booyyeefi sa'attiin daanditti walitti dhufani. Achumaan booyyeen sa'a gaafiin qabattee akkana jetteeni," siifoo waaqatu siitole warri kee dallaatti sii galchanii bakka ciuisichaakee siif qopheessuu ana maaliifin gadi na ari'atuu?" gaafatte. Sa'attiinis, "akka faayidaa kootti kunuu natti xiqqaata: maaliif yoo jette aannan koo ganamaa galgala ni elmatu, ilmoon dhale naduraa fudhaniiti gurguru, guddifatu, foon koo ni nyaatu, gaafa kootiin ni dhugu , kan kiyya maalan himee maalan dhiisa kan anarraa argamu bakka hin lixne hin jiru. " jetteen booyyeedhaan. Booyyeenis deebisee maali kan koos foon koo ni nyaatu mitii "jennaaniin" lakkii ati foon kee gaafa duutu kennitaafi " jetteen sa'attiin jedhama.(Barataa Caalaa Badhaasaa).

**Durdurii 54ffaa   Leenca Cimaa**

Oduu durii…., Gadi guurii…., akka jaartii durii,...Leencafi waraabessatu osoo deemaa jiranuu wal argani. Achumaan waraabessi leencan " Obboo guddaa maal nyaattaniitoo akkanatti cimtanii?" jedhee gaafate. Leencis "foon diiminaafii foon dheedhiin nyaadhee cime. Ani akka kee raqa hin nyaadhu ." jedheeni. walumaan osoo deemanuu waraabessi booda, booda deemati harree duutuu takka argatee duubatti hafee nyaata. Leenci of duuba garagalee yoo ilaalu hin jiru. Achumaan leencis kuruphee qabatee osoo nyaachaa jiruu waraabessi  fiigee qaqabatee. Leencis "eessatti hafte?"  jedhee gaafannaan waraabessi" fira koo argeen dubbisaa ture"  jedheen. Leenci " koottuu nyaadhu kaa" jedheen. Waraabessi " boodan nyaadha" jedheeni. leencis "booda foolii fuutuu raqa kee nyaadhukaa" jedheen jedhama.(Barattuu Siifan Waaqjiraa).

**Durdurii 55ffaa Namaafi Bulguu**

Oduu durii…., Gadi guurii akka jaarsa durii…, bara durii Bulguun namatti hammaatee jennaan namni qofaa isaa mana keessa jiraachuu ni sodaata ture, Haa ta'u malee, gaafa tokko dubartiin takka qofaa ishee mana keessa  teessee abiddaa qaqqammachaa osoo jirtuu bulguu manatti itti ol seene sodaattee akkas jette.

Qoraan garmalee abiddatti naqattee uffata ishee baafattee qullaa  ishee abiddarra bargaafattee dhaabattee " yaa waaq kanoo situ natti uumee kana immoo maaltu natti fuudhe"  jette.

Bulguun immoo afoo yaabbatee ta'ee dhaggeeffata. Yommuu isheen raftu achitti nyaachuuf jedhee. Dubartiin sun immoo sanyoon ishee yemmuu dhufee balbala rurrukutee " jimee bookaa"….., Jimee bookaa……,  mana naaf bani jedhu.Isheenis "Jaarsi Bulguu tokko afoorra jira gara borootti jedhii gimgimi naaf godhi" jettee sana booda namichi mana aseenee bulguu waliin reebanii ajjeesan jedhama.(Obboo Lataa Xuruura)

## Ibsa

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta’uu isaafi kanaan dura yuunivarsitii kamiyyuu qorannoo eebbaaf hin dhiyaanne ta’uu isaa, akkasumas, Wabilee qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta’een fudhadhe, wabii keessatti kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa ___________________________________________

Mallattoo________________________________________

Guyyaa_________________________________________

Waraqaan qorannoo kun qorumsaaf akka dhiyaatu kanan mirkaneesse ta’uu koo nan beeksisa.